

Seensa Moojulichaa

Mojuliin kun Koorsii Seensa Hariiroo hawaasaa (Introduction to public relation/ AFOL 4134) yoo ta’u, barattoota Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo barataniif kan qophaa’eedha.

Mojulicha keessatti yaadrimeen hariiroo hawaasaa maal akka ta’ee fi Hiikkaawwan ogummichaaf hayyootaa fi dhaabbilee garaa garaatiin kennaman ibsamani jiru. Akkasumas, seenaan dagaagina ogummaa hariiroo hawaasaa fi adeemsaaleen gurguddoon hojiin hariiroo hawaasaa keessa darbus bal’inaan dhiyaateera..

Dabalataanis, Yaadrimeewwan gurguddoon akka: caaccuule hariiroo hawaasaa, gaaga’ama too’achuu, haasawa taasisuu, hariiroo hawaasaatiif barreessuu fi dandeettiiwwan bu’uuraa ogeeyyota hariiroo hawaasaa irraa eegamuu fi naamusni ogummichaaf barbaachisu maal akka ta’e moojula kana keessatti hammatamaniiru.

Walumaa galatti, mojuulli kun erga baratamee barattoonni Yaadrimee Hariiroo hawaasaa gadi hubataniifi darbees ogummaa hojii hariiroo hawaasaa gonfachiisuudhaaf kan qophaa’eedha..

Boqonnaa 1

Hiikkaa fi Yaadrimee Hariiroo Hawaasaa

(Definition and concepts of public relation)

Seensa

Boqonnaa kana keessatti hiikkaawwan Hariiroo Hawaasaa hayyootaa fi dhaabbilee qunnamtii hawaasaa garaa garaatiin kennaman bal'inaan kan ilaalaman yoo ta'u, Akkasumas ruqoolee, hojiiilee, akaakuuwwan hawaasa Hariiroo hawaasaa fi senaan guddina hojii Hariiroo hawaasaa fi Yaadrimeewwan hojii Hariiroo hawaasatiin wal fakkaatanii kanneen akka:- Gaazexeessummaa, Dhaadhessa fi daladala beeksisuu bal'inaan ibsamu.

Kaayyoo boqonnichaa

Xumura Boqonnaa kanatti barattoonni:-

- Hariiroo hawaasaa maal akka ta'e hiika ni kennu.
- Yaadrimeewwan hojii Hariiroo hawaasatiin wal fakkaatanii fi hojii Hariiroo hawaasaa irratti hubannoo ni aragatu.
- Seena guddina hojii Hariiroo hawaasaa ni hubatu.
- Moodeloota Hariiroo hawaasaa garaagaraa addaan baasanii ni hubatu.

1. Hiikkaa fi Yaadrimee Hariiroo hawaasaa

Hariiroon hawaasaa hojii yeroo dhiyootti akka ogummaatti eegaleedha. Hojiin Hariiroo hawaasaa akka ogummaatti osoo adda hin bahin dura hojiiileen akka pirooppaagaandaa fi beeksisuu (publicity) bu'uura ogummaa Hariiroo hawaasaati jedhamu. Haa ta'uu malee, hojiiileen kanneen hawaasa keessatti bu'aa fooyyee mul'isaa hin turre. Sababni isaas namoonni hojiiilee kanneen hojjatan ogummaawwan akka Gaazexeessummaa, dhaadhessaa fi hojii beeksisuu irratti hubannoo hin qaban turan.

▪ **Hariiroo hawaasaa jechuun maal jechuudha?**

Yeroo yerotti Hariiroon hawaasaa hayyoota garaagaraatiin hiikni garaa garaa itti kennamaa ture. Hiikkaawwan hedduun kennaman kunneen qabxiilee sadan irratti kan xiyyeeffataniidha. Isaanis: - hojiiilee irra caalatti ogeessonni Hariiroo hawaasaa hojjatan, Dhiibbaa hojii Hariiroo hawaasaa fi hojiin Hariiroo hawaasaa akkamitti hojjatamuu akka qabu irratti kan xiyyeeffatamemeedha.

Alison Theaker akka ibsitutti Hariiroo Hawaasaa jechuun salphumatti “Hawaasa wajjiin hojjachuu” jechuudha. Hiika kana keessatti hojiin Qunnamtii hawaasaa ummata wajjiin kan hojjatamu ta’uu gabaabumatti haa ibsamuu malee hayyoonnii Dhaabbileen garaa garaa hiika Hariiroo Hawaasaa adda addaa barreesaniiru.

Barsiisaa fi hundeessaan dhaabbata hawaasa Hariiroo hawaasa Ameerikaa kan ta’e, hayyichi Hariiroo hawaasaa Rex F. Harlow jedhamu qaamolee garaa garaa fi hoggantoota dhaabbilee garaa garaa hiika isaan Hariiroo hawaasaatiif kennan hedduu funaanuun hiika armaan gadii kaa’eera.

“Public relations is a distinctive management function which helps establish and maintain mutual lines of communication, understanding, acceptance and cooperation between an organization and its publics; involves the management of problems or issues; helps management to keep informed on and responsive to public opinion; defines and emphasizes the responsibility of management to serve the public interest; helps management keep abreast of and effectively utilize change, serving as an early warning system to help anticipate trends; and uses research and ethical communication techniques as its principal tools.” (Alison Theaker, 2002:3)

Akka hiika kanaattis hojiin Hariiroo hawaasaa hojii hoggansaa qunnamtiin isaa kallattii lamaan (hawaasaa fi Dhaabbata giddutti) ta’ee fi wal hubannoo waliinii uumuun fudhatamummaa fi waliin hojjachuun hawaasa fi dhaabbata tokko gidduu akka jiraatu taasisuudha. Akkasumas hoggantoonni dhaabbata tokko odeeffannoo argchuudhaan fedhii hawaasa dhaabbatichi keessatti argmuu san guutuuf kan gargaaruu fi hoggantoonni dhaabbatichaa jijjiirama fiduuf

akka carraaqanii fi rakkoowwan mudatanis furuudhaan qorannoowwan garaa garaa gaggeessuu fi qunnamtii seera qabeessa ta'e akka adeemsisaniif kan dandeessisuudha.

Kana keessattis hojii hoggansaati wayta jennu dhimmootaa fi rakkoolee garaa garaa mudatan hawaasa Hariiroo hawaasaa nannawa dhaabbata sanaa jiru wajjiin ta'uudhaan marii gaggeessuudha.

Cutlip, Centre fi Broom (1994) akka ibsanitti Hariiroo Hawaasaa jechuun hojii hoggansaa hariiroo dhaabbata tokko fi ummata dhaabbatichi sun milkaa'uu fi akka kufuu danda'u murteessu giddutti faaydaa waliinii eegsisuuf hojii hojjatamuudha. Akkasumas Hariiroon Hawaasaa hojii Adeemsi isaa kal-lamee (two-way process) hawaasaa fi Dhaabbata tokko gidduutti raawwatamuudha. Gama biraatiin hojiin kun faaydaa waliinii eegsisuuf hojjatama wayta jedhamu hojii Qunnamtii kana keessatti Qaamni lamaanuu jechuun Hawaasni fi Dhaabbanni hawaasa sana keessatti argamus akka hirmaataniidha kan ibsu.

Hawaasni Hariiroo Hawaasa Ameerikaa (The Public Relations Society of America /PRSA) akka ibsutti, hojiin Hariiroo hawaasaa garee fi dhaabbata tokko giddutti hubannoo waliinii uumuudha. Ibsa kana keessattis hojiin Hariiroo hawaasaa ummataa fi dhaabbata tokko giddutti hojii dhaabbatichi hojjatuu fi Akkasumas ilaalchi hawaasni dhaabbata san irratti qabu irratti hubannoo waliinii uumuuf kan hojjatamu akka ta'eedha kan ibsu.

Dhaabbanni Hariiroo Hawaasaa Biriitish (The British Institute of Public Relations (BIPR)) akka hiikutti "Hariiroo Hawaasaa jechuun, hojii karoorfamee fi itti fuufiinsa qabu kan dhaabbata tokko fi ummata/hawaasa isaa giddutti hubannoo waliinii uumuuf hojjatamuudha". Hiika kana keessattis hojiin Hariiroo hawaasaa itti karoorfamee galma yaaddame bira gahuuf hojii hojjatamu fi akkasumas hojii itti fuufiinsa qabu kan kaayyoo qabame tokko bira osoo hin geenye dhaabbachuu hin dandeenyu akka ta'eedha kan ibsu. Akkasumas, hojii kana keessatti ogeessi Hariiroo Hawaasaa tokko hanga kaayyoo dhaabbatichi qabate sana galmaan gahutti hojiin Hariiroo hawaasaa akka itti fuufiinsaan hojjachuu qabuudha kan ibsu.

Akkasumas dhaabbanni “UK Chartered Institute of Public Relations (CIPR)” hariiroo hawaasaa akka armaan gadiitti hiikee jira.

“Public relations is the discipline which looks after reputation, with the aim of earning understanding and support and influencing opinion and behaviour. It is the planned and sustained effort to establish and maintain goodwill and mutual understanding between an organization and its publics.”

Hiika armaan olii keessattis hojiin hariiroo hawaasa damee ogummaa Maqaa garii ijaaruuf hojjatamuu fi wal hubannoo uumuudhaan amalaa fi yaada namootaa jijjiiruun kan ittiin danda’amuudha. Gama biraatiin hariiroon hawaasaa hojii itti karoorfamee fi itti fufiinsaan raawwatamuu fi wal hubannoo waliinii Dhaabbata fi hawaasa giddutti uumuu danda’uudha.


Dabalataan Alison Theaker (2002) kitaaba ishii keessatti Wilcox fi kanneen biroo (1992) waabeffachuudhaan akka ibsitutti “Hariiroon Hawaasaa hojii Hoggansaa Dhaabbataa fi Hawaasa tokko giddutti walitti dhufeenya, hubannoo, fudhatama fi Akkasumas qindoomina gaarii uumuudhaaf hojii hojjatamuudha. Akkasumas Hariiroon Hawaasaa Aartii fi saayinsii hawaasaa dhimmoota Dhaabbataa fi hawaasa dhaabbatichaa sana fayyadamoo taasisan raagu/tilmaamuu, qaaccessuu fi akkasumas hojii irra olmaa karoora dhaabbatichi qabate irratti hoggantoota dhaabbatichaa gorsuu fi too’achuuti”. Ibsa kana keessattis hojiin Hariiroo hawaasaa ‘Aartiidha’ yoo jedhamu, hojichi dandeettiwwan ciccimoo akka barreessuu, Afaan sirriitti danda’uu, hawaasa fulduratti dubbachuu fi kkf. kan of keessaa qabudha. Saayinsii hawaasaati yoo jedhamu, hojii Hariiroo Hawaasaa keessatti haalaa fi amala hawaasa dhaabbata tokko qorachuudhaaf qorannoo xiinsammuu (psychological analysis) kan keessatti gaggeeffamuu fi akkasumas ogeeyyonni Hariiroo hawaasaa dhaabbata isaanii ilaalchisanii hawaasa naannawa dhaabbatichaa jiruu fi kanneen biroo irratti qorannoowwan garaa garaa kan gaggeessaniidha.

Hiikkaawwan Hariiroo hawaasaa hedduu namootaa fi dhaabbileee garaatiin barraa’anis, hiikkaawwan armaan olii kennaman irratti hundaa’uudhaa maalummaa hojii Hariiroo hawaasaa qabxiilee ijoo hiika isaa keessatti ilaalle irratti hundaa’uun akka armaan gadiitti qaaccessuu ni dandeenya. Hariiroon Hawaasaa:-

- ❖ *Hojii hoggansaati.* Galma gahiinsa Kaayyoo dhaabbata tookkootiif hojiiilee hojjataman kara qidoomina qabauun raawwatamuu qabu.
- ❖ *Hojii Qunnamtiin odeeffannoo (information communication) isaa kal-lamee (two way process) ta'eedha.* Kana jechuuns yaa'insi odeeffannoo hojii Hariiroo hawaasaa kallattii tokko qofaan qaaama tokko irraa isa biraatiif kan darbuu osoo hin taane, Qaamni lamaanuu waliin dubbachuudhaan yaadaa fi yaad-deebii (feedback) jiru waliif kennaa kan deememuudha.
- ❖ *Hojii itti karoorfamee fi itti fuufiinsaan raawwatamuudha.* Kunis hojiin Hariiroo hawaasaa hojii akka tasaatti hennasuma raawwatamee xumuramu osoo hin taane, hojii bal'aa karoora tarsiima'aa barbaadu fi hanga galma barbaadame bira gahamuuf hojjatamuudha.
- ❖ *Hojii hariiroo qaama lamaan (ummataa fi dhaabbata) gidduttii hubannoo waliinii uumuuf fi faaydaa waliinii eegsisuuf hojjatamuudha.* Hojiin Hariiroo hawaasaa qaama tokko miidhaa qaama biraa fayyaduuf kan hojjatamu miti. Kana jechuunis hojjichi Qaamni lamaan waliin dubbatanii wal hubannoo waliinii gidduu isaaniitti uumuudhaan faaydaan qaama lamaniifuu akka eeggamuf hojii hojjatamuudha.
- ❖ *Hojii maqaa gaarii dhaabbata tokko eegsisuuf hojjatamuudha.* Hojiin Hariiroo hawaasaa haala qindaa'aa fi tarsiima'aa ta'een yoo hojjatame dhaabbanni tokko hawaasa isaa biratti fudhatamummaan fi maqaa gaarii akka horatu kan godhuudha.

1.2 Rakkoowwan Hariiroo hawaasaa

Akka Hunt fi Gruing ibsanitti, rakkooleen Hariiroo hawaasaa yoo uumaman bu'aan rakkinichaan dhufu hawaasaa fi dhaabbata iillee gama lamaaniinuu ni miidha. Rakkooleen yeroo garaa garaatti uumaman kunneen dhaabbileen garaa garaa kutaa Hariiroo hawaasaa akka qabaatan taasisaniiru.



Fakkii 1. Adeemsa hojii Hariiroo hawaasaa dhaabbata (organization) keessatti.

Akka fakkeeniyatti Dhaabbileen garaa garaa rakkoolee armaan gadii uumuu dandanda’u:-

- Durgoo oolmaa hojjattoota ofii hir’isuun fi hojii qulqullina hin qabne hojjachuu
- Omisha qulqullina hin qabne omishuu
- Naannoo faaluu
- Fedhii ofii guuttachuuf Murtee mootummaa fudhachuu dhabuu
- Hospitaalonna mallaqa baay’ee kafalchiisuu fi tajaajila qulqullina hin qabne kennuuf
- Manneen barnootaa haala qulqullina qabuun barumsa kennuuf dhabuu.

Hawaasni dhaabbilee kanneen irraa fayyadamu rakkoolee armaan olii kanneen yoo arge murteewwan armaan gadii murteeffachuu danda’a.

- ▶ Hojiilee daldalaa dhaabbatichaa miidhaa isaan irraan geessaa jiru irratti mootummaaf oliyyannoo dhiyeessuu danda'a.
- ▶ Meeshaalee gurgurtaaf dhiyaatan bituu dhiisuu.
- ▶ Haala kafaltii gibiraa irratti jeequmsi uumamuu.
- ▶ Hospitaalota deemuu dhiisuu.
- ▶ Ijoollee ofii manneen barnoota birootti erguu.

Murteewwan armaan olii Hawaasni fudhatu Dhaabbileen hawaasa wajjiin hariiroo gaarii uumuu dhabuudhaan kan raawwatamaniidha. Kana keessatti, hojiin Hariiroo hawaasaa cimaan hojjatamee agarsiistonni armaan olii bu'uura rakkoo ta'an xiyyeeffannoodhaan irratti hojjatamuu qaba. Kanaafuu, ogeessonni Hariiroo hawaasaa dhaabbata tokkoo hoggansa dhaabbatichaa fi hawaasa dhaabbatichaa qunnamuun qaama lamaan gidduu wali hubannoo waliinii akka jiraatu taasisuun rakkoowwan garaa garaa karaa qorannoowwaanii fi gorsa garaa garaa yeroo yerootti kennuun furuu ni danda'u.

1.3 Miidhaa fi faaydaa Hariiroo hawaasaa

Hojiin Hariiroo hawaasaa hawaasa keessatti faaydaalee hedduu kan qabu fi hawaasa keessatti jiruu fi jireenya hawaasaa keessatti jijjiirama guddaa fidee jira. Haa ta'uu malee, hojiin kun akkuma faaydaalee hedduu qabu miidhaawwan muraasas qaba. Akka Wilcox, Ault fi Agee ibsanitti hojichi yeroo baay'ee miidhaa isaa irra faaydaan isaa waan caaluuf miidhaawwan isaa irratti xiyyeeffannaan hin kennamu. Kanaaf, yeroo tokko tokko hojichi wayta miidhaa geessus ni mul'ata.

1.3.1 Faaydaawwan hojii Hariiroo hawaasaa

Hojiin Hariiroo hawaasaa dhugaa irratti bu'ureeffamee waan hojjatamuuf hawaasa keessatti bu'aa guddaa fidee jira. Mootummoota, sirna diinagdee fi dhaabbileen garaa garaa hawaasa bal'aa isaanii wajjiin Walitti dhufeenya gaarii akka qabattaniif shoora olaanaa bahaa jira. Keessumattuu Walitti bu'iinsi/wal dhabdeen akka hin uumamnee fi abbootiin qabeenyaa hojii isaanii haalaan akka gaggeeffatanii fi Akkasumas hawaasaaf carraan hojii akka banamuuf

gahee guddaa qaba. Qabxiileen armaan gadii faaydaawwan hojii Hariiroo hawaasaa keessaa isaan muraasa:-

- Hawaasa keessatti wal dhabdeen ykn Walitti bu'iinsi akka hin uumamnee fi Gufuuwwan misoomaa garaa garaa akka hin mudanneef faaydaa qaba.
- Hawaasni fedhii fi hawwii isaa qaama dhimmi ilaallatuuf akka ibsatuuf haala mijaa'aa uuma.
- Walitti dhufeenyi gaariin hawaasaa fi dhaabbata tokko gidduu akka jiraatu fi wal hubannoo waliinii uumuudhaaf.
- Hawaasni odeeffannoo faayda qabeessa jiruu fi jireenyaa isaani jijjiiruu danda'u akka argataniif gahee qaba.
- Walitti dhufeenya/hariiroo hawaasa gidduu jiru keessatti odeeffannoowwan garaa garaatiin tasgabii hawaasaa akka hin dhabamne gochuuf.
- Hawaasa keessatti jijjirama fiduuf. Jijjiiramni tokko dhufuuf gufuuwwan garaa garaa keessa kan darbamuudha. Gufuuwwan kannneen keessa darbuuf immoo hojiin Hariiroo hawaasaabarbaachisaadha. Jijjiiramoota garaa garaa hawaasa keessatti fiduuf hojiin Hariiroo hawaasaa murteessaadha. Fakkeenyaaf, ilaalcha hawaasaa Dhimma karoora maatii irratti qabu jijjiiruuf fi miidhaa baay'inni ummata qabu hawaasa hubachiisuuf hojiin qunnamtii hawaasaa gaariin hojjatamuu qabu.

Gama biraatiin Wilcox, Ault fi Agee faaydaalee hojii Hariiroo hawaasaa armaan gadii barreessanniiru:-

- Ogeessonni Hariiroo hawaasaa hawaasa wajjiin wal tajjiiwwan garaa garaa uumuudhaan yaada fi fedhii hawaasaa xiinxaluudhaan hawaasa wajjiin akka hojjataniif.
- Hawaasa haala garaa garaa qabuu fi iddoo garaa garaa jiraatu ogeessonni Hariiroo hawaasaa fayyadaniiru.

Barreesitoonni kunneen akka ibsanitti hojiin Hariiroo hawaasaa karaa naamusa fi cimina qabuun yoo hojjatame bu'aan inni kennu daangaa hin qabu.

1.3.2 Miidhaawwan hojii Hariiroo hawaasaa

Hojiin Hariiroo hawaasaa akkuma faaydaa hedduu qabu miidhaawwan muaraas ni qaba. Yeroo tokko tokko ogeeyyonni Hariiroo hawaasaa odeeffannoowwan dhugummaan isaanii laafaa ta'e hawaasaaf dabarsuudhaan hawaasaaf hubannoo uumuu caalaa wayta isaan hubannoo duraan hawaasni qabu balleessantu mul'ata. Gama biraatiin, odeeffannoowwan qabatamummaa hin qabne hawaasaaf dabarsu. Kun immoo Hawaasni odeeffannoo dogoggoraatiin murtee sirrii akka hin fudhanne taasisa. Kanaanis ogeessonni Hariiroo hawaasaa yeroo baay'ee qeeqamu.

1.4 Ogummaa hojii Hariiroo hawaasaa keessatti

Namoonni baay'een yaadrimee ogummaa jedhu kan hubatan hojii tokko hojjachuudhaan kafaltii ittiin argachuu fi hojii tokkotti abboomuu ykn hojjataa hojii sanii ta'uudha. Haa ta'uu malee, saayintistonni hawaasaa yaadrimee ogummaa (profession) jedhu dhiphisanii ilaalanii jiru. Kunis ogummaa wayta jennu ogeessi tokko haala/naamusa fi dirqama ogummaan isaa barbaadu hundaa bahuudhaan hojjachuu qaba. Fakkeenyaaf, Doktoriiin ogummaa deessisuu qabu halkanii fi guyyaa osoo hin jedhin haawwan ulfaa nagaan akka ilmoo dahaniif hojjata. Kana keessatti dirqama ogummaan isaa isarraa eegu baheeraa jechuudha.

Qabxiileen armaan gadii isaan ogummaa hojii fi ogummaa hojii hin taane gargar baasaniidha.

- Faayda qabeessummaa (value)
- Waldaalee (associations)
- Duudhaalee/naamusa (norms/ ethics)
- Beekumsa (knowledge)
- Barnoota (education)

1.4.1 Faayda qabeessummaa (value)

Faayda qabeessummaa ogummaa tokkoo madaaluudhaaf qabxiileen armaan gadii barbaachisoodha.

- ❖ Beekumsaa fi dandeettii gaarii horachuudhaaf carraaqqii taasisuu/fedha qabaachuu.
- ❖ Hojichaaf abboomuu/abbummaadhaan hojjachuu.
- ❖ Tajaajila sirrii fi faayda qabeessa hawaasaaf kennuu.
- ❖ Ogeeyyota Hariiroo hawaasaa biroo irraa fudhatamummaa argachuu.

Namoonni ogummaa isaaniitiif amanamoo ta'an faaydaa dhuunfaa isaanii caalaa tajaajila hawaasaatiif dursa kennu. Akkasumas hojii hojjatan abbummaadhaan hojjatanii fi hojii hojjatanis dhiibbaa tokkoon ala karaa bilisaa fi sirriidha jedhanii ydaniin hojjachuu filatu.

1.4.2 Waldaalee (Associations)

Miseensa waldaalee ciccimoo ta'uun faaydaawwan heduu qaba. Ogeessi tokko miseensa waldaa tokkoo yoo ta'e waldicha keessatti ogeessota birootiin wal qunnamuun muuxannoowwan garaa garaa kan wal jijjiranii fi akkasumas miseensoni waldichaa tokkummaadhaan gurmaa'uun qaamolee garaa garaa irratti dhiibbaa geessisuun faaydaa miseensota hundaa eegsisuu danda'u. Gama biraatiin waldaan ogummaa tokkoo yoo jiraate miseensota isaatiif naamusa ogummichaa baasuu, qorannoowwan garaa garaa gaggeesuu, maxxansaalee maxxansiisuu fi ogeessota naamusa qaban horachuuf faaydaa olaanaa qaba.

1.4.3 Duudhaalee/naamusa (norms/ ethics)

Naamusa jechuun haala wanti tokko sirrii fi sirrii ta'uu dhabuu addaan baassuti. Kunis kan ibsamuun wayta namoonni gochaa ykn hojii ta'amuu qabuu fi ta'amuu hin qabne addaan baasanii hubataniin. Haa ta'uu malee, haalota adda addaa keessatti, hubannoon namootaa waan sirrii/ta'amuu qabuu fi sirrii hin taane/ta'amuu hin qabne addaan baasanii beekuu garaa gara.

Sababa kanaaf ogeeyyonni Hariiroo hawaasaafedhiwwan armaan gadii gutuuf murteessuudhaaf rakkatu:-

- ✧ Fedhii hawaasaa.
- ✧ Fedhii abbaa qacaramaniif.
- ✧ Naamusa ogummaa dhaabbatiichi keessatti hojjatan barbaadu.
- ✧ Faaydaa dhuunfaa isaanii.

Haa ta'uu malee, ogeessonni Hariiroo hawaasaafedhiwwan armaan olii guutuudhaaf karaa sirrii fi naamusa ogummichaa eegeen qofaan guutuun rakkisaadha. Kanaaf, yeroo tokko tokko naamusni ogummichaa cabee mul'ata. Sababa kanaaf, dhaabbileen ogummaa garaa garaa naamusa/dambii ittiin bulmaata mataa isaanii tumatu. Innis ogeessonni karaa naamusa ogummichaa eeggate qofaan hojii isaanii akka hojjataniif gargaara.

1.4.4 Beekumsa (knowledge)

Ogummaan tokko beekumsa gadi fageenyaan kan deeggarama ta'uu qaba. Ogeessonni beekumsa qaban, beekumsa isaanii san qabatamatti hojii irraa oolchuudhaan hawaasaa tajaajilu. Fallaa kanaatiin, namoonni osoo ogummaa ykn beekumsa gadi fageenyaa hin qabaatin hojii tokko hojjatan ogeessa hojii sanaati jechuu hin dandeenyu. Sababni isaas, hojii sana beekumsa ykn hubannoo gahaa waan irratti hin qabneef itti abboomuu hin danda'an waan ta'eef. Fakkeenyaaf, namni ogummaa biroo qabu tokko hojii Hariiroo hawaasaairratti yoo ramadame hamma beekumsa fi barnoota gahaa akkasumas naamusa ogummicha irraa eggamu qabaatutti ogeessa Hariiroo hawaasaajechuu hin dandeenyu. Kanaafuu, hojiin Hariiroo hawaasaaakkuma ogummaa biroo beekumsaa fi hubannoo gadi fageenyaa barbaada.

1.4. 5 Barnoota (education)

Dandeettiiwwan ogummaa gara garaa yeroo baay'ee kan argaman karaa barnootaatiin. Ogeeyyonni baay'een beekumsa gadi fageenyaa kan horataniin barnoota waa'ee ogummaa isaanii sana hordofuudhaan. Haa ta'uu malee, namoonni hedduun ogummaa Hariiroo hawaasaailaalchisani yadaato mormisiisoo sadan armaan gadii kaa'aniiru:-

- A. Ogummaan Hariiroo hawaasaaogummaa salphumatti karaa muuxannoo (experience) tiin argamu jedhu.
- B. Ogeeyyonni Hariiroo hawaasaabiroon garuu, ogummaan qunnamtii hawaasaa gaazexeessummaan waan wal fakkaatuuf barattoonni Hariiroo hawaasaabaran dandeettiiwwan akka oduu barreessuu, gulaaluu haala maxxansaalee gara garaa ittiin maxxansan irratti barnoota qabaachuu qaba.
- C. Ogeessonni isaan kaan immoo, barattoonni ogummaa Hariiroo hawaasaabaran akka gaazexeessitootaatti ogummaawwan gaazexeessummaa qabaachuurra barnoota saayinsii hawaasaa barachuudhaan akkaataa hawaasatti dhiyaatanii hawaasa keessatti tajaajila gorsaa fi kanneen biroo kennuu danda'aniin osoo baratani filatamaadha jedhu.

Yaadaawwan armaan olii hundinuu faaydaa mataa isaanii qabu. Sababa kanaaf, barnoonni Hariiroo hawaasaaammayyaa yaadota sadan armaan olii hordofa. Akka walii galatti namni tokko ogeessa Hariiroo hawaasaati kan jennuun barnoota ogummichi barbaadu kana kan barate ta'uu qaba.

Gaaffilee ofmadaallii

1. Qabxiileen ijoo hiika Hariiroo hawaasaa fi Yaadrimee isaa keessatti bu'uura ta'an tarreessi. _____

2. Faayidaa fi miidhaa hariiroo hawaasaa ibsi.

3. Wantoota ogummaan hojii tokko akka ogummaatti hojjatamuudhaaf murteessaa ta'an keessaa ogummaa hariiroo hawaasaatiif isa kamtu caalatti barbaachisaa akka ta'e ibsi..

1.5 Hariiroo Hawaasaa fi Yaad-riimeewwan wal fakkaatoo (Public relations and related concepts)

1.5.1 Hariiroo Hawaasaa fi Gaazexeessummaa (PR and Journalism)

Ogummaan Hariiroo hawaasaaogummaa Gaazexeessummaatiin wal fakkaataadha. Ogummaawwan lameen keessattuu ogeessoni odeeffannoo funaanuuf hawaasa wajjiin afgaaffii gaggeessuu, barreessuu, haala Gaazexeessummaatiin kan barreessanii fi yeroo murtaawaaaf dhaabbataa odeeffannoo itti tamsaasan san irratti xiyyeefachuu kan hojjataniidha.

Haa ta'uu malee, ogummaawwan kunneen **daangaa (scope)**, **kaayyoo (objectives)**, **toora odeeffannoo ittiin tamsa'uun (channel)**, fi **dhaggeeffattoota/hordoftootaa (Audience)** isaaniitiin garaagarummaa qabu.

Gaazexeessummaa keessatti **daangaan** isaa gaazexeessitoonni odeeffannoo sassaaban hanga tamsaasuutti kan deemsisu yoo ta'u, Hariiroo hawaasaakeessatti garuu ogeessonni odeeffannoowwan funaanan irratti hundaa'uun haala fi taateewwan garaa garaa hogganuu, beeksisuu fi dhaadhessuu fi Akkasumas odeeffannoowwan qaaccessuu, rakkoowwan garagaraatiif mala furmaataa barbaadu fi dandeettiiwwan hoggansaa garaa garaa cimsaa deemuudha.

Gama **Kaayyoo** isaaniitiin immoo gaazexeessitoonni kaayyoon jalqabaa isaanii odeeffannoowwan filachuudhaan funaanuun oduulee gara garaa qopheessuun hawaasaf odeeffannoo kennuudhaan yoo tajaajilan, ogeessonni Hariiroo hawaasaagaruu, kaayyoon jalqabaa isaanii hawaasaaf odeeffannoo kennuu qofa osoo hin taane Ilaalchaa fi amala hawaasaa jijjiiruudha.

Wanti ogummaawwan kana gargar baasu inni biraa **Jamaa** isaaniiti. Gaazexeessitoonni miidiyaa isaanii fayyadamuudhaan Jamaa (audience) garaa garaa addaan bahanii hin beekamneef odeeffannoo kan tamsaasaniidha. Ogeessonni Qunnamtii hawaasaa garuu, odeeffannoo fi ergaawwan isaanii hawaasa murtaa'aaa addaan bahamee beekamu (segmented) ta'eef dhiyeessu.

Gaazexeessummaa fi ogummaan Hariiroo hawaasaa **toorri (channel)** odeeffannoo hawaasa biraan gahaniinis Garaagarummaa qaba. Kunis gaazexeessitoonni odeeffannoowwan isaanii karaa Galaalcha/gaazexaa (News paper), Barruu (magazine), TV, Raadiyoo fi kanneen birootiin yoo hawaasa biraan yoo gahan, Ogeessonni Hariiroo hawaasaa garuu, miidiyaalee fayyadamuun qofa osoo hin taane hanga mana ummataatti qaamaan deemuun ergaa geessuu, Biroosherootaa fi waraqaa odeeffannoo garaa garaa qopheessuudhaan odeeffannoo isaanii dabarsu.

1.5.2 Hariiroo hawaasaafi dhaadhessa (PR and Advertising)

Dhaadhessii fi Hariiroon Hawaasaa garaagarummaa guddaa qabu. Innis hojii Hariiroo hawaasaa keessatti hojiin beeksisuun (publicity) isa tokko waan ta'eef, hojii dhaadhessaatiin wal fakkaata. Haa ta'uu malee, hojii beeksisuu (publicity) fi dhaadhessaa (advertising) keessatti ergaawwan dabarsuuf miidiyaalee wal faakkaatoo fayyadamanis haallii fi qabiyyeen ergaa sanaa garaagarummaa qaba.

Garaagarummaan inni biraa Hojiin Hariiroo hawaasaa fi dhaadhessi qaban keessaa inni tokko, ergaan dhaadheffamuuf jedhu miidiyaa ni ta'a jedhamee yaaddame filatameen kan dhaadheffamu yoo ta'u kan Hariiroo hawaasaa garuu haaluma argametti kanneen akka: Biroosherii, dhiyeessaa hawaasa fulduraa (public presentation), haasawa fi qophiilee addaa garaa garaa qopheessuudhaan ergaan kan dabarfamuu fi dhaadhessi hawaasa alaa qofaaf odeeffannoo dabarsuuf kan dhaadheffamu yoo ta'u Hariiroon hawaasaa garuu, hawaasa keessaa fi alaatiifis odeeffannoo dabarsuuf kan hojjatamuudha.

Gama biraatiin, Dhaadhessi gurgurtaa omishaa (product) tokko guddisuuf yoo raawwatamu Hariiroo hawaasaa immoo maqaa gaarii Omisha sanaa ijaaruuf hojii raawwatamuudha. Maqaan gaariin Omisha tokko yoo ijaaramaa deeme gurgurtaan Omisha sanaas guddataa deema. Haa ta'uu malee, hojiin Hariiroo hawaasaa akka dhaadhessaa kallattidhaan gurgurtaa omishaa (product) guddisuuf hojii raawwatamuu miti.

Wolumaa galatti, hojii Hariiroo hawaasaa fi Dhaadhessa wal bira qabnee yoo ilaalu, hojiin Hariiroo hawaasaa isa bal'aa fi haala walii gala dhaabbata tokko xiinxaluu, beeksisuu, hogganuu, hariiroo gaarii uumuu, qunnamtii si'ataa gaggeessuu fi kan biroo yoo ta'u, dhaadhessi immoo ergaa dabarsuu qofarratti kan xiyyeeffatuudha.

1.5.3 Hariiroo hawaasaa fi Piropagaandaa (PR and Propaganda)

Hojiin Hariiroo Hawaasaa haala hin barbaadamneen (mis used) ta'een yoo gaggeeffame namoonni akka piropagaandaatti ilaalu. Haa ta'uu malee, hojiin Hariiroo Hawaasaa piropagaandaa irraa garaagarummaa bal'aa qaba. Piropagaandaan hojii odeeffannoo dhugummaan isaa yeroo baay'ee guutumaan guututti hin mirkanoofneen sammuu/ilaalcha namootaa jijjiiruu fi amansiisuuf raawwatamuudha. Hojiin Hariiroo Hawaasaa hojii qunnamtii **kal-lamee** (two –way communication) ta'ee fi iftoomina qabuu fi naamusa gaariin raawwatamudha.

Faallaa kanaatiin, piropagaandaan immoo hojii yaa'iinsi odeeffannoo isaa **kal-tokkee** (one way) ta'e fi kaayyoon guddaan isaa hawaasa keessatti sosochii uumuuf raawwatamuu fi odeeffannoon hawaasaaf darbes hawaasichi hubachuu fi hubachuu dhabuu isaa xiyyeeffannoon kan itti hin kennamneedha.

1.5.4 Hariiroo hawaasaa fi Daldala/gabaa beeksisuu (PR and Marketing)

Hojiin Daldala/gabaa beeksisuu (marketing) keessumattuu dhaabbilee daldalaa keessatti hojii Hariiroo hawaasaatiin kan wal fakkaatu fi baay'ee Walitti xaxamaa waan ta'eef hojii Hariiroo hawaasaatiin addaan baasuuf ykn garaa garummaa isaanii kaa'uun rakkisaadha.

Hojiin Hariiroo hawaasaa dhaabbilee daldalaa fi daldalaa hin taane keessattis hojii hojjatamuudha. Akkasumas Hariiroon Hawaasaa akka Daldala/gabaa beeksisuu (marketing) daldala beeksisuu qofarratti kan xiyyeeffatuu miti.


Hojiin daldala beeksisuu (marketing) hojii hoggansaa omisha beeksisuu/gurguruu, itti quufiinsa maamiltootaa guutuu fi bu'aa/ galii argamsiisuuti. Kana jechuunis hojiin daldala beeksisuu irra caalatti gabaa fi bu'aa daldalaa sana irraa argamurratti kan xiyyeeffatuudha.

Yaadrimeewwan kun lamaanuu (Hojiin Daldala/gabaa beeksisuu fi Hariiroo hawaasaa) hojii hoggansaa ta'uun isaanii wal isaan haa fakkeessuu malee, dhimmoonni isaan hogganan garaagarummaa qabu. Akka fakkeenyaatti warshaan tokko Omisha haaraa tokko yoo omishe omishin sun kisaaraa malee akka gurguramee galii/bu'aa argamsiisuu fi maamiloonni itti quufaniif hojiin Daldala beeksisuu (marketing) shoora guddaa yoo taphatu, Omisha sanarratti

hawaasni hubannoo gaarii akka argatu gochuuf hojiin Hariiroo hawaasaa barbaachisaadha. Garaagarummaan isaanii gabate armaan gadii keessatti yoo qaacceeffamu:-

Lakk	Daldala/gabaa beeksisuu (marketing)	Hariiroo Hawaasaa (PR)
1	Hojiin guddaan isaa gurgurtaa omishaa fi kenna tajaajila dhaabbilee omishan/tajaajilan giddutti haala mijeessuudha	Hawaasa dhaabbata tokko giddutti wali hubannoo waliinii akka uumamuuf hojjatama
2	Kaayyoon jalqabaa isaa gurgurtaa guddisuudha.	Kaayyoon jalqabaa isaa hubannoo uumuudha
3	Kaayyoon guddaan isaa galii argamsiisuuf	Kaayyoon guddaan isaa ilaalcha gaarii uumuuf
4	Cimini hojii kan madaalamuun baay'ina gurgurtaa raawwatamee fi galii argameen	Cimini hojii kan madaalamuun hubannoo qabatamaa hawaasa keessatti uumamee fi deeggarsa hawaasaati.

Gabataa: 1. Garagaraummaa Daldala/gabaa beeksisuu (marketing) fi Hariiroo Hawaasaa



Fakkii: 2. Hariiroo gabaa beeksisuu (marketing) fi hariiroon hawaasaa (PR) waliin qaban.

Gaaffilee ofmadaallii

1. Daangaa, Kaayyoo, Toora odeeffannoon ittiin tamsa'uu fi Jamaa isaanii irratti hundaa'uudhaan garaagarummaa Hariiroo Hawaasaa fi Gaazexeessummaa ibsi

2. Wal fakkeenya fi Garaagarummaa dhaadhessii fi Hariiroon Hawaasaa qaban ibsi.

3. Wal fakkeenya fi Garaagarummaa Piropagaandaa fi Hariiroon Hawaasaa qaban ibsi

1.6 Seenaa dhufaatii fi guddina Hariiroo hawaasaa (Evolution of Public Relations)

Barri dhaabbataadhaan Hariiroo hawaasaa itti eegale hin beekamu. sababni isaas Walitti dhufeenyi ummata/dhala namaa giddutti kan jalqabame akkuma ilmi namaa addunyaa kanarraa jiraachuu eegaleen waan ta'eef. Akka hayyoonni Hariiroo hawaasaa jedhanitti jechi Hariiroo hawaasaa (public relation) jedhu jaarraa 20ffaa keessa hojii irra haa ooluu malee qunnamtii hawaasaa erga dhalli namaa Addunyaa kanarraa jiraachuu eegalee kaasee kan gaggeeffamaa tureedha.

1.6.1 Wantoota babal'achuu Hojii Qunnamtii hawaasaatiif sababa ta'an

Addunyaa kana irratti babal'achuu hojii Hariiroo hawaasaatiif wantoonni hedduun sababa ta'aniiru. Keessumattuu Warraaqsi Indaastirii fi waraanni wal waliinii (civil war) biyya Ameerikaa (USA) keessatti jalqabame hojii Hariiroo Hawaasaa ammayyaatiif akka bu'uuraatti ilaalama. Sababni isaas warraaqsi Indaastirii biyyatttii keessatti gaggeeffame dhaabileen gurguddaa fi miidiyaaleen hedduun akka dhaabbaataniif sababa ta'e. Kun immoo mootummaan miidiyaalee kanneen fayyadamuudhaan hawaasa bal'aa fi dhaabbilee garaa garaatiin akka wal qunnamuuf gargaare. Isaan armaan gadii baba'lachuu hojii Hariiroo Hawaasaa ammayyaatiif sababa:-

1.6.1.1 Babal'achuu Dhaabbilee gurguddoo (The Growth of Large Institutions)

Biyya Ameerikaa (USA) keessatti Warraaqsa Indaastirii fi waraana wal waliinii (civil war) booda dhaabbileen gurguddoon garaagaraa kan dhaabbatan yoo ta'u, indaastiriiwwan gurguddoon humna namaa hedduun socho'an gara hojiitti seenuu waan jalqaniif hojjattoota dhaabbilee gurguddaa kanneenii gidduutti yeroo yerotti Walitti bu'iinsa guddaatu ture. Haa ta'uu malee, Walitti bu'iinsi hojjattootaa fi hoggantota gidduutti ka'u galma gahiinsa karoora dhaabbileetiif gufuu guddaa ta'aaa waan tureef rakkoo kana hambisuudhaaf hojiin Hariiroo hawaasaa barbaachisaa ta'ee mul'ate.

1.6.1.2 Hubannoon namootaa dabalaa dhufuu (Increasing of Public Awareness)

Akkuma babal'inni dhaabbilee gurguddaa heddummaachaa dhufaniin hoggantoonni dhaabbilee hawaasa dhaabbatichi keessatti argamuu fi miseensota dhaabbatichaa wajjiin Walitti dhufeenya/ wal qunnamtiin gaariin jiraachuu akka qabu hubachaa dhufan. Kun immoo Hojiin Hariiroo hawaasaa akka babal'atu wantoota taasisan keessaa isa tokkoodha.

1.6.1.3 Babal'achuu sirna Dimokiraasii (Expansion of Democracy)

Babal'achuun sirna dimokiraasii keessumattuu kabajamuun mirgoota dhala namaatii fi dimokiraasii mirkaneessuuf qunnamtiin gaariin ummata gidduutti gaggeeffamuu waan qabuuf jecha hojiin Hariiroo hawaasaas barbaachisaa ta'ee argame. Sababa kanaaf dhaabbileen

gurguddoon akka dhaabbata mirga namoomaa (Human Rights commission) hojii qunnamtii hawaasa akka babal'atuuf gahee guddaa taphataniiru.

1.6.1.4 Fooyya'iinsa Teknoolojiiwwan qunnamtii (Technological Improvements in Communication)

Fooyya'iinsii fi argannoowwan haaraan teknoolojiiwwan qunnamtii fooyyeen wantoota guddina/babal'ina hojii Hariiroo hawasaatiif sababa ta'an keessaa isa guddaadha. Keessumattuu jaarraa 20ffaa keessa Raadiyoo fi TVn erga kalaqamanii Addunyaa kana irratti ummata giddutti qunnamtiin (communication) gariin akka jiraatuuf gahee guddaa taphataniiru. Dabalataanis argannoon gama toora interneetiis Hawaasni Addunyaa kanaa salphumatti akka wal qunnamuuf haala mijeesse waan ta'eef hojiin qunnamtii ummataa daraan akka babal'atu taasiseera.

1.6.2 Hayyoota Hariiroo hawaasaa (pioneers of public relations)

Hojiin Hariiroo hawaasaa yoom akka jalqabame beekkamuu haa dhabuu malee, Addunyaa kana irratti hayyoonni bebbeekamoon guddina ogummichaatiif shoora olaanaa taphatan hedduudha. Isaan keessaa muraasni isaanii armaan gadiitti tarreeffamaniiru:-

1.6.2.1 Ivy Ledbetter Lee (1877-1934)

Hayyuun **Ivy Ledbetter Lee** jedhamu jiraataa Biyya Ameerikaa yoo ta'u hojiin Hariiroo hawaasaa beekkamtii guddaa akka argatuuf namoota gahee guddaa taphachaa turan keessaa isa tokko dha. Hayyuunn kun ilaalcha "*Hawaasni hundi odeeffannoo argachuu*" qaba jedhu kan babal'isaa turee fi "Abbaa hojii Hariiroo hawaasaa ammayyaa (father of modern public relation)" jedhamuudhaanis beekkama. Keessumattuu Lee'n bara 1906tti qunnamtiin sirrii fi amanamummaa fi iftoomina qabu hawaasaa fi dhaabbata tokko gidduu akka jiraatuuf qajeelfamoota gara garaa baasuudhaan gahee guddaa nama taphachaa tureedha.

1.6.2.2 Edward L. Bernays (1891-1995)

Hayyuun kun barreessaa, barsiisaa fi ogeessaa Hariiroo hawaasaa yoo ta'u, yeroo garaa garaattii Hariiroo hawaasaa fi Yaadrimee wal fakkaato irratti kitaabilee garaa garaa barreessuudhaan hubannoo namootaa hojii Hariiroo hawaasaa irratti qaban akka cimuuf/guddatuuf gahee guddaa gumaachaa ture. Bernays bara 1923tti yeroo jalqabaatiif kitaaba Hariiroo hawaasaa irratti barreeffame kan mata dureen isaa "*Crystallizing Public Opinion*" jedhu kan maxxansiisee fi kitaaba isaa keessatti yeroo jalqabaatiif jecha 'gorsa Hariiroo hawaasaa' (public relations counsel) jedhu kan Walitti fideedha. Innis bara 1923tti Yuunivarsiitii Niwuyorkitti (New York University) keessatti ogummaa Hariiroo hawaasaa barsiisaa kan turee fi bara 1928 kitaaba mata dureen isaa "*propaganda*" jedhu fi bara 1952tti '*Hariiroo hawaasaa*' (public relation) jedhu maxxansiisee jira.

1.6.2.3 Rex F. Harlow

Rex F. Harlow nama lammii Ameerikaa hojiin guutuun isaa hojii Hariiroo hawaasaa turee fi namoota guddina hojii Hariiroo hawaasaatiif gahee guddaa gumaachan keessaa isa tokko. Hayyichi kun Piroofeesara guutuu Hariiroo hawaasaa kan turee fi bara 1939 wayta Yuunivarsiitii Istaanford (Stanford University) keessatti ogummaa Hariiroo hawaasaa barsiisaa turetti dhaabbata "American Council on Public Relations (ACPR)" jedhu hundeesse. Gama biraatiin, bara 1944 tti maxxansa mata dureen isaa "public relation journal" jedhu hundeessee maxxansiisaa ture. Maxxansi isaa kunis hanga har'aatti Hawaasa Hariiroo hawaasaa Ameerikaa (Public Relations society of America (PRSA)) tiin maxxanfamaa jira.

Gaaffilee of madaallii

1. Wantoota babal'achuu hojii Hariiroo hawaasaatiif sababa ta'an tarreessi.

2. Hayyoota hojiin hariiroo hawaasaa akka guddatuuf shoora olaanaa taphachaa turan hojiilee isaan hojjatanis ibsi.

3. Warraaqsa Indaastirii guddinna Hariiroo hawaasaa Walitti hidhamiinsa isaanii ibsi.

1.7 Moodeloota Hariiroo hawaasaa (Models of public relations)

Moodeloonni Hariiroo hawaasaa seenaa fi haala hojii irra oolmaa fi faaydaa Hariiroo hawaasaa haala salphaadhaan hubachuuf gargaaru.

1.7.1 Moodelii Todd Hunt fi James Guing

Moodeloonni bebbeekamoon Afran (4) Hariiroo hawaasaa Piroofeser Todd Hunt fi James Guing jedhamaniin qindaa'anii jiru. Moodeloonni Afran kunneen faaydaa, haala qunnamtiin isaan keessatti gaggeeffamuu fi qorannaawwan isaan keessatti gaggeeffamaniin garaagarummaa qabu. Isaanis armaan gadiitti tarreeffamaniiru:-

1.7.1.1 Moodelii beeksisuu (The Press Agency / Publicity Model)

Akka moodelii kanatti hojiin Hariiroo hawaasaa Adeemsa qunnamtii kal-tokkee ta'ee fi dhuggummaan fi sirrummaan odeeffannoo fi naamusa qunnamtiitiif xiyyeeffannoon kan hin kennamneedha. Akkasumas, hojiin Hariiroo hawaasaa akka pioppaagaandaatti ilaalama. Moodelii kana keessatti ogeessonni qunnamtii odeeffannoo walakkaan isaa dhugaa ta'ee fi xaxamaa ta'e hawaasaaf dhiyeessuun hawaasa amansiisuuf carraaqu.



1.7.1.2 Moodelii Odeeffannoo Hawaasaa (Public Information Model)

Moodelii kana keessattis hojiin Hariiroo hawaasaa akka Adeemsa qunnamtii /yaa'iinsa odeeffannoo kal-tokkeetti kan ilaalamuudha. Haa ta'uu malee, dhuggummaan fi sirrummaa odeeffannoowwan tamsa'anii irratti xiyyeeffannoon kan kennamuudha. Moodelii kana keessatti ogeeyyiin Hariiroo hawaasaa akka Gaazexeessitootaa fi gabaastota oduutti ilaalamu. Sababni isaas odeeffannoo dhugaa fi sirriin waan gabaafamuuf. Kaayyoon guddaan Moodelii odeeffannoo hawaasaas odeeffannoo dhugaa fi sirriin hawaasaaf akka darbu gochuudhaaf.



1.7.1.3 Moodelii Mit wal gitaa Kal-lamee (Two-Way Asymmetrical Model)

Moodeliin kana keessatti hojiin Hariiroo hawaasaa kaayyoon guddaan isaa yaadrimeewwan saayinsiidhaan deeggaraman fayyadamuudhaan hawaasa amansiisuuf yaaluudha. Sababni isaas, hojii Hariiroo hawaasaa keessatti qorannoon garaagraa hojjatamuudhaan ilaalchi Hawaasni tokko dhaabbata tokko irratti qabu beekuun barbaachisaa akka ta'e kan ibsuudha.

Akkasumas, moodeliin kun dhaabbata tokko fi hawaasa gidduu wal hubannoo waliinii uumamuu akka qabus ni ibsa. Kana malees, moodelii kana keessatti haalli qunnamtii wal gitiinsa hin qabnee kan keessatti gaggeeffamudha.


Kaayyoon guddaan moodelii kanaa hojii Hariiroo hawaasaa keessatti yaadota saayinsiidhaan deeggaraman garaagaraa dhiyeessuudhaan ilaalcha fi haala qaama tokkoo (hawaasa) jijjiiruuf fi amansiisuuf kan raawwatamudha. Gaheen ogeessa Hariiroo hawaasaa as keessatti odeeffannoo qaama lamaan irraa fuudhee qaama tokko jechuunis hawaasa amansiisuudhaaf hojjachuudha.



1.7.1.4 Moodelii Wal gitaa Kal-lamee (Two-Way Symmetrical Model)

Moodelii kana keessatti Ogeessi Hariiroo hawaasaa qaamni gama lachuu Walitti dubbatee akka wal hubatuuf haala mijeessa. Kaayyoon guddaan isaas qaamota lamaan giddutti wal hubannoo waliinii akka jiraatu gochuudhaaf. Moodeliin kun, keessumattuu wal dhabdee dhaabbata tokko fi hawaasa isaa giddutti uumame furuudhaaf faaydaa guddaa qaba.

Moodelii kana keessatti Ogeessi Hariiroo hawaasaa qaama tokko amansiisuudhaaf kan hojjatu osoo hin taane, qaamota lamaan (dhaabbataa fi hawaasa) giddutti akka giddu deematti ykn riqichaatti hojjachuudhaan wal hubannoo waliinii qaamota lamaan gidduu akka uumamu taasisa.



1.7.2 Faaydaa fi haala moodeloota Hariiroo hawaasaa 4n Todd Hunt fi James Guing

1.7.2.1 Faaydaa moodeloota (purpose of models)

Garaagummaan bu'uuraa modeeloonni 4n qaban faaydaa isaaniiti. Kaayyoon guddaan hojii Hariiroo hawaasaa **Moodelii beeksisuu (The Press Agency / Publicity Model)** keessatti pioppaagaandaadha. Kunis Ogeessoonni Hariiroo hawaasaa maqaa dhaabbata ofii olkaasuuf jecha qofa odeeffannoowwan hir'uu fi dhugummaan isaanii walakkaa ta'e hawaasaaf dabarsuun hawaasaa amansiisuuf ykn ilaalcha jijjiiruu yaalu.

Moodelii Odeeffannoo Hawaasaa (Public Information Model) keessatti kaayyoon hojii Hariiroo hawaasaa odeeffannoowwan tamsaasuudha. Ogeessi Hariiroo hawaasaa Moodelii kana keessatti akka gaazexeessitootatti waan hojjatauuf Hawaasni amanus amanuu baatus odeeffannoo waa'ee dhaabbata tokkoo dhugaa fi sirrii ta'e qofa tamsaasaa.

Kaayyoon guddaan Moodelii **Mit wal gitaa Kal-lamee (Two-Way Asymmetrical Model)** yaada saayinsii deeggarama fayyadamuudhaan amansiisuudha. Gaheen ogeessa Hariiroo hawaasaa Moodelii kana kan akka Moodelii beeksisuuti. Haa ta'uu malee, Ogeessi Hariiroo hawaasaa Moodelii kana kan akka Moodelii beeksisuu odeeffannoo hir'uu fi dhugummaan isaa walakkaa ta'e fayyadamuun hawaasa amansiisuuf kan yaaluu osoo hin taane, yaadaa fi ragaawwan saayinsiidhaan deeggaraman dhuyeesuun ilaalcha Hawaasni dhaabbaticharratti qabu jijjiiruudhaaf kan yaaluudha.

Gama biraatiin, galmi guddaan ogeessota hojii Hariiroo hawaasaa **Moodelii Wal gitaa Kal-lamee (Two-Way Symmetrical Model)** keessatti dhaabbataa fi hawaasa giddutti wal hubannoo waliinii uumuudha. Kanaaf Ogeessi Hariiroo hawaasaa Moodelii kana keessatti akka giddu deema (mediator) ilaalama.


1.7.2.2 Haala qunnamtii moodeloota Hunt fi Grunig (Nature of communication in models)

Moodeloonni Afranuu qunnamtii isaan keessatti gaggeeffamu ilaalchisee Garaagarummaa qabu. Akaakuun qunnamtii Moodelii beeksisuu (The Press Agency / Publicity Model) keessatti gaggeeffamuu fi kan Moodelii Odeeffannoo Hawaasaa (Public Information Model) yeroo hundumaa Kal-tokkeedha. Ogeessoonni Hariiroo hawaasaa qunnamtii akka ergaa dhaggeeffachuu osoo hin taane ergaa himuu (telling) qofatti ilaalu. Haa ta'uu malee, hojiin hojiin ogeessoonni hojjatan garaagarummaa qaba. Moodelii odeeffannoo hawaasaa keessatti Ogeessi Hariiroo hawaasaa odeeffannoo guutuu, sirrii fi dhugaa ta'e wayta dhiyeessu ogeessi Hariiroo hawaasaa Moodelii beeksisuu keessatti garuu, dhugummaa fi sirrummaan odeeffanichaatiif xiyyeeffannaa hin kennu.

Akaakuun qunnamtii Moodelii Mit wal gitaa Kal-lamee (Two-Way Asymmetrical Model) fi Moodelii Wal gitaa Kal-lamee (Two-Way Symmetrical Model) keessatti gaggeeffamu kal-lameedha. Kana keessattis qunnamtiin gama lamaan (dhaabbataa fi haawaasa giddutti) kan gaggeeffamuudha. Haa ta'uu malee, moodeloota lamaan kana keessatti qunnamtiin kal-lamee gaggeeffamu kun Garaagarummaa guddaa qabu.

Qunnamtiin Moodelii Mit wal gitaa Kal-lamee (Two-Way Asymmetrical Model) keessatti gaggeeffamu mit wal gitaa (imbalanced) kan ta'eedha. Hojiin Hariiroo hawaasaa Moodelii kana keessatti gaggeeffamu fedha hawaasaa caalaa fedha dhaabbataa irratti waan xiyyeeffatuuf qunnamtii wal gitiinsa hin qabneetu gaggeeffamaa jechuudha.

Hojiin ogeessa Hariiroo hawaasaa Moodelii kana keessatti dhaabbata tokko fedhii hawaasaatiif akka hojjatu gochuu osoo hin taane fedhii dhaabbatichaa guutuudhaaf ilaalachaa fi amala hawaasaa jijjiiruudha. Kana keessattis qunnamtiin (communication) gaggeeffamu yaad-gabbisa (feedback) dhaabbaitchi fudhatu qofaadha. *Grunig* fi *Hunt* haala qunnamtii Moodelii kana keessatti gaggeeffamu Diyaagiraamiidhaan akka armaan gadiitti ibsaniiru.



Fakkii: 2. *Haala Adeemsa qunnamtii Moodelii mitwal gita kal-lamee*

Akka diyaagiraamii armaan olii irratti mul’atutti xiyyaawwaa kallattii tokkoon (bitaa irraa gara mirgaatti) qajeelan qunnamtiin gggeeffamu gara qaama tokkotti irra caalmaan deemuu isaati. Jechuunis dhaabbata irraa gara hawaasaatti. Kana keessatti Hawaasni qunnamtiin inni dhaabbata wajiin taasisu karaa yaad-deebii (feedback) irraa kan hafe baay’ee xiqqaadha.

Gama biraatiin, jechoonni ‘madda (source)’ fi ‘ergaa fudhataa (receiver)’ jedhan qunnamtichi gaggeeffamu miti wal gitaa ta’uu agarsiisu. Sababni isaa osoo qunnamtiin wal gitaan kan hawaasaa fi dhaabbata giddutti adeemsifamu ta’ee, hawaasnii fi dhaabbannis al tokkotti maddas qaamaa ergaa fudhatu ta’uu qabu.

Faallaa kanaatii, akaakuun qunnamtiiMoodelii Wal gitaa Kal-lamee (Two–Way Symmetrical Model) moodeloota isaan sadan caalaa qunnamtii dubbii gama lamaan (dialogue) ta’ee keessatti gaggeeffamaa. Hojii irra oolmaan Moodelii kanaa isaan biroo irra laafaa yoo ta’es hojiin Hariiroo hawaasaa Moodelii kana keessatti raawwatamu ilaalchaa fi yaadaa gama lamaanuu (dhaabbataa fi hawaasa) jijjiiruuf kan hojjatamuudha.

Modeloota Afran armaan olii gabatee armaan gadii keessatti qaacceeffamaniiru.

moodelii	Akkaakuu qunnamtii	Amala moodelichaa (characteristic of model)
Moodelii beeksisuu (The Press Agency / Publicity Model)	Kal-tokke (one-way)	<ul style="list-style-type: none"> • Fedhii dhaabbata (organization) guutuudhaaf hawaasa dhiibbaa irratti uumuun amansiisuu. • Akka piropagaandatti ilaalama. • Dhugummaa odeeffannoowwan tamsa'aniif xiyyeeffannaan hin kennamu
Moodelii Odeeffannoo Hawaasaa (Public Information Model)	Kal-tokke (one-way)	<ul style="list-style-type: none"> • Odeeffannoowwan garaa garaa gadi lakkisuun Hawaasni odeeffannoo akka argatu taasisuu • Dhugummaa odeeffannoowwan tamsa'aniif xiyyeeffannaan ni kennamu. • Ogeessonni qunnamtii hawaasaa aaka gaazexeessitootaatti hojjatu/ilaalamu.
Moodelii Mit wal gitaa Kal-lamee (Two-Way Asymmetrical Model)	Kal-lamee (Two-Way) Mit-wal gitaa	<ul style="list-style-type: none"> • Fedhii dhaabbata (organization) guutuudhaaf hawaasa dhiibbaa irratti uumuun amansiisuu. • Yaadrimeewwan saayinsiidhaan deeggaraman fayyadamuun hawaasa amansiisuu

Moodelii Wal gitaa Kal-lamee (Two-Way Symmetrical Model)	Kal-lamee (Two-Way)	<ul style="list-style-type: none"> • Qaamota lamaan giddutti wali hubannoo waliinii uumuuf • Wal dhabdee dhaabbata tokko fi hawaasa isaa giddutti uumame furuudhaaf gahee guddaa qaba
--	------------------------	---

Gabatee: *1 Modeloota Hariiroo Hawaasaa Todd Hunt fi James Guing (1984)*

Gama biraatiin, namichi Martson jedhamu bara 1963tti moodelii **RACE** (Research, Action, Communication, Evaluation) jedhamu qindeesse. Akka Moodelii kanatti Adeemsi hojii Hariiroo hawaasaa Sadarkaalee Afran (4) n armaan gadi keessa darbuu qaba:-

A. Qorannoo (Research)

Qorannoo jechuun Adeemsa rakkoowwan uumaman ykn uumamuu danda'ani mala furmaataa barbaaduuf hojjatamuudha. Ogeessi Hariiroo Hawaasaa tokko yeroo hundumaa qorannoo gaggeessuu fi odeeffannoo murtee sirrii murteessuuf isa gargaaru hawaasa keessaa funaanuu qaba. Qorannoon yeroo yerotti gaggeeffamu ciminaa fi hanqinna dhaabbatichi qabu fi ilaalcha Hawaasni dhaabbata tokko irratti qabu madaaluudhaa fi Akkasumas hubannoo hawaasichi dhaabbata tokko irratti qabu illee xiinxaluudhaaf gargaara.

B. Gocha (Action)

Ogeessi Hariiroo hawaasaa odeeffannoo sirrii hin taane funaanuun murtee tokko muerteessun dhaabbata tokko kufaatii garaagaraatiif saaxiluu danda'a. kanaafuu, yeroo hundumaa ogeeyyiin Hariiroo hawaasaa odeeffannoo sirrii erga funnanii fi Qorannoo gaggeessanii bu'aa qorannoo sana irraa argaman gara gochaatti hiikuu qabau.

C. Qunnamtii (communication)

Dhaabbatni tokko milkaa'uu kan danda'u qunnamtiin gaariin hawaasaa fi isa gidduu yoo jiraateedha. Kanaafuu ogeeyyiin Hariiroo hawaasaa ergaa hawaasaaf dabarsan irratti duubdeebii funaanuun Qunnamtiin kal-lameen akka gidduu isaanii jiraatu gochuu qabu. Kana jechuunis dhaabbatni tokko ergaa isaa qofa hawassatti dabarsaa dhiisuu qofa osoo hin taane yaadaa fi komii ummataa dhaggeeffachuu qaba.

D. Gamaaggama/madaallii (Evaluation)

Hojiin karoorfame tokko yeroo baay'ee guutumaan guututti ni milkaa'e jechuun hin danda'amu. Kanaafuu, hojiin karoorfame ykn imaammatni dhaabbanni tokko qabate milkaa'uu fi milkaa'uu dhabuu isaa yeroo yerotti gamaagamni gaggeeffamuu qaba. Yoo kana hin taane hojiin Hariiroo hawaasaa dhaabbatichi qabate tilmaamaan akka waan raawwatamaa jirutti ilaalama.

Cuunfaa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti Yaadrimee fi hiika hariiroo hawaasaa namoonni dhuunfaa fi Dhaabbileen garaa garaa kennan ilaaltee jirra. Qabxiilee ijoon hiikkaawwan qaamota gara garaatiin kennaman irratti hundaa'uudhaan hojiin Hariiroo Hawaasaa:- Hojii hoggansaa, Qunnamtiin odeeffannoo (information communication) isaa kal-lamee (two way process) ta'e,itti karoorfamee fi itti fuufiinsa raawwatamu, maqaa gaarii dhaabbata tokko eegsisuuf, hariiroo qaama lamaan (ummataa fi dhaabbata) gidduttii cimsuu fi hubannoo waliinii uumuuf akkasumas faaydaa waliinii eegsisuuf hojjatamuudha. Hojiileen akka: Gaazexeessummaa, Dhaadhessa (Advertising), Pioppaagaandaa, Daldala/gabaa beeksisuu (marketing) Yaadrimeewwan yeroo baay'ee ogummaa Hariiroo hawaasaatiin walfakkaataniidha.

Hojiin hariiroo hawaasaa akka Addunyaa kanarratti babal'atuuf warraaqsi Indaastirii fi waraanni wal waliinii (civil) Biyya Ameerikaa shoora guddaan qabuu fi akka walii galatti, wantootni hojicha akka daran babal'atu taasisan keessaa Babal'achuun Dhaabbilee gurguddoo, Fooyya'iinsa Teknoolojiiwwan qunnamtii, Babal'achuu sirna Dimokiraasii, hojicha ilaalchisee Hubannoon namootaa dabalaa dhufuu, fi kkf isaan muraasadha.

Seenaa guddinaa, haala hojii fi faaydaa hariiroo hawaasaa ibsuuf moodeloonni hariiroo hawaasaa hayyoota garaa garaatiin bocamaniiru. Isaan keessaa hayyoonni Todd Hunt fi James Guing jedhaman moodeloota Hariiroo Hawaasaa **AFUR** qindeessaniiru. Moodeloonni kunneenis:- **Moodelii beeksisuu** (qunnamtii Kal-tokkee fi dhuggummaa fi sirrummaan odeeffannoo tamsa'uuf xiyyeeffannoon hin kennamu), **Moodelii Odeeffannoo Hawaasaa** (qunnamtii odeeffannoo kal-tokkee fi dhuggummaan fi sirrummaa odeeffannoowwan tamsa'anii irratti xiyyeeffannoon ni kennamu), **Moodelii Mit wal gitaa Kal-lamee** (yaadrimeewwan

saayinsiidhaan deeggaraman fayyadamuudhaan hawaasa amansiisuuf yaaluu fi odeeffannoo qaama lamaan irraa fuudhuun qaama tokko amansiisuu) fi **Moodelii Wal gitaa Kal-lamee** (qaamota lamaan (dhaabbataa fi hawaasa) giddutti akka giddu deematti hojjachuudhaan wal hubannoo waliinii uumuu). Gama biraatiin, moodeliin RACE (Research, Action, Communication, Evaluation) jechuunis Moodelii madaallii, Qunnamtii.Gocha fi Qorannoo ilaallee jirra.

Gaaffilee of madaallii

1. Haala qunnamtii isaan keessatti gaggeeffamu irratti hundaa'uun garaa garaummaa moodeloota hariiroo hawaasaa 4n Hunt fi Grunig ibsi.

2. Faaydaa moodeloota hariiroo hawaasaa 4n Hunt fi Grunig ibsi.

3. Moodelii Wal gitaa Kal-lamee fi Moodelii Mit wal gitaa Kal-lamee keessatti gahee ogeessa hariiroo hawaasaa ibsi.

Boqonnaa 2

Adeemsa Hariiroo Hawaasaa (public relation process)

Seensa

Boqonnaa kana kessaatti adeemsaaleen Hariiroo hawaasaa ni xiinxalamu. Qabxiileen gurguddoon akka: Qorannoo, Karoora, qunnamtii fi madaalliin Akkasumas, sirni hoggansaa hojii Hariiroo hawaasaa fi gaheen hoggantootaa fi ogeessota qunnamtii gadi fageenyaan ilaalamu.

Kaayyoo boqonnichaa

Xumura boqonna kanatti barattoonni:-

- Adeemsa naanna'aa hojii Hariiroo hawaasaa irratti hubannoo ni argatu.
- Maloota qorannoo Hariiroo hawaasaa garaa garaa gaggeeffamuun addaan baasanii ni beeku.
- Qorannoo hariiroo hawaasaa ni gaggeessuu.
- Caacculeewwa gurguddoo karoora Hariiroo hawaasaa addaan baasanii ni beeku.
- Akaakuu fi barbaachisummaa qorannoo Hariiroo hawaasaa ni ibsu.
- Karoora hariiroo hawaasaa gaarii ni baasu.
- Galma gahiinsa karoora hojii Hariiroo Hawaasaa ni madaalu.

2.1 Qorannoo Hariiroo Hawaasaa (PR research)

Qorannoon hariiroo hawaasaa qorannoo Walitti dhufeenya/hariiroo ilma namaa gidduu jiru irratti gaggeeffamuudha. Yeroo yerotti haallii fi jiruu fi jireenyi ilma namaa jijjiiramaa waan deemuuf haalli jijjiiramaan dhala namaa kana immoo yeroo yerotti qorannoon irratti

gaggeeffamuun barbaachisaadha. Ogeessi hariiroo hawaasaa haala hariiroon namootaa fi namoota, Akkasumas, Dhaabbata fi namoota giddutti fooyya'uu danda'urratti qorannoo gaggeessuun barbaachisaadha.

Haa ta'uu malee, hojii Hariiroo hawaasaa keessatti ogeessoni Hariiroo hawaasaa sababoota armaan gadiitiif qorannoo osoo hin gaggeessin hafu.

- Yeroo baay'een dhimma qorannoon irratti gaggeeffamuu barbaachisu sana akka waan beekanitti ilaaluudhaan hammam akka milkaa'uun danda'amu fi hin danda'amne tilmaamuu.
- Yeroo dhabuu. Ogeessi hariiroo hawaasaa tokko hojiilee garaa garaatiin qabamee qorannoo gaggeessuu dhabuu danda'a. Haa ta'uu malee, hojii hariirii hawaasaa keessatti qorannoo gaggeessuun bu'uura waan ta'eef qorannoo gaggeessuun dirqama.
- Namni qorannoo gaggeessuu dhabamuu. Yeroo baay'ee qorannoo gaggeessuu dhabuuf akka sababatti kan kaa'atan dhaabbileen hedduun namootaa/beektota qorannoo gaggeessan dhabuudha. Haa ta'uu malee, dhaabbata tokko keessa hoggansi gaariin namoonni qorannoo hariiroo hawaasaa gaggeessan akka jiraatu gochuu qaba.
- Hanqina maallaqaa. Maallaqni karoora duula qunnamtii hawaasaa hojii qorannootiif qabame qorannicha gaggeessuuf murteessaadha. Baasiin qorannoof ba'u isa karoora keessatti qabamee oli yoo ta'e qorannicha gaggeessuun hin danda'amu. Haa ta'uu malee, qorannoon hundi baasii olaanaa kan gaafatu miti. Kanaaf, hammuma humna jiruun qorannaa gaggeessuun barbaachisaadha.
- Qorannoon akkaataa ittiin gaggeeffamu wallaaluu. Kunis hojjattooni dhaabbatichaa duraan qorannoo kan gaggeessanii hin beeknee fi akka qorannoon ittiin gaggeeffamuun yoo hin beekne dhaabbilee qorannoo gaggeessanii fi namoota waa'ee qorannoo irratti hubannoo qaban irraa barachuun ykn hubannoo argachuun haala qorannoon itti gaggeeffamurratti dandeettii horachuun ni danada'ama.

Hojii hariiroo hawaasaa gahoomina/cimina qabu tokko hojjachuudhaaf sadarkaan inni duraa qorannoo hojjachuudha. Yeroo ammaa ogeeyyonni Hariiroo hawaasaa hedduun karoora fi sagantaalee qabatan madaalaa akkasumas babal'isaa deemuudhaaf qorannaawwan garaa garaa hojjachaa jiru. Qorannoon kunis odeeffannoowwan hawaasa bal'aa keessaa funaanaman haala gadi fageenya qabuun xiinxaluudhaan qaaccessuun bu'aa isaa irratti hundaa'uun hojii Hariiroo hawaasaa sirriin akka hojjatamuuf gargaara. Erga qorannoo gaggeessee dhaabbanni tokko haala hawaasa bal'aa itti qunnamuu fi imaammataa fi tarsiimoo isaa hawaasa biraan gahuun bocachuu danda'a.

Haala fi dhimmi irratti qoratamuu erga adda bahee qorannoon tokko gaggeeffamuu danda'a. yeroo qorannoon tokko qoratamuuf karoorfamu yeroo fi baajata/baasii qorannichi fixuu danda'us xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha. Qorannoo tokko gaggeessuun duratti qabxiilee armaan gadii xiinxaluun barbaachisaadha:-

- ✧ Rakkoon jiru/mul'ate maali?
- ✧ Qorannichaaf odeeffannoo akkamiitu funaanamuu qaba?
- ✧ Bu'aan qorannichaa maaliif fayyada?
- ✧ Hawaasni kallattiidhaan Qorannoon irratti gaggeeffamu kami?
- ✧ Qorannichi dhaabbatichumaan hojjatama moo qaama alaa qacarameen?
- ✧ Odeeffannoon qorannichaa akkamitti qaaceffama, gabaafama, hojiirra oola?
- ✧ Qorannichi yeroo hangamitti xumurama?
- ✧ Qorannichi gaggeeffamu baajata/baasii hangam fixuu danda'a?

Gaaffileen armaan olii qorannoon tokko haala qindoominaa fi cimina qabuun akka hojjatamuuf kan gargaaraniidha.

2.1.1 Faayidaa Qorannoo Hariiroo hawaasaa (Purpose Research in PR)

Hojii Hariiroo hawaasaa keessatti qorannoon akaakuu garaa garaa kan gaggeeffamuu fi qorannoon gaggeeffamu kunis kaayyolee garaa garaatiif raawwatama.

Hojii Hariiroo Hawaasaa hogganuu keessatti qorannoo hojjachuun faayidaa olaanaa qaba. Faayidaleen armaan gadii ga'ee qorannoo gaggeessuun hojii Hariiroo Hawaasaa keessaatti qabuudha:-

A. Hoggansa keessatti Amanamummaa cimsuuf (Achieve credibility with management)

Ogeessi Hariiroo hawaasaa cimina qabu qorannoowwan garaa garaa gaggeessudhaan odeeffannoo dhugaa ta'e gama hoggantootatti dhiyeessudhaan hoggantonnis dhugummaa irratti hundaa'uun murteewwan garaa garaa akka raawwatan taasisa.

B. Hawaasa beekuuf/adda baasuuf (Define audiences and segment public)

Odeeffannoo gadi fageenyaa waa'ee/haala hawaasa tokko ibsu yoo jiraate, odeeffannoo sana irratti hundaa'uun ergaan akkamii haala akkamiitiin hawaasa sana bira karaa sirrii ta'een gahuu akka danda'u hawaasa addaan baasanii beekuun barbaachisaadha.

C. Tarsiimoo baasuudhaaf (Formulate strategy)

Qorannoo tokko irratti hundaa'uudhaan Tarsiimoo sirrii baasuun ni danda'ama.

D. Milkaa'ina madaalaa deemuuf (Measure success)

Qorannoon tokko wayita gaggeeffamu baasii/baajatni dhaabbanni tokko yeroo murtaa'eef qabate haala barbaadameen raawatamuu isaa xiinxaluuf ni gargaara.

E. Beekamtii uumuudhaaf (Generate publicity)

Qorannoo tokko hojjachuudhaaf dhaabbanni tokko sakatta'a gara garaa yoo gaggeessuu, dhaabbatichi qorannaa gaggeessuu saniin wal qabatee beekamuu danda'a.

F. Gaaga'ama ittisuuf (To Prevent crisis)

Rakkoon tokko uumamee hawaasaa bal'aa fi miidiyaalee irraa qeeqni garaa garaa dhaabbata tokko irratti osoo hin ka'in dursanii qorannoo gaggeessuun rakkinicha hambisuun ni danda'ama.

Walumaa galatti, qorannoon hojii Hariiroo hawaasaa keessatti faayidaalee armaan gadii qaba:-

- Qorannoon hojii Hariiroo hawaasaa kal-lamee akka ta’u taasisa. Kunis yaada hawaasa fi dhaabbata/ mootummaa bira jiru gama maraa funaanuudhaadhaan yaa’iinsi odeeffannoo ykn qunnamtii ka-lamee akka ta’u taasisa.
- Qorannoon hojii Hariiroo hawaasaa keessatti gaggeeffamu yaada fi fedhii hawaasa Hariiroo hawaasaa funaanuudhaan hojichi tarsiima’aa akka ta’u taasisa.
- Hojii Hariiroo hawaasaa keessatti qorannoon bu’aalee garaa garaa akka mul’isnuuf Akkasumas bu’a qabeesummaa fi hojii hojjatame madaaluuf garagaara.
- Duulli Hariiroo hawaasaa haala barbaadamuu fi kaayyoo barbaadame akka fiixaan baasuuf.
- Hojiin hoggansaa dhaabbata tokkoo haala tarsiima’aan akka adeemuuf.
- Raawwii hojii Hariiroo hawaasaa madaaluudhaaf.

2.1.2 Akaakuu qorannoo Hariiroo Hawaasaa (Forms of Research in PR)

2.1.2.1 Qorannoo idilee (formal research)

Hojii hariiroo hawaasaa keessatti qorannoo idilee gaggeessuu baay’ee barbaachisaadha. Qorannoon idilee hojii Hariiroo hawaasaa keessatti gaggeeffamu ragaaleen karaa laakkofsootaa fi istaatiksiitiin kan qindaa’anii fi ragaa gadi fageenyaa argachuudhaa fi yaada hawaasaa funaanuuf kan hojjatamuu yoo ta’u, hojii kana keessatti qorannoon idilee itti karoorfamee kan gaggeeffamuu fi qunnamtii (communication) qaama qoratuuf fi ragaan irraa funaanamu gidduu jiru xiyyeeffannoon haalaan kan itti kennamuudha.

2.1.2.2 Qorannoo Al- idilee (informal research)

Ogeessonni Hariiroo hawaasaa hedduun qorannoon al- idilee hojii Hariiroo hawaasaa keessatti kan geggeessan yoo ta’u qorannoon kunis yaadaa hawaasaa fi odeeffannoowwan garaa garaa funaanuudhaaf barbaachisaa kan ta’ee fi karaa waliin dubbachuutiin (conversational) ta’een kan gaggeeffamuudha. Qorannoon kun gaaffilee garaa garaa gaafachuu fi hawaasa keessaa fi

alaa wajjiin marii garaa garaa gaggeessuudhaan kan gaggeeffamuudha. Innis akka qorannoo idilee ragaaleen kara Istaatiksii fi lakkoofsootaatiin kan ibsamani miti. Hojii Hariiroo hawaasaa keessatti qorannoon al idilee yeroo maraa kan gaggeeffamu waan ta'eef yeroo baay'ee itti karoorfamee kan gaggeeffamu miti. Qorannoo kana keessattis qorannoowwan akaakuu armaan gadii gaggeessuu dandeenya:-

2.1.2.2.1 Qorannoo madda lammaffaa/mana kitaaba (Secondary/Library Research)

Qorannoon madda lammaffaa kan gaggeeffamu akka qorannoo madda tokkoffaa ragaalee/maddoota odeeffannoo duraa (primary source) fayyadamuun osoo hin taane, ragaalee maddootaa lammaffaa jiran fayyadamuudhaan kan gaggeeffamuudha. Maddoonni kunneenis:-

- Maxxansaalee garaa garaa kanneen akka Gaazexaa, barruu, ragaalee walii galtee daldalaa, wabiilee mana kitaaba, toora internetii fi kkf
- Ragaawwan dhaabbatichaa kanneen akka gabaasa waggaa, gabaasa mallaqaa, fi odeeffannoowwan dhaabbatichaa fi kanneen biroo
- Galmeewwan mootummaan dhaabbaticharratti qabu fi kkf.

2.1.2.2.2 Qorannoo yaad-gabbisaa (Feedback Research)

Yaadonni qeeqaa fi ijaarsaa garaa garaa qaamota dhimmi ilaalu irraa gara dhaabbataatti karaa xalayoota, bilbilaa fi ergaa toora internetii (E-mail) tiin dhufan qaaccessuudhaan qorannoo gaggeessun ni danada'ama.

2.1.2.2.3 Qorannoo qunnamtiiwwan duraan gaggeefamamanii (Communication Audits research)

Qorannoon qunnamtiiwwan duraan gaggeefamamaniikan adeemsifamu qunnamtiiwwan duraan hawaasaaf ergaa dabarsuuf gaggeeffaman itti fuufiinsaan ergamaa fi galma barbaadamaniif san akkamitti akka fiixaan baasan madaaluudhaaf. Qorannicha gaggeessuufis ragaalee qunnamtii gaggeeffamanii fi Af-gaaffiiwwan namoota dhimmi ilaalu wajjiin gaggeeffaman sakatta'uun barbaachisaadha. Qorannoon qunnamtii gaggeeffamee kunis erga raawwatamee booda gaaffilee **shanan** armaan gadii deebisuu qaba:-

- ✧ Qooda fudhattoota isaa ilaalchisee galmoonni dhaabbatichaan qabaman maal fa'a?
- ✧ Galmoota qabaman kanneen bira gahuudhaaf dhaabbatichi qunnamtiiwwan akkamii fayyadamuu qaba?
- ✧ Galmoota qabaman bira gahuudhaaf qunnamtiin sirritti hojjachaa jiruu kami?
- ✧ Galmoota qabaman bira gahuudhaaf qunnamtiin sirritti hojjachaa hin jirre kami?
- ✧ Argannoowwan qorannichaa irratti hundaa'uudhaan hojiin qunnamtii gara fulduraatti hojii irra ooluuf yabeeffamu maali?

2.1.2.2.4 Garee xiyyeeffannoo (Focus Groups)

Mariin garee xiyyeeffannoo qorannoo Al-idilee hojjachuudhaaf kan gargaaruu fi marii kana keessattis qoraataan namoonni inni filate dhimma qorannoon irratti gaggeeffamu sana irratti bifa mariitiin yaadaa isaanii akka kennaniif kan itti fayyadamuudha. Gareen xiyyeeffannoo hawaasa bal'aa bakka bu'uus yoo baatan, yaada ilaalcha, hubannoo, amalaa fi haala hawaasa tokko beekuudhaaf faaydaa guddaa qaba. Akkasumas, mariin garee xiyyeeffannoo ragaa hammamtaa (quantitative data) caalaa ragaa qulqullaa'aa (qualitative data) funaanuudhaaf kan gargaaruudha. Faaydaan guddaan isaa qorannicha keessatti kallattiidhaan kan hirmaachisuudha.

2.1.3 Qorannoo hammamtaa (Quantitative Research)

Qorannoo Hariiroo hawaasaa keessatti Qorannoon hammamtaa/lakkoofsaa gaggeessuun barbaachisaadha. Qorannoon kunis mala saayinsawaafi tooftaa gaariin yaadaa fi dhimmoota hawasaa gara garaa ragaa isaanii karaa lakkoofsotaatiin funaanname qaacceessuun hammam

dhaabbataa fi hawaasa gidduu hariiroon gaariin akka jiru beekuu fi gara fulduraattis hawaasa wajjiin caalatti hariiroo gaarii ijaaruuf akkamitti hojjatamuu akka qabu xiinxaluuf kan fayyaduudha. Innis maloota armaan gadii gargaaramuudhaan gaggeeffamuu danda'a:-

- Sakatta'a bilbilaa (Telephone survey)
- Sakatta'a ragaa toora interneetii (internet based survey)
- Sakatta'a xalayootaa (mail survey)
- Qaaccessa qabiyyee odeeffannoowwan miidiyaa (media content analysis)
- Sakatta'a waraqaa yaadaa irratti kennamuu fi galmee yaad-gabbisaa
- Ragaa bittaawwan raawwatamanii fi kkf.

2.1.4 Qorannoo qulqullaa'inaa (Qualitative Research)

Qorannoo qulqullaa'inaa hojii hariiroo hawaasaa keessatti gaggeeffamu akka qorannoo hammamtaa qaaccessa lakkoofsaan kan gaggeeffamu osoo hin taane, yaada ummataa irratti ragaa gadi fageenyaa funaanuudhaan qaaccessi qulqullaa'aan amansiisuu danda'u kan keessatti gaggeeffamuudha. Qorannoo kun gaaffilee "akkamitti?" fi "maaliif?" jedhu deebisuuf ogeessa hariiroo hawaasaa kan gargaaruu fi qorataanis yaada, ilaalcha, muuxannoo, fi kkf irratti hirmaatonni qorannichaa ragaa gadi fageenyaa akka kennaniif kan gargaaruudha. Innis maloota armaan gadii gargaaramuudhaan gaggeeffamuu danda'a:-

- Af-gaaffii gadi fageenyaa (In-depth interview)
- Marii garee xiyyeeffannoo (focus group)
- Xiinxala dhimmootaa (case studies)
- Daawwannaa hirmaataa (participant observation)
- Qeeqaawwan/komiiwwan karaa xalayootaatiin funaanaman fi kkf

2.1.5 Tooftaalee Qorannoo (Research Techniques)

Hojii Hariiroo hawaasaa keessatti qorannoo gaggeessuun odeeffannoowwan barbaachisoo ta'an funnaanuu qaaccessuu fi bu'aa argame irraati hundaa'uu haala walii gala hojichaa hogganaa duumuudha. Tooftaaleen armaan gadiis qorannoo hojii Hariiroo hawaasaa keessatti isaan gurguddoodha:-

2.1.5.1 Ragaalee dhaabbatichaa fayyadamuun (Organizational Materials)

Qorannoon haala kanaan raawwatamu ragaalee dhaabbatichaa duraan turan ilaaluudhaan kan gaggeeffamuudha. Ragaaleen kunneenis imaammata, haasawa duraan hoggantootaan taasifaman, barruulee, waraqaalee odeeffannoo fi gabaasaalee duraan dhaabbatichaan bahaa turan keessa deebiin ykn irra deebiin ilaaluudhaan odeeffannoo gadi fageenyaa waa'ee dhaabbatichaa argachuun haala hawaasa keessaa fi ala ittiin qunnamuu danda'an mijeessuuf gargaara.

2.1.5.2 Af-gaaffii (Interviewing)

Qorannoo Hariiroo hawaasaa keessatti Af-gaaffiiwwan gosa lama ni geggeeffamu. Isaanis Af-gaaffii akka tasaa gaggeeffamuu fi itti yaaddamee gaggeeffamuudha. Af-gaaffiin akka tasaa gaggeeffamu odeeffannoo gabaabaa funaanuu fi yaada fi ilaalcha ummaata ilaaluuf kan gaggeeffamuudha. Af-gaaffiin kun yeroo baayyee wal gahiiwwanii fi iddoowwaan gurgurtaa Omisha tokkootti heennasuma gaggeeffamuu kan danda'uu fi yaadaa namootaa waytii murtaa'e tokkotti funaanuuf kan fayyaduudha.

Gama biraatiin, Af-gaaffiin itti yaaddamee raawwatamu odeeffannoo bal'aa gadi fageenyaan funaanuuf kan gargaau yoo ta'u, qaamni Af-gaaffiin waliin gaggeeffamus beekumsaa, ogummaa, aangoo hoggantummaa fi kkf irratti hundaa'uudhaan xiyyooffannoodhaan kan filatamaniidha.

2.1.5.3 Mala mana kitaaba fayyadamuu (Library Methods)

Wayta qorannoon gaggeeffamu ragaalee/odeeffannoowwan garaa garaa akka wabiitti (reference) tajaajilan hedduu mana kitaaba keessaa argachuu dandeenya. Ragaalee kanneen dubbisuun ogeessonni Hariiroo hawaasaa beekumsa ogummaa isaanii cimsuu fi odeeffannoo qorannichaaf barbaachisan argachuu danda'u.

2.1.5.4 Qaaccessa qabiyyee (Content Analysis)

Qorannoon qaaccessa qabiyyee irratti hundaa'ee gaggeeffamu kunis odeeffannoowwan dhaabbatichi baase kanneen akka oduu suur-sagalee miidiyaalee tamsaasaa fi barreeffamaa miidiyaalee maxxansaatiin tamsa'an qabiyyee isaanii xinxaluun odeeffannoo sanaaf yaad-deebiin hawaasa irraa funaaname maal akka fakkaatu qaaceessuun qorannaa gaggeeffamuudha. Kanaanis sadarkaa dhaabbanni tokko hawaasa keessatti qabu beekuun ni danda'ama.

2.1.5.5 Garee xiyyeeffannoo (Focus Groups)

Garee xiyyeeffannoo kan jedhamu namoota saddeetii hanaga kudha lamaatti kan of keessaa qabuu fi namoonni kunneenis hawaasa bakka bu'uu danda'u jedhamanii yaaddaman kanneen akka: hojjattoota, fayyadamtoota, jiraattota naannawaa, haala mijeessitoota fi kanneen biroo yoo ta'an namoonni kunneen Dhimma/mata duree qorannichi irratti gaggeeffamu sana irratti akka mari'atan gochuun odeeffannoo fi hubannoo, kaka'umsaa namootaa fi ilaalcha garaa garaa hawaasni qabu beekuuf gargaara.

Qabxiileen armaan gadii marii garee xiyyeeffannoo gaggeessuuf kan garagaraaniidha:-

- Gaaffilee waliigalaa odeeffannoo barbaadame funaanuu danda'u qopheessuu
- Nama haala mijeessaa dandeettii Af-gaaffii gaggeessuu qabu tokko filachuu
- Namoota saddeetii hanga kudha lamaa ta'an hirmaachisuu
- Marii gaggeeffamu sagalee fi suur-sagaleen waraabuu
- Marii gaggeeffamu hordofuu
- Sa'aatii mariin itti gaggeeffamee xumuramu murteessuu (daqiiqaa 60-90 yoo ta'e filatamaadha)
- Mala furmaataa osoo hin taane rakkoolee, yaada, waan barbaadamurratti ifatti dubbachuu
- Ragaa sagalee fi suur-sagaleen waraabame gara barreeffamaatti deebisuun qindeessuu
- Marii gaggeeffamaerratti gabaasaa barreeffama qopheessuu

2.1.5.6 Bargaaffii (Questionnaire Design)

Qorannoo Hariiroo hawaasaa keessatti bar-gaaffiin kan qophaa'uu odeeffannoo karaa barreeffamaatiin hawaasa keessa funaanuuf kan gargaaru yoo ta'u bar-gaaffiin qophaa'u gaaffileen inni qabatu kan ifaa galeessa fi sadarkaan namoota odeeffannoo kennan sun addaan bahamee beekamuu qaba. Kana ta'ee yoo hin argamne namoonni deebii/odeeffannoo kennan gaaffiin bar-gaafficha keessatti barraahe yoo hin galleef gaaficha itti dhiisuu ykn kara ofii hubateen deebii barreessu danda'a. Akkasumas gaaffileen cufaan deebii "miti" fi "eyyee" dhaan deebi'an yoo baayyata odeeffannoo gadi fageenyaa argamisuu waaan hin dandeenyeef yaada hawaasaa gadi fageenyaan funaanuuf gaaffilee banaa garaa garaa qopheessuun barbaachisaadha.

2.1.5.7 Marsariitii/Toora internetii (InternetandWorldWideWeb)

Yeroo amma Marsariitiin/toorri interneetii qorannoowwan hedduun akka hojjatamaniif gargaaree jira. Odeeffannoowwan toora interneetii gubbatti gadi lakkifaman dhaabbileen garaa garaa qorannoo gurguddoo akka hojjataniif gahee guddaan taphachaa jira.

2.1.6 Karaalee namoota deebii/odeeffannoo Kennan qunnamamuun

(Waysof Reaching Respondents)

Qorannoo tokko gaggeessuudhaaf Odeeffannoo hawaasa irraa funaanuuf karaalee heddu fayyadamuu dandeenya.

2.1.6.1 Bargaaffii Poostaa (MailQuestionnaires)

Qorataan tokko hawaasa bala'aa fi fageenya irratti argamu irraa odeeffannoo sassaabuu yoo barbaade bar-gaaffii (questionnaire) qopheessuudhaan haala salphaa taa'een hawaasa irraa deebii/odeeffannoo qorannichaaf barbaadu funaannachuu danda'a. Akkasumas odeeffannoon haala kanaan funaanamu baasii salphaan kan gaafatu yoo ta'u, too'achuudhaaf garuu ulfaataa waan waan ta'eef bar-gaaffiiwwan rabsaman harca'uudhaan guutummaan guututti deebi'uu dhabuu danda'u.

2.1.6.2 Odeeffannoo bilbilaan sassaabamu (Telephone Surveys)

Kunis qorataan tokko ragaa barbaadu yeroo gabaabaa ykn hennasuma argachuuf baayyee gargaara. Odeeffannoo haala kanaan sassaabuuf qunnamtiin cimaan kan gaggeeffamuudha. Sababni isaas namni dhuunfaa tokko nama odeeffannoo irraa barbaadu bilbilaan haala gaarii ta'een dubbisee odeeffannoo irraa funaanuuf waan mijaa'uuf. Odeeffannoon bilbilaan sassaabamau kan Af-gaaffii qaamaan deemanii gaggeessan wajjiin wal bira qabamee yoo ilaalame baasii salphaa gaafata. Garuu, bilbilaa qaamota odeeffannoo irraa barbaannu hunda argachuun baayyee rakkisaadha. Kuni immoo hanqinna isaa keessaa isa tokko.

2.1.6.3 Af-gaaffii Matayyaa (Personal Interview)

Ragaan karaa Af-gaaffii dhuunfaatiin sassaabamu qaama beekumsa gahaa qabuun kan raawwatamuu fi iddoo namoonni ragaan irraa barbaadamuu qaamaan deemuudhaaf geejjiba waan barbaachisuuf kara kanaan ragaa sassaabuun baasii guddaa gaafata /qaaliidha. Garuu, iddoon qorataan jiruu fi namoonni ragaan/odeeffannoon irraa barbaadame Walitti dhihoo ykn salphumatti qunnamuun kan danda'amu yoo ta'e. baasii salphaadhaan odeeffannoo gadi fageenyaa funaanuuf baayyee filatamaadha.

Gaaffilee of madaallii

- Faaydaa qorannoon hojii Hariiroo hawaasaa keessatti qabu tarreessi.

- Akaakuuwwan qorannoo hojii Hariiroo hawaasaa barreessii Garaagarummaa isaaniis ibsi.
-
-
-

- Qabxiilee marii garee xiyyeeffannoo milkaa'aa gaggeessuuf gorfaman tarreessi.
-
-
-

- Qorannoo Hariiroo hawaasaa tokko gaggeessuun duratti qabxiilee xiinxalamuu qaban/xiyyeeffannoon itti kannamuu qabu tarreessi.
-
-
-

5. Tooftaalee Qorannoo hojii Hariiroo hawaasaa barreessii ibsi.

2.2 Karoora Hariiroo Hawaasaa (Public relations planning)

Hojiin Hariiroo hawaasaa haala tarsiima'aa ta'een yoo hogganame bu'aa fooyyee argamsiisa. Hariiroon hawaasaa tarsiima'aan kayyoo fi galma qabame akkasumas ergama (mission) dhaabbanni tokko qabate akka walii galaatti fiixaan baasuuf kan hojjatamuudha. Haala tarsiima'aa ta'een hojii Hariiroo hawaasaa hojjachuudhaaf, ogeessoni Hariiroo hawaasaa haala yeroo keessa jiran sana keessatti odeeffannoo sirrii argachuu, hawaasa adda baasuuf dandeettii cimaa qunnamtii qabaachuu qabu.

Boqonnaa tokkoffaa keessatti hiika Hariiroo hawaasaa wayta ilaalluu Hariiroo hawaasaa hojii itti karoorfamee raawwatamuu fi qunnamtii itti karoorfamee raawwatamu akka ta'ee ilaaltee jira. Kanaafuu, akkuma hiika isaa keessatti ilaalle hojiin Hariiroo hawaasaa hojii karoora sirrii barbaaduudha. Karoora Hariiroo hawaasaa tarsiima'aa ta'e baasuun baay'ee barbaachisaadha. Karoorri tarsima'aan Hariiroo hawaasaa sababiiwwan armaan gadiitiif barbaachisaadha.

- ❖ Milkaa'ina hojii walii gala hojjatamuuf.
- ❖ Kallattii nuti ittiin adeemuu barbaannu akka nu qabsiisuuf. Kana jechuunis karoorri sirriin tokko hojiin nuti hojjannu kallattii garaagraatti akka hin faffacaanee fi kallattii barbaanne sana qofarratti xiyyeeffannee akka hojjannuuf nu gargaara.
- ❖ Ogeessi Hariiroo hawaasaa tokko haala si'aa'ina qabuun hojiiilee akka hojjatuuf gargaara.
- ❖ Hojiin hariiroo hawaasaa akkaataa galma, Kaayyoo fi ergama dhaabbatichaa wajjiin akka deemuuf.
- ❖ Karoorri bahu hojiileen ogeessa hariiroo hawaasaatiin karoorfaman deeggarsa hoggansaa akka argataniif fi mirkanaa'an waan gargaaruuf, kun immoo hojiin karoorfaman haala cimina qabuun akka geggeeffamuu fi Qaamni dhaabbatichaa hunduu sagantaa bahe irratti hubannoo akka qabaatu taasisa.
- ❖ Karoorri tokko wayta karoorfamu maaltu akka barbaadame kan ibsu fi rakkoowwan mudachuu danda'anis akkamitti qolachuun akka danda'amu ni ibsamu. Kunis hojiin hojjatamu jalqabumarraa qajeellotti akka deemuuf gargaara.

- ❖ Karoorri baahu tokko hojiileen hiixatoon hojjataman yeroo dheeraa keessatti hojjatamuudhaan galma akka gahaniif gargaara.

Sagantaan Hariiroo hawaasaa wayita karoorfamutti hojiilee armaan gadii kan dhuunfatuudha.

- Hawaasaa barbaadamaa adda baasuu
- Sagantaa qunnamtii filatamaa fi baasii isaa adda baasuu
- Malootaa fi tarsiimoo ergaan darbuun gabbisuu
- Toora miidiyaa sirrii ta'e filachuu
- Yeroo sagantaan qabame sun itti xumuramu murteessuu
- Tarsiimoowwan qabamaniif baajata murteessuu.
- Sagantaa Hariiroo hawaasaa barreessuu.

Duula Hariiroo hawaasaa (PR Campaign) keessatti karoorra qindaa'aa/tarsiima'aadhaaf sadarkaaleen 4n armaan gadii murteessoodha:-

A. Haala jiru xiinxaluu (Research to Analyze the Situation)

Adeemsa hojii Hariiroo hawaasaa karoorsuu keessatti jalqaba irratti rakkoolee fi carraawwan gara fulduraatti mudachuu danda'an xiinxaluudha. Kunis odeeffannoo haala yeroo sanaa ibsuu danda'u funaanuuf qorannoo Idilees ta'ee Al-idilee gaggeessuu barbaada.

Fakkeenyaaf: warshaan keemikaalaa haaraan tokko hojii eegaluuf yoo jedhe naannawa itti hojjatu sanatti faalama keemikaalichi fiduu danda'uun lubbu qabeeyyiin garaa garaa miiidhamuu akka danda'an fi Hawaasa inni keessatti hojii eegaluuf jedhu biratti fudhatama qabaachuu fi dhabuu isaa akkasumas gufuuwwan isa mudachuu danda'an kan biroo irratti xiinxala /qorannoo gaggeessun barbaachisaadha.


Gama biraatiin karoora tarsiima'aa duula Hariiroo hawaasaa baasuun dura xiinxala haala (situation analysis) gaggeessudhaaf xiinxala SWOT (strengths, weakness, opportunity and threat) jecchuunis cimina, dadhabina, carraa fi sodaa gaggeessuun baay'ee barbaachisaadha.


Xiinxala 'SWOT' kanas bakka lamatti addaan goodnee ilaalu ni dandeenya. Inni tokko xiinxala keessaa (cimina fi dadhabina) yoo ta'u inni lammataa xiinxala alaa (carraa fi sodaa) dha. Xiinxala keessaa keessatti ciminaa fi dadhabina dhaabbata tokko haala yeroo sanaa irratti xiixala gaggeessuudha.

Fakkeenyaaf: Dhaabbanni tokko hojjattoota isaa haala gaariin kunuunsaa akka jiruu fi maallaqa gaariis horachaa akka jiru akka cimina isaatti beekuu fi hawaasa naannawa isaatti argamu wajjiin Walitti dhufeenya laafaa qabaachuu akka dadhabina isaatti beekuu danda'a.

Xiinxala alaa kan jedhaman carraa fi soda gara fulduraatti mudatu irraati hundaa'uun qorannaa gaggeessuudha. **Fakkeenyaaf:** Dhaabbanni tokko Omisha duraan omishaa ture cinatti waan haaraa kan biraa omishuun fedhii namootaa yoo guute carraa argate sanattia akka fayyadame ni beeka.

Akkasumas, hojii isaa keessatti waan miidhaa hawaasa irraan gahu yoo omishe ykn hojjate hawaasa wajjiin Walitti bu'uu fi yakkamuudhaan fudhatamummaan dhaabbatichaa gadi bu'uun maqaan dhaabatichaatis baduu danada'a. Kun immoo sodaa gara fulduraatti uumamuu danda'u jedhameeti xiinxalamuu qaba. Walumaa galatti duula Hariiroo hawaasaatiif karoora tarsiima'aa baasuudhaaf sadarkaa duraa keessatti qabxiilee kanneen irratti xiinxalli gaggeeffamuu qaba.





Fakkii 2.*Xiinxala SWOT (strengths, weakness, opportunity and threat)*

madda: (Andy Schmitz, 2012:90)

Odeeffannoon barbaadame fuunaanamee xiinxalli SWOT gaggeeffamee qorannichi erga xumuramee booda, buu'aawwan xiinxalichaa qaaccessuun karoora tarsiima'aa baasuudha. Kanaanis:-

- Cimina dhaabbatichi qabu fayyadamuun carraawwan alaa garaa garaattii fayyadamuu
- Cimina dhaabbatichi qabu fayyadamuun soda gara fulduratti mudachuu danda'u hambisuu.

- Rakkoowwan dhaabbatiichi qabu adda baasuun irratti hojjachuun carraawwan alaa garaa garaatti fayyadamuu
- Rakkoowwan dhaabbatiichi qabu furuun soda gara furduratti tilmaamamu hambisuu.

B. Karoora tarsiima'aa baasuu (Strategic Action Planning)

Hojii qunnamtii hawaasaa keessatti karoorri tarsiima'aan bahu rakkoolee qorannoo duraatiin mul'atan kan furuu danda'u ta'uu qaba. Kana jechuunis karoorichi bahe galma bira gahuuf yaadame irratti kan xiyyeeffate ta'uu qaba. *Fakkenyaaf*: dhaabbanni tokko Walitti dhufeenyi inni hawaasaa naannawa isaatti argamu wajjiin qabu akka dadhabinaatti yoo xiinxale, qunnamtii gaarii taasisuun haala Walitti dhufeenyi gaariin uumamuu danda'u irratti karoorsuudhaan Walitti dhufeenya gaarii hawaasa sana wajjiin uumuun kaayyoo fi galma qabate bira gahuu danda'a. Kana keessatti galmi qabamee karoorri sirriin akka bahuuf shoora olaanaa taphata. Galmi qabames karoora tarsiima'aa bahu qajeelchuudhaaf yoo fyyadu kaayyoleen karoorichaa immoo bu'aalee murtaa'oo safaramuu danda'an qajeelchuudhaaf fayyadu. Kaayyoon gaariin tokko haal-dureewwan armaan gadii kan guutuu ta'uu qaba:-

- ◆ Kaayyoon tokko akka bu'aatti/raawwitti galma qabame kan gargaaru ta'uu qaba.
- ◆ Kaayyoon tokko kan safaramu ta'uu qaba. Kana jechuunis kaayyoon dhaabbata tokko hojjattoonni Hariiroo hawaasaa dhaabbatiichaa kaayyichi qabame sun bira gahamaa akka jiruu fi hin jirre addaan baasanii beekuudhaaf kaayyichi qabame safaramee kan beekamu ta'uu qaba.
- ◆ Yeroo murtaa'e keessatti kan bira gahamu ta'uu qaba. Kaayyoon dhaabbanni tokko qabate daangaa yeroo yoo hin qabne safaramuu hin danda'u.
- ◆ Kaayyoon qabame tokko Hawaasa adda kan baasu ta'uu qaba. Kayyoolee dhaabbata tokko qabaman hawaasaan Walitti osoo hin hidhin tokko tokko isaaniitiin addaan baasuun barbaachisaadha. Sababni isaas kaayyolee qabaman keessatti Hawaasni akkamii/kami akka hirmaatuu addaan bahee beekamuu qaba.

Sadarkaa Karoora tarsiima'aa baasuu kana keessatti hojiileen armaan gadii kan hojjatamaniidha:-

I. Imaammataa fi kaayyoo dhaabbatichaa Walitti hidhuu/qindeessuu

Kana jechuunis imaamatni dhaabbata tokkoo karoorti irratti hundaa'uudhaan bahee fi kaayyoo dhaabbata sanaa waliin deemuu isaa mirkaneessuun barbaachisaadha. Yoo kaayyoo fi imaammata dhaabbatichi baafate kan waliin hin deemne ta'e karoorichi hojiitti hiikamuu hin danda'u. Sababni isaas, karoorti bahu tokko kaayyoo ykn galma yaaddame bira gahuudhaaf kan bahu waan ta'eef. Imaammannii fi kaayyoon dhaabbata tokko yoo waliin hin deemne karoora bahe irratti gufuu ta'a jechuudha. Kanaafuu, Ogeessi Hariiroo hawaasaa dhaabbata tokkoo kaayyoo fi imaamatni dhaabbata sanaa akka wal simu gochuun karoora tarsiima'aa bu'aa irratti xiyyeeffate baasuu qaba.

II. Hawaasa adda baasuu

Kunis hawaasa akkaataa armaan gadiitiin addaan baasuudha.

Argama iddootiin (geographic): hawaasa haala dhiheenya fi fageenya inni dhaabbata tokko irraa qabu irratti hundaa'uun adda baasuu.

Wal fakkeenya ummataa (demographic): haala galii, sadarkaa barnootaa, Koorniyaa, sabummaa fi kkf irratti hundaa'uun addaan baasuudha. Fakkeenyaaf: fedhiin dubartootaa fi dhiironni wantoota garaa garaa irratti qaban garaagraummaa qaba.

Ilaalcha (pschographic): Hawaasa akkaataa ilaalchaa fi haala jiruu fi jireenya isaanii irratti hundoofnee addaan bassuudha.

III. Fedhii hawaasaa irratti hundaa'uun qunnamtii gaggeessuu

Hawaasni akkatuma iddoo garaa garaa fi ilaalcha garaa garaa qabuun aadaa, duudhaa fi fedha garaa garaas qaba. Hawaasa amala garaa garaa qabu kana erga qorannoon irratti gaggeeffameen booda haala fedha isaanii irratti hundaa'een qunnamuudha.

IV. Toora qunnamtii filachuu

Kana jechuunis, erga qorannoodhaan hawaasa addaan baafnee booda, karaa/haala hawaasa bal'aa kana ittiin quunamuu dandeenyuun filachuudha. Kana keessattis miidiyaaleen akka Raadiyoo, TV, Gaazexaa, Barruu fi kanneen biroo ergaa barbaadame hawaasa biraan gahuuf gahee olaanaa qabu.

2.2.1 Karoora sagantaa Hariiroo hawaasaa

Akkuma armaan olitti ilaalle hojii Hariiroo hawaasaa kamuu dura qorannoon gaggeeffamuu qaba. Qorannoon gaggeeffame irratti hundaa'uu karoora tarsiima'aa baasuun barbaachisaadha.

2.2.1.1 Kaayyoo irratti hundaa'uun hogganuu (ManagementbyObjective(MBO))

Kaayyoo irratti hundaa'uun hogganuu wayta jedhamu, Hoggansi dhaabbata tokko kayyolee dhaabbatichaan qabaman irratti hundaa'uun gaggeeffamuu jechuudha. Sadarkaaleen saglan armaan gadii kaayyolee irratti hundaa'uudhaan hogganuudhaaf kanneen hordofamaniidha.

1. **Kaayyoo qaama qacaree (Client/Employerobjective):** faaydaan qunnamtii gageeffamuu maali? Akkasumas kaayyoon dhaabbatichaa maali?
B. Hawaasa /jamaa (Audience/Public): ergaan barbaadame eenyu bira gahuu qaba? Hawaasni Kaayyoo dhaabbatichi qabate galmaan gahuuf maal hojjachuu qaba?
C. Kaayyoo jamaa (Audienceobjective):jamaan maal beekuu barbaadu? Ergaan barbaadame akkaataa fedha isaaniitiin akkamitti bira gahuu danda'a?
D. Toora miidiyaa (Media channel): Hawaasa qunnamuudhaaf toorri sirriin isa kami? Tooronni miidiyaa hedduun ergaawwan hawaasa dabarfamuufii qaban akkamitti tamsaasu?

E. Kaayyoo Toorota miidiyaa (Mediachannelobjectives): Odeeffannoowwan kara miidiyaatiin hawaasaaf darbuuf barbaachise dhaabbileen miidiyaa akka oduutti dabarsuuf akkamitti ilaalu?

F. Madda odeeffannoo fi gaaffilee (Sourcesandquestions): Maddoonni odeeffannoo sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaa akkamiitu barbaachisu? Ogeessa kami wajjiin Af-gaaffiin gaggeeffamuu qaba?

G. Imaammata qunnamtii (Communicationstrategy): Haalota akkamiitu ergaawwa darbanitti gufuu ta'uu danda'a?

H. Dhiibbaa odeeffannichaa (Essenceof themessage): Ergaan darbuu barbaadame hawaasa irratti dhiibbaa akkamii qabaachuu danda'a?

I. Qunnamtii mit dubbii (Nonverbalsupport): Suuraawwaan, giraafii, fi hojjiileen Aartii garaa garaa ergaawwan baarreffamaa akkamitti deeggaru?

2.2.2 Caacculeewwan sagantaa karoorsuu (Elementsof ProgramPlanning)

Karoorri Hariiroo hawaasaa wayta bahu Caacculee saddeettan armaan gadii qabaachuu danda'a.

2.2.2.1 Haala (Situation)

Kaayyoon bu'a qabeessii tokko osoo haala jiru kara gadi fageenyaan hin qoranne bahuu hin qbu. Kunis kaayyoon qabame sun haala sirrii ta'een hojiin Hariiroo hawaasaa sun akka hojjetamuuf gargaara. Haalonni sadan armaan gadii amala karoora sagantaa Hariiroo hawaasaa tokko kan mul'isaniidha. Isaanis:-

- ✧ Dhaabbanni tokko karoora Walitti hidhamiinsa/fuufiinsa qabuun haala (situation) rakkoo fiduu danda'u too'achuu.
- ✧ Dhaabbatiichi yeroo tokko qofaaf pirojektii murta'aa tokko hojjachuu.
- ✧ Dhaabbatiichi humnuma isaatiin sirritti hojjachuun Maqaa gaarii ofii ijaaruuf fi deeggarsa ummata irraa argachuu.

2.2.2.2 Kaayyoo (Objectives)

Erga haalli/rakkoon tokko addaan bahee, sadarkaan itti aanu kaayyolee sagatichaa baasuudha. Kaayyooleen bahanis qabxiilee armaan gadiitiin madaalamuu danda'u:-

- Haala jiru irratti kan xiyyeeffateedhaa?

- Dhugummaa fi bira gahamuu kan danda' amuu?
- Milkaa'ina argamu akkamitti safaruun danda'ama?

Kaayyoon gaariin qabamu tokko kan jalqabbiif bahu osoo hin taane bu'aa dhumaa fiduudhaaf ykn mul'isuudhaaf bahuu qaba. Fakkeenyaaf, kaayyoon laafaan tokko beeksisuudhaaf bahuu danda'a. Omisha beeksisuun garuu, isa dhumaa miti. Kaayyoon cimaan immoo, Omisha sana irratti Hawaasni hubannoo cimaa argachuudhaan maamiltoonni hedduun akka horataman yoo taaasise bu'aa isa dhumaa barbaadame jechuudha. Kayyoon Hariiroo hawaasaa gosa lamaatu jira. Isaanis:- Kaayyoo odeeffannoo uumuu fi Kaayyoo kaka'umsaa ti.

◆ **Kaayyoo odeeffannoo uumuu (InformationalObjective)**

Karoorri Hariiroo hawaasaaharki caalu haala (situation), taatee uumamee (event) fi Omisha tokkoratti odeeffannoo kennuuf fi hawaasaaf hubannoo uumuu irratti xiyyeeffata. Haa ta'uu malee, Kaayyoon odeeffannoo uumuu hangam akka milkaa'u safaruuf rakkisaadha. Sababni isaas, Hawaasni tokko odeeffannoo fi hubannoo argachuu fi dhiisuun baay'ee adda bahee waan hin beekamneef/hinsafaramneef.

◆ **Kaayyoo kaka'umsaa (MotivationalObjective)**

Duula Hariiroo hawaasaa keessatti Ilaalchaa fi amala hawaasaa jijjiiruun hawaasa keessatti kaka'umsa uumuun hamma tokko ulfaataa yoo ta'eeyyuu, kaayyoleen kaka'uumsa uumuudhaaf qabaman isa kan odeeffannoo uumuu caalaa safaramuu danda'u. Sababni isaas, hawaasa keessatti kaka'uumsi uumamu qabatamaan mul'achuu waan danda'uuf. Fakkeenyaaf, Hawaasni tokko hojiilee garaa garaa dhaabbata tokkoo keessatti hirmaannaa hoo'aa agarsiisuu, tola ooltummaa gara gara raawwachuu fi kkf irratti kaka'uumsi mul'achuu danda'a.

2.2.2.3 Jamaa (Audience)

Sagantaan Hojiin Hariiroo hawaasaa tokko kallattimaan hawaasa adda bahee beekkamu irratti kan xiyyeeffatee qajeelfame ta'uu qaba. Kunis, maloota sirrii sagantichi hojii irra akka ooluuf gargaaran baasuuf fayyada.

2.2.2.4 Tarsiimoo (Strategy)

Tarsiimoon tokko sagantaa Hariiroo hawaasaa keessatti kaayyoleen qabaman akkamitti galma gahuu akka danda'anii fi haala walii gala sagantichaa kan qajeechuudha. Kaayyoo fi hawaasaa

(audience) tokkorratti hundaa' uudhaan tarsiimoon sagantaa Hariiroo hawaasaa walii gala ykn hedduu bahuu danada'u.

2.2.2.5 Mala murtaa'aa (Tactics)

Mala murtaa'aa (tactic) kan jedhaman mala hojiilee gooree (specific) ta'an hojjachuudhaan kaayyoo qabame galmaan gahuuf fayyadamnuudha. Maloonni kunneenis:- Ibsa gaazexeessumaa qopheessuu, waraqaa odeeffannoo qopheessuun rabsuu, barruu (magazine) yeroo murtaa'etti maxxansuu fi kkf.

2.2.2.6 Kaalendarii/ Gabatee yeroo (Calendar/Timetable)

Sagantaa Hariiroo hawaasaa wayta karoorfamu qabxiileen armaan gadii xiyyeeffatamuu qabu:-

- Duulli Hariiroo hawaasaa yoom akka gaggeeffamu murteessuu.
- Wal duraa duuba hojiilee hojjatamanii adda baasuun.
- Sadarkaalee garaa garaa hojiileen garaa garaa keessa darbanii omishni ykn firiin dhumaa itti mula'atu qindeessuu.

Qabxiileen armaan gadii hunduu sagantichi haala fooyyee qabuun akka gaggeeffamuuf murteessoodha.

- **Duula Hariiroo hawaasaa saganteessuu (Timing of a Campaign)**

Sagantaan tokko wayta karoorfamu/saganteeffamu haalli yeroo sanaa xiinxalamuu qaba. Fakkeenyaaf, dhaabbanni tokko Omisha yeroo ayyaanotaa barbaachisan duraan jirurratti dabalee Omisha haaraa isa biraa yoo omishe Omisha kan beeksisuuf guyyaa ayyaanaa san Omisha duraan qabu san gurguruun ykn beeksisuun isa haaraa omishe sanallee beeksisuuf ykn gurguruuf carraa argata.

- **Maloota murta'oo saganteessuu (Scheduling of Tactics)**

Sadarkaan lammataa saganteessuu keessatti ilaalamu malleen garaa garaa saganticha milkeessuuf yaaddaman saganteessuudha.

- **Yeroo/kaalendera hojiin itti raawwatamu qindeessuu (Compiling a Calendar)**

Hojiileen saganticha keessatti qabaman/karoorfaman haala sirriidhaan yeroo/guyyaa hojjatamuudhaaf itti karoorfamanitti akka hojjatamniif sagantaan/yeroon itti hojjataman addaan bahanii qindaa'uu qabu.

2.2.2.7 Baajeta/baasii (Budget)

Sagantaan duula Hariiroo hawaasaa gaggeeffamuu barbaadame baasii meeqaa akka gaafatu addaan bahee beekamuu qaba.

2.2.2.8 Madaallii (Evaluation)

Madaalliin karoora Hariiroo hawaasa kallattimaan kayyoolee qabaman irratti hundaa'ee kan gaggeeffamudha. Haalli madaallii kanaas dhugaa, qabatamaa fi addaan bahee kan beekamu ta'uu qaba. Milkaa'ina duula Hariiroo hawaasaa tokko madaaluudhaaf qabxiileen armaan gadii murteessoodha:-

- **Uwwisa/ bira gahuu (Reach):-** Ergaan darbe sun hawaasa barbaadame bira gahee?
- **Beekumsa (Knowledge):-** Hawaasni dhaabbatichi hawaasa kooti jedhu sun waa'ee dhaabbatichaa ilaalchisee beekumsa akkamii qaba.
- **Hubannoo (understanding):-** Hawaasni ergaan darbeef ergaa san hubataniiruu?
- **Ilaalcha (attitude):-** ilaalchi hawaasaa kara sirrii ta'een ijaarramee?
- **Yaada (opinion):-** yaadni ummataa gara barbaadametti jijjiiramee?
- **Amala (Behaviour):-** Amalli hawaasaa akka barbaadamutti jijjiiramee?
- **Fedha (preference):-** Duula Hariiroo hawaasaa gaggeeffameen fedhiin hawaasaa guddatee?

Walumaagalatti, qabxiileen armaan gadii amaloota karoora gaarii galma yaadame tokko bira gahuuf baheeti:-

- Karoorri gaariin bu'aa safaramuu danda'u kan fiduudha.
- Yeroo murtaa'eef kan kroorfamuu
- Galma dhaabbatichi qabateen kan Walitti hidhamee/ kan wal hin faalleessineedha
- Karoorri gaariin dhugummaa irratti hundaa'ee kan karoorfamuudha
- Karoora jijjiiramuu danda'u ta'uu qaba.

Gaaffilee of madaallii

2.1 Haal-dureewwan kaayyoon gaariin hojii hariiroo hawaasaa tokko guutuu qabu tarreessii ibsi.

2.2 Akaakuuwwan Kaayyoo (objectives) hojii Hariiroo hawaasaa barreessi Garaagarummaa isaaniis ibsi.

2.3 Hojii Hariiroo hawaasaa keessatti Caacculeewwan sagantaa karoorsuu (Elementsof ProgramPlanning) tarreessii ibsi.

4. Hojii hariiroo hawaasaa keessatti Kaayyoo irratti hundaa' uun hogganuu jechuun maal akka ta'e bal'inaan ibsi.

2.3 Qunnamtii hariiroo hawaasaa (Public Relations Communication)

Adeemsa hojii Hariiroo hawaasaa keessatti qorannoo fi karoorri erga bahee sadarkaan sadaffaan qunnamtiidha. Sagantaan Hariiroo hawaasaa gaariin qunnamtii fi hojii irra oolmaa gochaa (action) kan qabuudha. Hojiilee Hariiroo hawaasaa keessatti qunnamtiin gaariin kan uumamuun wanti qorannoodhaan argame gara gochaatti hiikaamaa yoo deemeedha.

Sagantaan Hariiroo hawaasaa gaariin qunnamtii fi wanta karoofames hojiiti kan hiikuudhaan wanta karoofame sana qabatamaan hojii irra oolchuudha. Kunis karoorichi qabame yeroo fi baajata qabame wajjiin wal simuu isaa xiinxalliin kan keessatti gaggeeffamuudha.

Qunnamtiin karaa murteewwan garaa garaa hojii irra ittiin oolanii fi kaayyoleen qabaman galma ittiin gahaniidha. Fakkeenyaaf, maloonnii murtaa'oon (tactic) akka:-Ibsa gaazexeessumaa, waraqaa odeeffannoo, barruu (magazine), biroosherii, poosterii fi kkf karaalee hawaasa ittiin qunnamnuudha. Galmi guddaan qunnamtiin gaggeeffamuufis, hawaasaf odeeffannoo kennuu, amanisiisuu, kaka'uumsa uumuufi wali hubannoo waliinii (mutual understanding) uumuudha. Qunnamtiin gaggeeffamu tokkos hojiilee armaan gadii irratti kan hundaa'uudha:-

- ❖ Ergaa darbuu qabu qopheessuu
- ❖ Miidiyaa ergaan ittiin darbuu filachuu fi
- ❖ Baajata qunnamtii gaggeessuuf oolu fayyadamuun qunnamtii gaggeessuu

Hojii Hariiroo hawaasaa keessatti akka **James Grunig** ibsutti qunnamtii kaayyolee armaan gadiitiif gaggeeffamaa:-

- ❖ Ergaa/odeeffannoo argachuudhaaf
- ❖ Odeeffannoon sirrii akka tamsa'uuf
- ❖ Ergaan tokko fudhatamummaan akka argatuuf
- ❖ Ilaalcha jijjiiruudhaaf
- ❖ Haalli hojii ittiin hojjatan akka jijjiiramuuf.

2.3.1 Sadarkaalee qunnamtii barbaachisoo ta'an (Important Steps in Communication)

Ogeeyyonni Hariiroo hawaasaa qunnamtii cimaa fi sirrii ta'ee gaggeessuuf gaaffilee armaan gadii of gaafachuu qabu:-

- ❖ Qunnamtichi gaggeeffamu sirriidhaa?
- ❖ Qunnamtichi gaggeeffamu hiika qabeessaa?
- ❖ Qunnamtichi gaggeeffamu kan hubatamuu?
- ❖ Qunnamtichi gaggeeffamu kan yaadatamuu?
- ❖ Qunnamtichi gaggeeffamu kan amanamuu?

Gaaffilee kanneenii fi kan biroo gaaffachuun qunnamtichi gaggeeffamu rakkoo yoo qabaate akka fooyya'uu gochuun ni danda'ama. Ergaan tokko galma barbaadame bira gahe kan jedhamu karaa sirrii, hiika qabeessa fi hubatamuu danada'uun hawaasa bal'aa biratti yaadatamuu fi amanamuu ta'uun xiyyeeffannaa hawaasaa yoo hawateedha. Kana keessattis sadarkaaleen armaan gadii barbaachisoodha:-

2.3.1.1 Ergaa fudhachuu (ReceivingtheMessage)

Odeeffannoo haala cimina qabuun tamsaasuuf, qunnamtiin kal-lameen (two-way) baay'ee barbaachisaadha. Qunnamtiin kal-lameen namoota lamaa fi garee muraasa gidduutti gaggeeffamu baay'ee cimaadha. Sababni isaas, namoonni lamaan yoo waliin dubbatanii fi garee gidduutti mariin yoo gaggeeffamu qunnamtii isaanii keessatti wanti wal hin hubannes yoo jiraate hennesuma wal gaafachuu fi maallattoolee miti-dubbii (non verbal) gara garaa fayyadamuun qaamni gama lachuu hamma wali hubannoon waliinii uumamutti itti deemuu danada'u. Qunnamtiin hawaasa bal'aa (mass communication) kara miidiyaatiin gaggeeffamu cimina akkanaa dhabuu danda'a. Sababni isaas, Qaamni odeeffannoo dabarsuu (miidiyaa) fi fudhatu (hawaasa) gidduu fageenyi argamaa/iddoo (geographical) fi xiinsamuu (psychological) waan jiruuf yaad-gabbisa (feedback) hatattaamaa waan hin jirreef.

2.3.1.2 Xiyyeeffannoo kennuu (PayingAttention)

Tarsiimoon qunnamtii hojii Hariiroo hawaasaatiif bocamu tokko tokko hawaasa (audience) gosa lama kan hawwatu ta'uu qaba. Hawaasni kunneenis: - hawaasa si'aawaa odeeffannoo haalaan barbaadu fi hawaasa suutee (passive) odeeffannodhuma bahan hordofaniidha.

Kanaafuu, ogeeyyonni qunnamtii haala hawaasa lamaan kan ittiin qunnamaniin addaan baasanii irratti hojjachuu qabu.

Hawaasni suuteen (passive) ergaawwan haala addaa (style) qabu fi kalaqaa (creativity) of keessaa qaban jaalatu/hordofu. Kanaanis namoonni kunneen odeeffannoowwan suuraa nama harkisu, dhaadannoowwan hawattoo, beeksisoota karaa TV fi Raadiyootiin tamsa’anii fi odeeffannoo haalaan kalaqa of keessaa qabuun dhiyaate barbaadu.

Gama biraatiin, Hawaasni si’aawaan odeeffannoowwan bahan argachuudhaaf fi barbaadachuudhaaf qophaa’oo kan ta’anii fi odeeffannoowwan dabalataa garaa garaas kan barbaadaniidha. Kanaanis Gaazexaawwaan odeeffannoo gadi fageenyaa qabataniin bahan, Barruulee, Biroosheroota fi kkf kan hordofaniidha.

2.3.1.3 Ergaa amanu (Believing the Message)

Hojii qunnamtii keessatti dhimmi guddaan wayta qunnamtii tokko qaamota lamaan giddutti gaggeeffamu qaamni ergaa ykn odeeffannoo dabarsu amanamoo ta’uu qaba. Kunis Qaamni odeeffannoo dabarse tokko dhimma sanarratti beekumsa gahaa qabaachuu isaa fi amanamaa ta’uu isaa hawaasni (audience) akka beekan xiinxaluun barbaachisaadha.

2.3.1.4 Ergaa yaadachuu (Remembering the Message)

Ergaa darbuu tokko akka yaadatamu taasisuuf haala gara garaa fi toora qunnamtii (communication channel) gara garaa fayyadamuun barbaachisaadha. Kunis haala (style) garaa garaa fi miidyaalee garaa garaatiin yoo dhiyaate sammuu hawaasaa (audience) keessatti irra deddeebi’amee akka yaadatamu taasisa.

2.3.1.5 Ergaa irratti hundaa’uun hojjachuu (Acting on the Message)

Kayyoon guddaan ergaa (message) tokko qaama ergaa fudhaturratti dhiibbaa uumuudha. Kana jechuunis ogeeyyonni hariiroo hawaasaa qunnamtii kan gaggeessaniif waa’ee dhaabbata isaanii irratti ilaalcha, hubannoo, yaadaa fi amaala hawasaa hamma tokko jijjiiruuf.

Gama biraatiin ergaan tokko wayta qophaa’u qabxiilee armaan gadii irratti xiyyeeffachuun barbaachisaadha:-

- **Iftoomina (clarity):-** ergaan barreeffamu/qophaa'u tokko haala nama hundaafuu hubatamuu danda'uu fi dogoggoroota irraa bilisa ta'een darbuu qaba.
- **Sirrummaan (correct):-** odeeffannoon ykn ergaan tokko qaamaota hedduun fudhtama argachuuf sirrii ta'uu qaba. Kana gochuufis ergaan darbuu barbaachise sun loogii tokko malee dhugaarratti hundaa'ee kan qophaa'e ta'uu qaba.
- **Gabaabinaan odeeffannoo ibsu (concise):-** kunis ergaan darbuu tokko yoo dheerate nuffisiisuu danada'a. Kanaafuu, karaa gabaabina/cimina qabuun odeeffannoo/ergaa san himuu/hubachiisuu danda'uu ta'uu qabna.

Gaaffilee of madaallii

1. Kayyoon qunnamtii hariiroo haawaasaa maali?

2. Sadarkaalee barbaachisoo hojii hariiroo hawaasaa keessatti qunnamtii gaarii gaggeessuu tarreessii ibsi.

2.4 Madaallii (Evaluation)

Madaalliin tooftaa kaayyoon qabamee fi galmi yaaddamee bira gahamuu fi gahamuu dhiisuu fi bu'aan barbaadame argamuu fi argamuu dhiisuu addaan itti baafnuudha. Sagantaan Hariiroohawaasaa qabame haala barbaadameen jijjiirama qabatamaa yoo mul'ise, sagantichaan booda qorannoo gaggeessuun cimina sagantichaa madaaluun barbaachisaadha.

2.4.1 Haaldureewwa madaallii Hariiroo Hawaasaa (Pre-requisites for Public Relations evaluation)

Hojii Hariiroo hawaasaa madaaluudhaaf haal-dureen inni jalqabaa kaayyoo (objectives) dhaabbatichaati. Kaayyoon dhaabbatichaa Kaayyoo odeeffannoo uumuu (informational objective) yoo ta'e, tooftaaleen safartuuwwan raawwii fayyadamnu hammam sagantichaan odeeffannoon barbaadame hawaasa barbaadame biraan akka gahe madaaluu dandeenya.

Akkasumas kaayyoon dhaabbatichaa Kaayyoo kaka'uumsa uumuu (motivational objectives) yoo ta'e, sagantaa Hariiroohawaasaa gaggeeffameen ilaalchi, amalli fi yaadni haawaasa sanaa jijjiramuu isaa qorannaa gageessuudhaan madaaluun ni danda'ama. Kaayyoon dhaabbanni tokko qabatu garaa garummaas yoo qabaate, qabxiileen armaan gadii gaffilee Ogeessi Hariiroohawaasaa hojii Hariiroo hawaasa madaaluudhaaf of gaafachuu danda'uudha.

- Sagantichi/hojiileen hojjatamuu qaban sirritti karoofamanii turaniiruu?
- Hawaasni odeeffannoon darbeef odeeffannicha hubateeraa?
- Imaammanni sagantichaa haala kamiin cimuu danda'a?
- Hawaasni kallattiidhaan odeeffannoon darbuufii qabuu fi isaan kuunis odeeffannicha argataniiruu?
- Kaayyoon dhaabbatchi barbaadu galma gaheera?
- Dhimmoonni galma gahiinsa sagantichaa ykn hojiileetti gufuu ta'aa turan maal fa'a?

- Sagantichi ykn hojiileen hojjatamuuf karoorfaman baajata qabameef wajjiin xumuramanii?
- Milkaa'ina hojiilee gara fuulduraatii fi hojiilee hojjataman fooyyessuudhaaf sadrkaaleen (steps) akkamii barbaachisa?

2.4.2 Sadarkaalee madaallii (Levels of Evaluation)

Ogeessonni Hariiroohawaasaa cimina fi dadhabina sagantaa isaanii madaaluudhaaf Sadarkaalee sadan madaallii armaan gadii fayyadamuun danda'u.

- ◆ **Sadarkaa 1^{ffaa}:** Madaalliisagantaa hojii Hariiroo hawaasa keessatti sadarkaan qophii meeshaalee qunnamtii (communication tools) fi ergaawwan darban madaaluun barbaachisaadha. Qophii meeshaalee qunnamtii kanneen akka: oduu, odeeffannoowwan Fiicharii (feature stories), suuraa (photos), xalayoota fi kkf yeroo murtaa'e keessatti qophaa'an laakka'uun qaaccessuu fi cimina ergaawwan Raadiyoo fi TVn darban madaaluudha.
- ◆ **Sadarkaa 2^{ffaa}:** Madaalliin sadarkaa lammataa irratti gaggeeffamu madaallii Hawaasni odeeffannoo darbe sana akka hubate madaaluudha. Sadarkaa kanatti ergaan darbe tokko kallattiidhaan hawaasa darbuu fi barbaadame sana bira gahuu fi gahuu dhiisuun isaa fi hawaasichi ergaa san hubachuu fi dhiisuu fi xiyyeffannoo itti kennuuf fi dhiisuun isaa kan madaalamuudha.
- ◆ **Sadarkaa 3^{ffaa}:** Madaalliin sadarkaa sadaffaa irratti gaggeeffamu madaallii Ilaalchaa, Yaadaa fi amalaati. Kana gochuufis qorannoon wal bira qabuu (baseline study) barbaachisaadha. Kana jechuunis sagantichi hojii irra ooluun duraa fi erga hojii irra oolee booda sagantichaan ilaachi, yaadni fi amalli hawaasaa akka jijjiirame madaaluudha.

2.4.3 Madaalliiwwan gooree (Specific Types of Evaluation)

2.4.3.1 Xiinxala dhimmootaa (Case Studies)

Xiinxalli dhimmoota muuxannoowwan Dhaabbileen biroo armaan dura qaban xiinxaluudhaan dhaabbanni tokko haala ykn taate dhaabbilee biroo mudatee ture irratti hundaa'uun hojiilee gara fulduraatti hojjatuuf akka fakkeenyaatti kan gargaaruudha.

Xiinxalli dhimmoota kunis kan gaggeeffamu hawaasa irratti xiyyeeffatame san ilaalcha inni qabu fi kanneen biroo ilaalchisee ragaalee hedduu dhaabbilee garaa garaa irraa funaanuudhaan. Xiinxalli dhimmaa (case study) keessumattuu muuxannoo gaarii dhaabbilee biroo argachuu fi gaaga'ama (crisis) too'achuu keessatti shooraa olaanaa qaba.

Akkasumas, Xiinxalli dhimmoota hojii Hariiroo hawaasaa keessatti rakkoo addaan baasuu fi toftaawwan garaa garaa fayyadamuun haala rakkolee mul'atan hambisuu fi furmaata gara fulduraa barbaaduuf kan gargaaruudha. *Fakkeenyaaf*, dhaabbata tokko irra gaaga'amni haala ittiin gahuu fi haala gaaga'amni tokko ittiin too'atamu danda'uu fi tarkaanfiiwwan gaaga'amicha too'achuuf fudhatamuu qaban addaan baasanii beekuuf xiinxalli dhimmoota barbaachisaadha.

Xiinxala dhimmoota Hariiroo hawaasaa gaggeessuuf caacculeen 4n armaan gadii murteessoodha:-

A. Qorannoo

Qorannoo keessatti rakkoowwan mul'atan addaan baasuun kaayyoo xiinxalicha gaggeeffamuu kaa'uudha.

B. Hawaasa

Ogeessi Hariiroo hawaasa hawaasa wanti xiinxalamu sun ilaallatu beekuu fi hawwaasni sun yaada akkamii akka qabu fi akkamittii fi miidiyaa akkamii fayyadamee hawaasa sana barsiisuu akka danda'u beekuun barbaachisaadha.

C. Gocha

Kana keessatti Ogeessi Hariiroo hawaasa wayta xiinxala raawwatu xiinxalichi karaa milkaawaa, gahumsa qabuufi yeroo jedhame keessatti akka gaggeeffamuuf gochoota ykn maloota akkamii fayyadamee akka raawwatu beekuu qaba.

D. Madaaluu

Xiinxalichi erga gaggeeffame booda bu'aan xiinxalichaa qorannoo keessatti rakkoowwan argaman haala furuun danda'amurratti kan xiyyeeffate ta'uu isaa madaaluun barbaachisaadha.

2.4.3.2 Qaaccessa uwwisa miidiyaa (Media Monitoring)

Hojii Hariiroo hawaasaa madaaluu keessatti qaaccessi odeeffannoowwan miidiyaan uwwisa argatanii barbaachisaadha. Kana keessattis odeeffannoowwan Akaakuu garaagaraatiin qophaa'anii miidiyaalee garaa garaatiin uwwisa argatan lakkaa'uun hojii Hariiroo hawaasaa madaaluun ni danada'ama. Haa ta'uu malee, oduuleen darban, teepii viidiyoon irratti waraabamee miidiyaaf ergamee fi barreefamoota odeeffannoo miidiyaaleedhaaf ergaman laakkofsa isaanii fi uwwisaa hammam akka argatan malee ciminna isaanii ykn hammam akka hawaasa keessatti hubannoo uumaniiran beekuun ulfaatadha. Fakkeenyaaf: odeeffannoon dhaabbanni tokko miidiyaaf erge keessaa ergaan murteessaan darbuu qabu osoo itti hin dabalamin yoo tamsa'e dhaabbani sun faaydaan guddaan inni tamsaasaa san irraa argatu hin jiru. Kana keessatti immoo wayta qaaccessa uwwisa miidiyaa gaggeessinu odeeffannoowwan darban lakkaa'uu malee ergaan murteessaan darbee hawaasa bira akka gahe beekuun ni ulfaata. Kanaaf qaaccessi uwwisa miidiyaa (media monitoring) hanqina akkasii qaba.

2.4.3.4 Qaaccessa qabiyyee ergaawwan miidiyaa (Media Content Analysis)

Qaaccessi qabiyyeewwan ergaa miidiyaa akkuma qaaccessa uwwisa miidiyaa hojii Hariiroo hawaasaa madaaluudhaaf kan gargaaruudha. Qaaccessi gaggeeffamu kunis akkaataa odeeffannoowwan qaaceffamaniitiin garaagarummaa qaba. Haa ta'uu malee, qaaceessi qabiyyeen ergaan miidiyaa tokko hawaasa kallattiidhaan darbuufii barbaadame sana bira gahuu, dhimma barbaadameef sana uwwisuu fi ergaa murteessaa darbuu barbaadame sun darbuu fi dhiisuu isaa kan itti madaalamuudha.

Qaaccessi kun odeeffannoowwan ykn ergaawwan miidiyaan darban madaaluu qofa osoo hin taane hojiilee gara fulduraa hojjatama karoorsoofis barbaachisaadha.

2.4.3.5 Sakatta'a dhaggeeffattoota/dubbistoota (Audience and Reader Surveys)

Sakatta'iinsi (survey) maloota/tooftaa qorannoowwan gara garaa gaggeessuudhaaf fayyadan keessaa isa tokkoodha. Fakkeenyaaf: sakatta'iinsi dubbistoota ilaalchisee gaggeeffamu haala dubbistoonni maxxansaalee fayyadaman qorachuu fi ilaalcha dubbistoota qorachuu irratti xiyyeeffata. Gama biraatiin sakatta'iinsi dhaggeeffattoota/hordofootaa (Audience survey) ergaodeeffannoon tokko tamsaasamee booda yoo ta'u innis dhiibbaa (impact) tamsaasichi hawaasa keessatti uumu madaaluudhaaf kan gaggeeffamudha.

2.4.3.6 Garee xiyyeeffannoo (Focus Groups)

Hojii Hariiroo hawaasa madaaluudhaaf mariin garee xiyyeeffannoo idilees ta'ee al-idilee gaggeessuun barbaachisaadha. Yaada namootaa sassaabuun yeroo baay'ee namoota muraasa irraa jalqaba. Kanaaf Ogeessi Hariiroo hawaasa rakkoo baajetaatiif jecha mariin garee xiyyeeffannoo itti yaaddamee qophaa'es yoo hin jirre, garee xiyyeeffannoo hatattaamaa ykn namoota muraasa irraa hojii gaggeeffame ilaalchisee yaada sassaabuu ni danda'a.

Walumaa galatti, sadarkaa kana keessatti ciminaa fi dadhabbina duula/sagantaa Hariiroo Hawaasaa madaaluudhaaf hojiileen armaan gadii kan hojjatamaniidha:-

- Bakka/haala duraa hojichi eegalee adda baasuun jijjiirama jiru ilaalu.
- Yeroon itti raawwatame yeroo karoorfametti ta'uu isaa addaan baasu.
- Meeshaalee safartuu filachuu.
- Odeeffannoo funaanaman qaaccessuu fi goolabaa fi yaboo kaa'uu fi kkf raawwachuudha.

Goolaba Boqonnaa

Boqonnaa lammaffaa kana keessatti Adeemsa hojii Hariiroo hawaasaa fi gahee hojiin Hariiroo hawaasaa hoggansa keessatti dhiyaataniiru.

Adeemsa hojichaa keessaa **qorannoon** haala (situation) dhaabbanni tokko keessa jiruu fi ogeessoni Hariiroo hawaasaa qorannoowwan akkamii akka gaggeessanii fi bu'aalee qorannoodhaan argaman gara qaama tarsiimoo dhaabbatichaa fiduudhaan milkaa'ina dhaabbatichaaf hojjachuun haala danda'amuun bal'inaan dhiyaateera.

Karoorri Hariiroo hawaasaa wayta bahu karoorra tarsiima'aa fi galma dhaabbatchi qabatee fi kaayyoowwan gurguddoo dhaabbatchaatiin kan wal hin faallessine ta'uu qaba. Karoorra kana keessattis hojiiileen hojjataman hunduu adda bahanii hojii irra oolmaa isaaniitis haalli ittiin madaalan jiraachuu qaba. Karoorri qindaa'aan/tarsiima'aan hojii walii gala gara fulduraatti dhaabbanni tokko hojjatu hogganuu fi kallatti itti gahee guddaa qaba.

Adeemsota hojii Hariiroo hawaasaa keessaa **Quunnamtiin** sadarkaa odeeffannoo/ergaa tokko toora qunnamtii filatamaa ta'een xiyyeeffannoodhaan hawaasa barbaadamuun gahamaniidha. Quummantiin (communication) gaggeeffamu kunis odeeffannoo waa'ee dhaabbata tokko hawaasa biraan gahuun Maqaa dhaabbata sanaa ol kaasuun maqaa gaarii dhaabbatichaa ijaaruu keessatti gahee guddaa qaba.

Madaalliin hojii Hariiroo hawaasaa adeemsota sadarkaa sadan keessa jiran irratti hundaa'uun kan gaggeeffamuudha. Kana keessattis madaalliiwwan gosa garaagaraa kanneen akka: qaaccessa qabiyyee fi uwwisaa ergaawwan miidiyaa, marii garee xiyyeeffannoo, sakatta'a dhaggeeffattoota/dubbistoota/hawaasaa fi kkf gaggeessuudhaan sagantaa ykn hojii qunnamtii hawaasaa karoorfame madaaluun barbaachisaadha.

Gaaffilee of madaallii

4. Adeemsa hojii qunnamtii hawaasaa keessatti Sadarkaalee jiran barreessi bal'inaan ibsi

5. Faaydaa Qunnamtiin (communication) hojiilee Hariiroo hawaasaa keessatti qabu ibsi

6. Gosoota Madaalliiwwan gara garaa hojii Hariiroo hawaasaa madaaluudhaaf fayyadan gadi fageenyaa ibsi

7. Akaakuuwwan qorannoo hojii hariiroo hawaasaa keessatti hojjataman Garaagarummaa isaanii wajjiin ibsi.

8. Hojiiwwaan Ogeessi/hogganaan qunnamtii dhaabbata tokko hojii Hariiroo hawaasaa ilaalchisee hojjatu tarreessi.

Boqonnaa 3

Ruqoolee fi caacculee Hariiroo Hawaasaa

(Components and Elements of Public Relation)

Seensa

Boqonnaa kana keessatti caaccuuwwan hojii Hariiroo Hawaasaa keessatti handhuuraa ta'an keessa hawaasni Hariiroo hawaasaa kan baratamuudha. Kanamalees, ruqooleen Hariiroo hawaasa kanneen akka: hariiroo miidiyaa, hariiroo hawaasaa, hariiroo hojjatootaa, Dhimma ummataa fi mootummaa, gaaga'ama too'achuu fi qunnamtii hawaasaatiif barreessuunii fi kanneen biroo bal'inaan ni dhiyaatu.

Kaayyoo Boqonnichaa

Xumura Boqonnaa kanatti barattoonni:-

- Hojii Hariiroo hawaasa keessatti Hawaasni akkamii akka jiru ni ibsu.
- Ruqoolee Hariiroo hawaasa ni tarreessu.
- Haala gaaga'amni dhaabbata tokko keessatti uumamuu danda'uun ni ibsu.
- Karoora gaaga'ama too'achuun danda'amuun ni baasu.
- Hojii Hariiroo hawaasatiif ni barreessuu.
- Haasawa hariiroo hawaasaa gaarii ni taasisu.

3.1 Hawaasa Hariiroo Hawaasaa (Publics in Public Relations)

3.1.1 Hiika Hawaasaa

Bara 1940n keessa Soshi'ologistiin Herbert Blumer fi Filoosooferra John Dewey jedhaman hiika Hawaasaa (public) kaa'aniiru. Hiika isaanii keessattis haawaasaa (publics) fi ummata bal'aa (mass) gargar baasaniiru. Akka ibsa isaaniitti, Ummanni bal'aan (mass society) wanti hedduun isaan Waliin qabaatan hin jiran. Akkasumas garaagarummaawwan hedduu osoo qabani wal keessa faca'anii kan jiraataniidha. Akka Yaadrimee Hariiroo hawaasaatti Ummanni bal'aan (mass society) kun wanti isaan walitti qaban yoo jiraate miidyaalee wal fakkaataa hordofuu ykn biyya ykn magaalaa tokko keessa jiraachuudha.

Faalla kanaatiin, namni dhuunfaa hawaasa (public) keessa jiru namoota biroo wajjiin waan waliinii (common) ta'e tokko kan qabuudha. Kunis rakkinaa fi dhimma waliinii biroo ta'uu danda'a. Hayyoonni hiika gabaabaa hawaasaa akka armaan gadiitti kaa'aniiru.

Public is “a group of people who are confronted by an issue, are divided in their ideas as to how to meet the issue and engaged in discussion over the issue”.


Public is “a group of people who face similar problem, recognize that the problem exists and organize to do something about the problem”.

Hiikaawwan lameen armaan olii keessatti hawaasa jechuun, garee namootaa yaada garaa garaa fi dhimma ykn rakkoo walfakkaataa qabaatee rakkoo ykn dhimma wal fakkaataa waliin qaban kanarrattis kan wajjiin mari'atanniidha.

Haalli hoggansaa dhaabbata tokko karaa sirrii ta'een yoo hin gaggeeffamane hawaasa keessaa fi alaa dhaabbatachaa irraan dhiibbaa geessa. Dhiibbaa gahu kanaanis rakkoon uumamuu danda'a. Rakkinichi uumamus hawaasa hundaa miidha waan ta'eef rakkoo uumame kana waliin kan qooddataniifi haala rakkinicha ofirraa qolachuu danda'amuun irrattis marii kan gaggeessannidha.

Gahee dhaabbata tokko keessatti qaban irratti hundaa'uun Hawaasni Walitti hidhata (Link) 4n armaan gadii qaba:-

- **Hidhata dandeessiftuu (Enabling linkage):** isaan kunneenis qaamota akka:- Qooda fudhattoota (stockholders), Qaama seera baaftuu mootummaa (state legislature), Boordii daayirekterootaa (board of directors) fi kkf.
- **Hidhata fayyadduu (Functional linkage):** isaanis Hojjattoota, waldaalee dhiyeessitoota, fayyadamtoota, ogeessota bittaa (industrial purchasers), fayyadamtoota tajaajilaa, namoota hojjattoota qacaran (employers)
- **Hidhata jaarmiyaa (Normative linkage):** Isaan kunneenis: waldaalee, gareewwan siyaasaa, fi waldaalee ogummaa (professional societies) fi kkf.
- **Hidhata faffaca'aa (Diffused linkages):** isaan kunis: hojjattoota kunuunsa naannoo, jiraattota naannoo, barattoota, dhaabbilee miidiyaa, Dhaabbilee Mit mootummaa fi hawaasa birooti.



Fakkii: *Moodelii hidhata dhaabbataa fi hawaasaa Grunig (1984)*

3.1.2 Akaakuu Hawaasa Hariiroo Hawaasaa

Grunig fi Hunt (1984) haala hubannoo hawaasaa irraati hundaa'udhaan hawaasa Hariiroo Hawaasaa akka armaan gadiitti qoqqoodanii jiru:-

3.1.2.1 Miti hawaasa (Non public)

Hawaasni Hariiroo hawaasaa miti hawaasa jedhaman, hawaasa dhiibbaan tokkollee sababa dhaabbata naannawa isaanii jiru sanaan isaan irra hin geenyee fi isaanis dhiibba tokko illee dhaabbatichaa isaan keessa jiru sanarran gahuu hin dandeenuyedha. Fakkeenyaaf konkolaataan fe'uumsaa kan meeshaalee Finfinnee irraa fuudhee gara magaalaa Mooyalee

geessu dhiibbaan inni Yunivarsiitii Dillaa irraan gahu laafaadha.gama biraatiin konkolaataan ummataa nama fe'ee magaalaa Dillaa irraa hanga Finfinneetti deemu Yuniversiitii Dillaarraan Dhiibbaa geessuu danda'a.

Kana keessatti konkolaattota lamaan kana wal bira qabnee yoo ilaallu, inni meeshaa fe'ee Finfinnee irraa hanga Mooyaleetitti deemu Dhiibbaa tokkollee Yuunivarsiitii Dillaan irraan gahuu kan hin dandeenyeen fi Yuunivarsitichis isarraan Dhiibbaa gahuu waan hin dandandeenyeef miti hawaasa Yunivarsiitii Dillaati jechuunii dandeenya. Haa ta'uu malee magaalaa Dillaatiif hawaasa ta'uu danda'a.

3.1.2.2 Hawaasa barfataa (latent public)

Hawaasni barfataan hawaasa dhaabbanni naannawa isaanii jiru sun dhiibbaa isaan irraan gahuu danda'uu fi isaanis dhiibbaa dhaabbaticarraan gahuu danda'aniidha. Isaan garuu, dhaabbatichi dhiibbaa isaan irraan geessuu akka danda'uu fi isaanis dhaabbaticarraatti dhiibbaa geessuu akka danda'an kan hubannoo hin qabne. Hojiin Hariiroo Hawaasaa hawaasa barfataa kana barsiisuuf/hubannoo kennuuf faaydaa olaanaa qaba. Haa ta'uu malee, Dhaabbileen hojiin isaan hojjatan hawaasarraan miidhaa geessu Hawaasni waa'ee isaanii akka hin beekne barbaadu. Kun garuu itti gaafatamummaa hawaasaa dhabuun naamusa ogummaa hariiroo hawaasaas kan cabsuudha.

- *Dhaabbileen gurguddoon biyya keenyaa Hawaasni waa'ee isaanii akka beekan ni barbaadu? Dhaabbileen hin barbaanne yoo jiraatan sababa maaliif laata? Xiinxali.*

3.1.2.3 Hawaasa hubate (Aware public)

Hawaasa hubate kan jedhaman hawaasa dhaabbata tokko irratti dhiibbaa akka geessisaniifi Dhiibbaa dhaabbatichis isaan irraan gahuu akka danda'u hamma tokko hubannoo qabu yoo ta'u, hawaasni kun hubannoo haa qabaatuuyyuu malee rakkoowwan uumaman qaama dhimmi ilaallatu wajjiin kan marii hin taasifneedha. Hojiin Hariiroo hawaasaa hawaasa kanarratti raawwatamu baay'ee dadhabsiisaa kan hin taane fi kaallattii itti agarsiisuun hubannoo isaanii daraan cimsuun ni danda'ama.

3.1.2.4 Hawaasa si'aawaa (Active public)

Hawaasni si'aawaan hawaasa rakkoowwanii fi dhimmoota garaa garaa uumaman irratti qaamota dhimmi ilaalu wajjiin mari'achuuf qophaa'oo ta'eedha. Hojiin Hariiroo hawaasaahawaasa kana wajjiin hojjatamu maqaa gaarii dhhaabta tokko ijaaruuf hedduu kan fayyadu waan ta'eef Ogeessi Hariiroo hawaasaahawaasa kana wajjiin hariiroo isaa cimsuun hawaasni biroos akka hawaasa kanatti ida'amuuf hojii hubannoo uumuu isaa cimsee hojjachuu qaba. Hawaasni si'aawaan (active public) akka armaan gadiitti qoodamuu danda'u:-

1. **Hawaasa dhimmoota hundaa (*All-issue publics*):-** hawaasni dhimmoota hundaa jedhamu kun hawaasa hojii dhaabbanni tokko hojjatau hundaa irratti dhiibaa geessuu danda'uudha. Kana jechuunis hojii guutuu dhaabbatichaa mormuu danda'u. Fakkeenyaaf, gareen farra humna Nikularii Addunyaa hojii Dhaabbileen ykn warshaaleen garaagaraa hojii humna Nikulariitiin wal qabatu akka hin hojjanneef guutuu Addunyaatti mormu.
2. **Hawaasa Dhimma qeenxee (*Single-issue publics*):-** kunis hawaasa si'aawaa hojii dhaabbanni tokko hojjaturratti dhimma qeenxee tokko ykn muraasa irratti dhiibbaa geessuu kan danda'aniidha.
3. **Hawaasa Dhimmoota Hoo'aa (*Hot-issue publics*):-**Gosti hawaasa si'aawaa kanaa hawaasa dhimmoota hoo'aa ta'an irratti hirmaachuudhaan deeggarsaa ykn mormii gaggeessuudhaan dhiibbaa uumuu kan danda'aniidha. Keessumattuu Hawaasni kun dhimmoonni hoo'aan dhaabbileen uuman uwwisa miidiyaa akka argataniif hawaasa shoora guddaa taphatuudha.

Erga haala hubannoo hawaasaa tokkoo adda baaseen booda Ogeessi Hariiroo hawaasaa tarsii moo sirrii hawaasaa kanneen qunnamuun baasuun qaba. Haa ta'uu malee, ogeessoonni Hariiroo hawaasaa hedduun saboota armaan gadiitiif osoo kana hin godhin hafu:-

- Sagantaa Hariiroo hawaasaa hawaasa mit hawaasaaf (non public) baasuun.

- Osoo qunnamtii gaarii hubannoo uumu hin gaggeessin hawaasni barfataan hawaasa hubate ykn hawaasa si'aawaa akka ta'u eeguu.
- Hawaasa hubateef odeeffannoon waa'ee dhaabbatichaa akka hin barbaachifnetti ilaaluun odeeffannoo dabarsuu dhiisuu. Qaamni biraa garuu odeeffannoo waa'ee dhaabbatichaa sirrii hin taane hawaasaaf dabarsuun Maqaa dhaabbatichaa balleessuu danda'a.
- Hawaasaa si'aawaa (active public) wajjiin yeroo yerotti wal qunnamuun kaka'umsa uumuu dhiisuu. Haawaasni si'aawaan yeroo yeroodhaan yoo qunnamaa hin kakaafne hubannoo isaa gadi bu'aa dhufuu danda'a.

Xiinxali

- ❖ *Mootummaan dimokiraatawaan hawaasa akkamii barbaada?*
- ❖ *Hawaasa akkamiittu mootummaa abba irreetti qormaata ta'uu danda'a?*
- ❖ *Babal'achuun hariiroo hawaasaa guddina biyya fi siyaasa keessatti gahee maali qaba?*
- ❖ *Hojiin hariiroo Hawaasaa dhaabbilee mootummaa keessatti hojjatamu Dhimma siyaasaati moo dantaa ummataatiif?*

Gama biraatiin, hayyoonni gara garaa Hawaasa Hariiroo hawaasaa akka armaan gadiitti tarreessaniiru:-

3.1.2.5 Hawaasa walqunnamsiiftuu (Intervening publics)

Hawaasni Hariiroo hawaasaagiddu deema jedhamu kan ergaa dhaabbata tokko fuudhee gara hawaasa dhaabbata sanaa isa birootti geessuudha. Garee hawaasa kanaa keessatti kan hammataman Dhaabbilee Miidiyaati.

3.1.2.6 Hawaasa Keessaa fi alaa (internal and external public)

Hawaasa keessaa kan jedhamu hojjattootaa yoo ta’u, Hawaasni alaa hawaasa dhaabbatichaan ala jiruufi jiraachuun isaas dhaabbata sanaaf murteessaa ta’eedha.

Fkn:- Yuunivarsiitii Dillaatiif hawaasa keessaa kan jedhaman Barattoota, Barsiisota, Hojjattoota bulchiinsaa, hojjattoota mana nyaataa barattootaa fi kkf yoo ta’an hawaasa alaa kan jedhaman kanneen akka hawaasa naannawa mooraa jiraatu fi barbaachisummaan isaanii olaanaa ta’e kanneen akka:- humna Ibsaa, ‘Ethio telecom’, Ministeera Barnootaa fi kanneen kkf dha.

3.1.2.7 Hawaasa biyya `keessaa fi idila addunyaa (domestic and international publics)

Hawaasa biyya keessaa kan jedhamu akkuma maqaan isaa ibsutti hawaasa biyya tokko keessaa jiraatu yoo ta’u, hawaasa biyya alaa jechuun immoo hawaasa daangaa biyya tokkoon ala jiraatu jechuudha. Akkatuma guddinni teknoolojii addunyaa keenyaa fooyya’aa deemaa jiruun yeroo ammaa dhaabbileen idila Addunyaa garaa garaas hawaasa biyya alaa (international) hedduu horachaa deemaa jiru.

3.2 Ruqoolee Hariiroo Hawaasaa (Components of Public Relations)

3.2.1 Hariiroo Miidiyaa (Media Relations)

Hojii Hariiroo hawaasaakeessatti hariiroon miidiyaa murteessaadha. Dhaabbileen miidiyaa akka too’attoota toora yaa’iinsa odeeffannoo (gatekeepers) tti waan tajaajilaniif hojii Hariiroo hawaasaakeessatti iddoo guddaa qabu.

Hojjattoonni miidiyaa kallattiidhaan hawaasa dhaabbata tokkos ta’uu yoo dhabaatan odeeffannoo waa’ee dhaabbata sanaa funaanuun dhaggeeffattoota ykn dubbistoota biraan gahu waan ta’eef hawaasaa dhaabbatichaa ta’u. Kutaan Hariiroo hawaasaadhaabbata tokko namoota gita hariiroo miidiyaa irratti hojjatan qabu. Kunis ogeessota qunnamtii odeeffannoo waa’ee dhaabbatichaa dhaabbilee miidiyaatiif barreessaaniin kan hojjatamuudha.

Dhaabbanni tokko odeeffannoo isaa miidiyaalee maxxansaa, tamsaasaa fi kan biraa fayyadamuun hawaasa biraan gaha. Kana keessatti odeeffannoowwanii fi ergaa dhaabbatichaa yeroo yerotti hawaasa biraan gahuuf Ogeessi Hariiroo hawaasaadhaabbata tokkoo walitti dhufeenya/hariiroo gaarii dhaabbilee miidiyaa fi namoota miidiyaa waliin qabaachuu qabau. Hariiroo gaarii hawaasa miidiyaa wajjiin qabaachuunis faaydaalee armaan gadii qaba:-

- Maqaa gaarii dhaabbataa fi Omisha dhaabbatichaa ijaaruuf
- Miidiyaalee biratti gurra/maqaa gaarii qabaachuuf
- Ilaalcha hawaasaa/maamiltoota jijjiiruuf
- Hariiroo hawaasa wajjiin jiru fooyyessuudhaaf
- Imaammata mootummaa akka fooyya' u gochuuf
- Dhaabbilee biroo wajjiin Walitti dhufeenya gaarii uumuudhaaf fi kkf.

3.2.2 Hariiroo hojjattoota (Employee Relations)

Ruqoolee hojii Hariiroo hawaasaakeessaa hariiroo Hojjattoota kan jedhu hariiroo dhaabbata fi hawaasaa keessaa (internal publics) gidduu jiruudha. Hariiroon Dhaabbanni tokko hawaasaa keessaa fi alaa wajjiin qabu milkaa'ina karoora isaatiif gahee murteessaa ta'e qaba.

Hojiin Dhaabbatni tokko hojjatu haala tasgabbaa'aa fi hojii bu'a qabeessummaa qabu mul'isuuf qunnamtiin keessoo (internal communication) gaariin hawaasa keessaa (internal publics) wajjiin jiraachuu qaba. Hawaasni keessaa /hojjattoonni/ hojii dhaabbata tokkootiif qooda fudhattoota murteessoo galma gahiinsa kaayyoo dhaabbata sanaatiif gahee olaanaa waan qabaniif yeroo hundumaa qunnamtiin gaariin kal-lamee ta'e isaanii fi dhaabbata gidduu jiraachuu qaba.

Hariiroon cimaan dhaabbata tokko fi hojjattoota isaa giddutti akka salphaatti waan uumamuu miti. Kana jechuun hojjattoota fi dhaabbata tokko giddutti wal hubatiinsa gaariin jiraatee karoorri dhaabbatichaan qabame akka galma gahuuf hojjattoota hundaa kakasuun hojii foyyee qabu fiduuf hojiin Hariiroo hawaasaacimaan barbaachisaadha.

Bu'aan hojii Hariiroo hawaasaagaarii hojjatamees kan mu'latu yoo hojjattoonni dhaabbatichaa miira guutuun karoora dhaabbatichi qabate milkeessanii fi dhaabbatichis bu'aa garii argachuudhaan maqaa gaarii isa hawaasa keessatti yoo ijaaree.

Kutaan Hariiroo hawaasaa (public relation department) dhaabbata tokkoo akaakuuwwan qunnamtii garaa garaa fayyadamuudhaan hawaasaa fi dhaabbata giddutti hariiroo ykn Walitti dhufeenya gaarii uumuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Karaalee hawaasa keessaa ittiin qunnamuun danda'amus: waraaqaa odeeffannoo (newsletters), Biroosherii (Brochure), Barruu (magazine), Gaazexaa (news paper), odeeffannoowwan suur-sagalee qopheessuudhaan imaammata fi faaydaawwan dhaabbatichaa hawaasa beeksisuun dhaabbata fi hawaasa isaa giddutti walittii dhufeeny/hariiroon gaariin akka jiraatu gochuun ni danda'ama.

Akka hawaasa keessatti, hojjattootoonni dhaabbata tokkoo hariiroo/hidhata fayyadduu (functional linkage) dhaabbata wajjiin waan qabaniif ogummaa fi humna barbaachisu gumaachuun dhaabbatichaaf akka galchuma (input)tti tajaajilu. Dhaabbanni tokko hojjattoonni isaa cimani yoo hojjataniin ala milkaa'uu hin danda'u.

Akkasumas, hojiin Hariiroo Hawaasaa Hojjattootaa fi hoggantoota dhaabbata tokko giddutti hariiroo gaarii uumuuf faaydaa olaanaa kan qabu yoo ta'u, keessumattuu dhaabbilee gurguddaa humni namaa keessatti baay'atu keessatti kan hojjattoonniifi hoggantoonni baay'inaan wal hin argine keessatti karoora dhaabbatichaan qabame milkeessuuf qaamni hunduu akka hirmaatuuf hojiin Hariiroo Hawaasaa bu'uura.

Hariiroo gaarii hooggantootaa dhaabbatichaa fi hojjattoota giddutti uumuuf Ogeessi Hariiroo Hawaasaa hojii amanamummaa qabu hojjachuun imaammataa fi tarsiimoo dhaabbatichaa addaan basee hojjattoota hubachiisuu qaba.

'Hendrix' (1995) akka ibsutti qunnamtiin keessoo dhaabbata tokko keessatti raawwatamu maqaa gaarii dhaabbata tokko ijaaruuf/ ol kaasuuf baay'ee barbaachisaa fi faaydaalee armaan gadiis qaba:-

- ❖ Hubannoo hojjattoonni hojjiileefi imaaammata dhaabbatichaa irratti qaban guddisuuf.
- ❖ Hojjattoonni ilaalcha gaarii dhaabbatichaaf akka qabaatan gochuuf.
- ❖ Yaad-gabbisa (feed back) hojjattoota irraa fudhachuuf.

3.2.3 Hariiroo hawaasaa (Community Relations)

Dhaabbanni tokko hawaasa keessa jiru wajjiin haala tasgabbaa'een jiraachuu fi Hawaasni naannawa dhaabbata jiraatu sun hojjiilee dhaabbatichi hojjatuun kallattiinis ta'ee al kaallattiin waan irraa fayyadamuun fi miidhamuu danda'uuf dhaabbatichi hojjiilee hojjatu keessatti Hawaasni naannawa isaatti argamu akka hirmaatu gochuu qaba.

Fudhatamummaa fi beekamtii hawaasaa keessatti argachuuf jecha dhaabbileen of beeksisuu fi hojii gaarii hojjachaa jiran baasii baasuudhaan hawaasaatti beeksisuu. Kun hariiroon gaariin hawaasaa fi dhaabbilee gidduutti akka uumamu taasisa. Kanaafuu, sagantaan hariiroo hawaasaa dhaabbata tokko dhaabbanni fi Hawaasni naannawaa wali irratti hundaa'anii/Walitti hirkatani (interdependent) akka jiraatan kan agarsiisuudha. Hojiiin hariiroo hawaasaa kunis hoggantoonni dhaabata tokko hawaasaa naannawa dhaabbatichaa jiru san qunnamuudhaan kan raawwatamudha.

Hariiroo hawaasa wajjiin qabu cimsuufis dhaabbanni tokko hawaasaa naannawa sana jiraatuuf bu'uraalee misoomaa garaa garaa tolchuu, manneen barnoota ummataa naannawa isaa jiru san deeggaruu, gargaarsa fi hojjiilee hawaasaa garaa garaa keessatti hirmaachuun hariiroo hawaasa wajjiin qabu daran cimsuudhaan hawaasa keessa jiraatu sana biratti beekamtii fi fudhatama guddaa argachuu danda'a.

'Cutlip' fi kanneen biroo (1985) akka ibsanitti hojjiilee armaan gadii hojii hawaasaa keessatti hirmaannaa waliinii guddisuuf hojjatamani:-

- **Hojii tola ooltummaa:** - hojjattoonni dhaabbata tokko hawaasa naannawa dhaabbatichaa jiru garagaaruuf hojii tola ooltummaa akka hojjatan taasisuu.
- **Gargaarsa mallaqaa:-** dhaabbilee fi hawaasa olla jiran ispoonsara gochuu fi garagaarsa maallaqaa kennuu.
- Odeeffannoo miidiyaalee dhiyeenya jiraniif kennuu.

- Maxxansaalee garaagaraa maxxansiisuun odeeffannoowwan garaagraa hawaasa dhiyeenya dhaabbatichaatti argamuun gahuu.
- Dhaadhessaawwan garaa garaa qopheessuun miidiyaalee dhiyeenya dhaabbatichaatti argaman irratti hojiilee fi omisha dhaabbatichaa dhaadhessuu.
- Qophiilee addaa qopheessuun hawaasa naannawa dhaabbatichaatti argamu affeeruun hawaasni miira hirmaannaa gaarii akka qabaatu gochuu.

Kanaafuu, hojiin Hariiroo hawaasaa hawaasa dhaabbatichi keessatti argamuu fi akkasumas dhaabbatichaa fi dhaabbilee biroo giddutti ollummaa/hariiroo gaarii uumuuf gahee guddaa qaba.

3.2.4 Dhimma hawaasaa fi hariiroo Mootummaa (Public Affairs and Government Relations)

Hoggantoonni dhaabbilee baay'een hojii bal'aa hariiroo hawaasaa xiyyeeffannoo keessa osoo hin galchin hojicha akka hojii odeeffannoo hawaasaaf tamsaasuu qofatti irratti xiyyeeffatutti ilaalu. Haa ta'uu malee, hojichi hojii dhimmoota garagraa of keessaati kan hammatuudha. Dhimma hawaasaa (public affair) jechuun imaammata hawaasaa qindaa'aa dhaabbanni dhuunfaa ykn mootummaa tokko baafatee sagantaa mootummaa fi isaa giddutti hariiroo garii uumuudhaaf gaggeeffamuudha. Imaammataa fi tarsiimoo hawaasa hirmaachisuu danda'u baasuudhaan waan hawaasni dhaabbatichaa irraa eegu hojjachuun barbaachisaadha.

Yeroo ammaa Dhaabbileen gurguddoon imaammanni isaan baafatan imaammata mootummaa wajjiin isaan hojjachiisuu danda'u fi imaammata mootummaatiin akka wal hin dhoofne dursanii imaammanni isaanii kan mootummaa wajjiin akka waliin deemutti baafataa jiru. Imaammata baafatan kanaanis dhimma hawaasaa (public affair) jedhuun. Kanaafuu, Hojiin hojjatamu imaammataa fi tarsiimoo mootummaa waliin kan deemu ta'uu isa xiyyeeffannoodhaan ilaalamuu qaba.

'Brian Harvey' (1995: 73) akka ibsutti hojiin Hariiroohawaasaa seektera mootummaa keessatti faaydaalee armaan gadii qaba:-

- Hojiilee mootummaan/abbootiin aangoo hojjachaa jiran irratti Hawaasni hubannoo akka argatu gochuuf
- Hojiilee mootummaan/abbootiin aangoo hojjachaa jiran irratti Hawaasni qeeqa akka dhiyeessuuf
- Haala mootummaan/abbootiin aangoo hawaasa bal'aa itti qunnamuu danda'an mijeessuuf
- Tarsiimoo fi imaammata mooummaa irratti Hawaasni hubannoo gaarii akka qabaatu gochuuf
- Yaadaa fi gaaffii ummataatiif mootummaan deebii akka kennuuf
- Imaamatni mootummaa tokko akka fooyya'u ykn jijjiiramuf

3.2.5 Hariiroo fayyadamtootaa fi dhiyeessitootaa (Consumer and Dealer Relations)

Fayyadamtoonni Omisha/tajaajila dhaabbata tokkoo mirgoota armaan gadii qabu:-

- ❖ Mirga nageenyi isaanii eeggamuu (the right to safety)
- ❖ Mirga sagaleen isaanii dhaggeeffatamuu (the right to be heard)
- ❖ Mirga filachuu (the right to choose)
- ❖ Mirga odeeffannoo argachuu (the right to be informed)

Mirgoota fayyadamtootaa kana eegsisuu fi hariiroon gaariin fayyadamtootaa fi dhaabbata gidduu akka jiraatu gochuuf sagantaa hariiroo fayyadamtoota bahu hojiilee armaan gadii kan of keessatti dhuunfatu ta'uu qaba:-

- Komii fi qeeqa fayyadamtoota/tajaajilamtoota irraa ka'u xiinxaluun furmaata kennuuf.
- Haala bittaa, Omisha fi tajaajila dhaabbatichaa ilaalchisee odeeffannoo sirrii fi qulqullina qabu fayyadamtootaaf/tajaajilamtootaaf tamsaasuu.

- Akka hawaasa keessatti, fayyadamtoota/tajaajilamtootaaf gorsa ykn Dhimma isaaniitiif dhaabbachuudhaan itti quufiinsa isaanii mirkaneessuu fi kkf.

Hojiileen armaan olii kunneen yoo gadi fageenyaan raawwataman hariiroon gaariin dhaabbataa fi fayyadamtoota/tajaajilamtoota giddutti uumamuu ni danda'a.

Akkasumas Hojiin hawaasaa keessumattuu dhaabbailee daldalaa ykn galii argamsiisan keessatti Omisha dhaabbata sanaa hawaasa bal'atti beeksisuufi dhiyeessitoota meeshaale dheedhii dhaabbatichaa dhiyeessan wajjiin hariiroo gaarii akka jiraatuuf murteessaadha.

'Cutlip, Center fi Broom' (1985) hojiin Hariiroo Hawaasaa dhaabbilee daldalaa keessatti dhiyeessitootaa fi fayyadamtoota ilaalchisanii hojjataman akka armaan gadiitti ibasanii jiru:-

- Omishaa fi tajaajila haaraa jalqabame hawaasatti beeksisuu.
- Omisha omishamaa jiruun wal qabsiisanii maqaa gaarii dhaabbatichaa ijaaruu.
- Dhimma daldala dhaabbatichaa ilaalchisee hawaasaaf haasa'a taasisuu.
- Dhimma daldala Dhaabbatichaa ilaalchisee yaada ummataa funaanuu.
- Fedhii fayyadamtootaa (consumers) irratti hundaa'uun hojjachuu.

Gama biraatiin, Hojiin Hariiroo Hawaasaa fayyadamtoota (consumer) wajjiin hojjatamu yeroo baay'ee akka Daldala beeksisuu (marketing) tti ilaalama. Sababni isaas, hojiin Daldala beeksisuu fedhii fayyadamtootaa (consumers) ykn maamiltootaa (customers) guutuun/addaan baasuun galii/bu'aa argamsiisuuf hojii hojjatamuudha. Kana keessatti immoo hojiin Hariiroo hawaasaa miidiyaalee garaagaraa fayyadamuudhaan maqaa gaarii dhaabbatichaa fi Omisha isaa olkaasuun maamiltootaa ykn fayyadamtoota hedduu horachuuf hojii hojjatamuudha.

Hojiileen armaan gadii Daldala beeksisuu keessatti gahee hojiin Hariiroo Hawaasaa qabuudha:-

- ✧ Dhimma Daldala dhaabbata tokkoo irratti haasawa daldalaa hawaasaaf taasisuuf dubbi himaa qindeessuu/qopheessuu

- ✧ Gabaadhaan wal qabatee yaada fayyadamtootaa funaanuu
- ✧ Dhimma Daldala beeksisuutiif miidiyaalee garaagaraa affeeruun gurgurtaan Omisha tokko akka dabaluuif hojjachuu
- ✧ Oduu waa'ee Omisha haaraa jalqabamee hawaasaaf dabarsuun maamiltoonni hedduu akka horatamaniif hojjachuu
- ✧ Maqaa gaarii dhaabbatichaa fi Omisha dhaabbatichaa ijaaruuf fi gaarummaa Omisha sanaa hawaassatti beeksisuu.

Walumaa galatti, hariiroon gaarii dhiyeessitootaa fi fayyadamtoota dhaabbata tokko giddutti uumuudhaaf ogeessi Hariiroo Hawaasaa karoora qindaa'aa baafatee hojjachuu qaba.

3.2.6 Hariiroo hawaasaa mallaqaa (Financial Public Relations)

Hojii dhaabbanni tokko hojjatu keessatti dhimmi mallaqaa dhimma murteessaadha. Kanaafuu, dhaabbata tokko keessatti dhimma maallaqaatiin wal qabatee hojiin Hariiroo Hawaasaa cimaan hojjatamuu qaba. Yoo kana hin taane dhaabbanni tokko kaayyoo fi galma qabate osoo hin milkeessin sababa hanqina maallaqatiif kufuu danda'a. Rakkoo kana hambisuufis Ogeessi Hariiroo Hawaasaa dhaabbata tokkoo yeroo yerotti xiinxala raawwii hojii fi maallaqa hojii irra oolee gaggeessuudhaan yeroo yerotti gorsa kennuu qaba. Kana jechuun Ogeessi Hariiroo Hawaasaa akka abbaa herregaatti maallaqa baasii fi galii ta'e too'ata jechuu miti.

Gama biraatiin, hojii Hariiroo Hawaasaa mallaqaan wal qabatu keessatti Ogeessi Hariiroo Hawaasaa raawwii hojii dhaabbata tokko ilaalchisee ibsa hawaasaa fi miidiyaadhaaf kennamuudhaaf Itti gaafatamaa dhaabbatichaatiin qophaa'u sirrummaan isaa madaalee haala hawaasa dhaabbatichaa fi Qooda fudhattoota (share holders) dhaabbata sanaa dogoggorsuu hin qabneen akka dhiyaatu gahee olaanaa taphata.

Kanaafuu, Ogeessi Hariiroo Hawaasaa dhimmoota mallaqaan wal qabatan kanneen akka qooda fudhattootaa (shareholders/stockholders), investeroota. Maddeen galii, Baankii fi kkf wajjiin hojjachuudhaan kufaatii gama maallaqaatiin dhufu too'achuu qaba.

3.2.7 Omisha beeksisuu (product publicity)

Ogeessi Hariiroo Hawaasaa miidiyaa kamiinuu fayyadamee Omisha dhaabbata tokko beeksisuudhaan maqaa gaarii dhaabbatichaa ijaaruu fi maamiltoonni hedduun akka horataman fi omishni dhaabbatichaa daraan akka gurguramuu fi beekamtii guddaa akka argatu gochuu qaba.

3.2.8 Maddaa galii guddisuuf (fund raising)

Hojiin Hariiroo Hawaasaa keessumattuu dhaabbilee galii hin argamsiisne keessatti maddoota galii garaa garaa barbaaduuf faaydaa qaba. Kanaafuu. Ogeessi Hariiroo Hawaasaa dhaabbilee galii hin argamsiisne keessaa hojjatu hojiilee tajaajila ummataaf kennan kanneen akka bu'uraalee misoomaa, tajaajila fayyaa fi kanneen biroo hawaasaaf diriirsuuf madda galii barbaadu qaba.

3.2.9 Gorsuu (Counselling)

Imaammata fi walitti dhufeenya/ hariiroo hawaasaa irratti hoggansaaf gorsa kennuu fi hojii dhaabbata tokko irratti hawaasa kakaasuudhaan qeeqa hawaasni dhaabbaticharratti kaasu hir'isuun ni danda'ama. Kana gochuufis Ogeessi Hariiroo Hawaasaa dhimmoota garaa garaa irratti Qaamolee garaa garaatiif gorsa kennuun galma gahiinsa karoora dhaabbata tokko keessatti shoora guddaa taphata.

3.2.10 Qorannoo (Research)

Ilaalchaa hawaasni dhaabata tokko irratti qabu fi karoora/tarsiimoo qindaa'aa hawaasa bu'uureeffate baasuudhaaf hojii Hariiroo Hawaasaa keessatti Qorannoo fi Qo'annoon garaa garaa gaggeeffamuun barbaachisaadha. Qorannoo fi Qo'annoon gaggeefamu kanarratti hundaa'ee ogeessi Hariiroo Hawaasaa tokko hojii hawaasa amansiissuu hojjachuu danda'a.

3.2.11 Qophiilee addaa qopheessuu (preparing special events)

Hojii Hariiroo Hawaasaa keessatti ogeessi Hariiroo Hawaasaa qophiilee addaa kanneen akka ibsa Gaazexeessummaa, Agarssiisa daladala (trade exhibition), sagantaa daawwannaa hojii,

waltajjii muuxannoo wal jijjiiraa fi kkf sagantaa dhaabbataadhan qindeessuun hojiin dhaabbatichaa karaa si'ataa ta'een akka deemu gochuu dirqama qaba.

3.3 Tooraawwanii qunnamtii hariiroo hawaasaa (media and tools of public relations)

Hojii hariiroo hawaasaa hojjachuuf akka Dhaadhessaa sabaahimaalee (miidiyaalee) qofa kan fayydamnu osoo hin taane tooraawwan garaa garaa fayydamuudhaan kan gaggeeffamuudha. Kunis kan ta'uu danda'eef hojichi caasaa bal'aa fi hawaasa garaa garaatiif toorri garaa garaa waan barbaachisuuf. Kanaafuu, Ogeessi hariiroo hawaasaa toora argate hundatti fayydamuudhaan odeeffannoo waa'ee dhaabbata ofii Hawaasni bekuu barbaadu hawaasa biraan gahuun Walitti dhufeenya guyya guyyaa dhaabbannii fi hawaasni qabu cimsaa deemuun barbaachisaadha.

Sabaahimaaleen (miidiyaaleen) akka Raadiyoo, TV, Gaazexaa, Barruu, marsariitii (toora interneetii), fiilmii, maxxansaaleen adda addaa isaan gurguddoo hojiin hariiroo hawaasaa ittiin hojjatamaniidha. Haa ta'uu malee, hojiin kun hojii bal'aa hawaasa bal'aa waliin hojjatamu waan ta'eef hojii kana hamma barbaadame hojjachuu fi wal hubannoo waliinii uumuudhaaf sabaa himaaleen qofti gahaa waan hin ta'iniif karaaleen (tooraawwan) garaa garaa fayyadamuun barbaachisaadha. Isaan armaan gadii Tooraawwan/karaalee hojiin hariiroo hawaasaa ittiin hojjatamuudha.

3.3.1 Toora/miidiyaa hariiroo hawaasaa Daldala (PR Marketing Media)

Isaan kunis tooraawwan/karaalee armaan gadiiti.

- **Sabaahima (mass media):-** Sabaahimaaleen odeeffannoowwan dhaabbatichaa kanneen akka omisha walii galaa, Omisha haaraa, argannoowwanii fi kkf hawaasa biraan gahuuf gahee guddaa qabu.

- **Maxxansaalee (publication):-**Kunneenis gabaasa Waggaa, biroosheroota, dokumentarii fiilmii, barruu dhaabbatichi maxxansuu, ragaalee suur-sagaleen maxxanfamanii fi kkf dha.
- **Taateewwan (events):-** Isaan kunis Ibsa Gaazexeessummaa (press conferences), seminaara(seminaaraa), agarsiisa (exhibition), kabaja hundeeffamaa (anniversaries), dorgommiiwwan, kabaja ayyaanota Aadaa fi kkf fayydamuudhaan odeeffannoo tokko hawaasa barbaanne biraan gahuu dandeenya.
- **Haasawa (speeches):-** dubbi himaa fi waajjirri dubbi himaa hawaasaaf haasaa taasisuudhaan walitti dhufeenyi gaariin dhaabbataa fi hawaasa gidduu akka jiraatu gochuu danda'u.
- **Oduu/odeeffannoo miidiyaaf ergamu (news release):-** dhaabbanni tokko odeeffannoo waa'ee hojii hojjatuu miidiyaaf erguun hawwasni bala'aan waa'ee dhaabbichaa akka beeku ykn hubatu taasisuudha.
- **Hojiilee tajaajila hawaasaa (public service activities):-** Dhaabbanni tokko hawaasa isaa keessatti fudhatamummaa guddisuuf hawaasa keessatti argamu sana keessaati hojiilee/tajaajila tolaa gargaa garaa irratti hirmaachuu danda'a. Kara kanaan Walitti dhufeenya hawaasa waliin qabu caalatti cimsachaa deema.
- **Tooraawwan eenyummaa (identity media):-** Isaan kunis meeshaalee garaa garaa eenyummaa ykn waan addaa dhaabbanni sun ittiin beekamuudha. Fkn. Loogoo (logo) dhaabbatichaa, uffata seeraa (uniform) haala ijaarsa gamoo, mallattoo poosteroota, waraqaalee daldalaa (business card) fi kkf dhaabbata tokko isa biraa irraa adda baasuuf ni gargaaru.

3.3.2 Toora Hariiroo Hojjattootaa (Employee Relations Media)

Akkuma hariiroo hawaasaa bal'aa alaatiif toorota garaa garaa fayyadamnu hawaasa keessaa ykn hojjattoota dhaabbataa tokko fi dhaabbatichaa giddutti hariiroon gaariin akka jiraatu gochuuf tooraawwan armaan gadii fayyadamuun dandeenya.

- ❖ **Maxxansaalee Hojjattootaa garaa garaa:-** isaan kunneenis kan armaan gadii ta'uu danda'u:
 - Maxxansaalee keessoo dhaabbaichaatti raabsaman
 - Gabaasa Waggaa/waraqaa odeeffannoo
 - Sanada qajeelfama Hojjattootaa fi kkf.
- ❖ **Muuziqaa:** - muuziqaan kaka'uumsaa Dhaabbata guddaa hojjattoota baayyee qabu keessatti kaka'uumsi hojii akka jiraatuuf muuziqaawwan hojjattoota hojitti kakaasan fayyadamuun hojjattoonni si'aa'inaan akka hojjataniif gargaara.
- ❖ **Agarsiisa Dhaabbata keessatti hojjattootaaf qophaa'u**
- ❖ **Kora, walgahii, workishooppiiwwan adda addaa**
- ❖ **Hoggantoota/bakka bu'oota Hojjattootaa:-** Bakka bu'oonni Hojjattootaa filataman komii fi yaada Hojjattootaa funaanuun gara qaama dhimmi ilaalutti geessun dhimmicharratti mariin akka taasifamu gochuun Walitti dhufeenyi gaariin dhaabbatichaa fi hojjattoota isaa gidduu akka jiraatu gochuu keessatti gahee guddaa taphatu.
- ❖ **Ergaa kallattii (direct mail):-** hogganaan olaanaan Dhaabbata tokkoo kallattimaan ergaa dabarsuu barbaadu hojjattoota dhaabbatichaatiif dabarsuun hojjattoonni hunduu ergaa sana akka hojii irra oolchan gochuu qaba. Wayta kanatti odeeffannoon ykn ergaan sun qaama birootiin giddu galummaan miliquu irraayis ni baraarama. Kun immoo hoggansaa fi hojjattoota giddutti waliin dubbiin kallaattii akka jiraatu waan taasisuuf Hojjattootaa fi hoggansa giddutti hariiroon gariin akka jiraatu godha.

Gaaffilee of madaallii

1. Hawaasa jechuun maal jechuudha? Bal'inaan ibsi.

2. Hidhataalee (linkages) Hawaasni Dhaabbata tokko wajjiin qabaachuu danda'u Afur barreessi ibsi.

3. Tooraawwanii fi meeshaalee hojiin hariiroo hawaasaa hojjatamuun tarreessii ibsi.

4. Akaakuuwwan hawaasa Hariiroo hawaasaa tarreessii ibsi.

5. Ruqoolee Hariiroo hawaasaa tarreessii hojiilee isaan keessatti hojjatamanis ibsi.

3.4 Hariiroo Hawaasaa fi Gaaga'ama too'achuu (Public Relations and Crisis Management)

Gaaga'amni ykn balaan jiruu fi jireenya namaa keessatti yoomiiyyuu kan hin dhabamneedha. Akka Ogeessi gaaga'amaa '*Steven Fink*' ibsutti gaaga'ama jechuun waytii ykn yeroo rakkoon tokko uumamee tasgabbiin itti dhabamuudha. Dabaluudhaanis *Fern-Banks (1996)* akka ibsutti gaaga'amni taatee dhaabbata, ummataa fi Maqaa gaarii Omisha tokko balleessuu fi dhiibbaa hammaataa geessuu danda'uudha.

Gama biraatiin, Gaaga'amni/balaan wanta ykn haala hojii dhaabbata tokko akka haala barbaadameen hin gaggeeffamne gufuu itti ta'u keessaa isa tokkoodha. Gaaga'amni uumamus dhaabbanni tokko haala tasgabbaa'een hojii akka hin hojjannee fi hojjattoonni dhaabbataichaas itti quufiinsa malee akka hojatan kan taasissuudha. Gaaga'amni (crisis) tokko balaa tasaa (accident) uumamu qofa osoo hin haallan (situation) karaa baay'eedhaan dhaabbata tokko irratti miidhaa geessuudhaan maqaa dhaabbataichaa balleessuudha.

Gaaga'amni amaloota armaan gadi qaba:-

- sodaachisaadha
- Kan naasisuudha
- Murtee yeroo gabaabaa barbaada
- Dhaabbata tokko ni barbadeessa
- Hojii karaa sirriin gaggeeffamaa jiru gufuu itti ta'a

3.4.1 Mul'istoota gaaga'amaa (Possible Indicators of crises)

Gaaga'amni tokko yoo mudate taateewwan armaan gadii ni mul'atu:-

- Hoggantoonni olaanoon dhaabbata tokko hojii gadi lakkisuu
- Hojjattoonni dhaabbata tokko yakkaawwan garaa garaatiin himatamuu
- Hojii dhaabata tokko irratti Hawaasni hiriira mormii bahuu
- Hawaasni tasgabbii dhabuu
- Dhabbatni tokko dirqama irraa eegamu bahuu dhabuu

- Karaalee adda addaati qabeenyi dhaabbata tokko saamamuu
- Hanqinni baajataa uumamuu/baajatni osoo yeroo ramadameef hin geenye dhumuu
- Dhaabbanni tokko hojjattoota isaa badii tokkoon alaa hojii irraa ari'uu/gadi lakkisiisuu
- Haalli (situation) dhaabbata tokkoo keessa jiru rakkoo siyaasaa fiduu.
- Hojiin dhaabbatichaa naannoo uumamaa (environment) irratti dhiibbaa geessuu.

3.4.2 Akaakuuwwan gaaga'amaa (Types of crisis)

3.4.2.1 Hojii Waaqaa/gaaga'ama uumamaa (Act-of-God Crises)

Gaaga'ama uumamaa kan jedhaman kanneen akka kirkira lafaa. Lolaa, dhoohiinsa volkaanoo, du'aa fi kkf dha. Gaaga'ama kana too'achuuf namoonni gahee xiqqoo qabu. Haa ta'uu malee, karoora gaaga'ama kanneen irraa damdamachuun danda'amuu qopheessuudhaan yeroo hundumaa qophii ta'uun barbaachisaadha.

3.4.2.2 Gaaga'ama namootaan uumamu (Man-Made Crises)

Gaaga'amni namootaan uumamus hojii namootaatiin kan gahudha. Isaanis kanneen akka:- Balaa Ibibdaa, dhukkuboota daddarboo, Walitti bu'iinsa hawaasaa fi kkf dha. Gaaga'ama namootaan uumamu kanneen hundumaa too'chuun/hambisuun ni danda'ama.

Gama biraatiin *Sam Black (1989)* Akaakuugaaga'ama (crisis) akka armaan gadiitti qoodee jira:-

3.4.2.3 Gaaga'ama akka uumamuu beekamuu fi hin beekamne (Known-unknown Crises)

Akaakuun gaaga'ama kanaa baratamoo fi hojii guyyaa guyyaa namootaa keessatti uumamuu kan danda'anii fi akka uumamuu danda'u kan beekamu yoo ta'u yoom akka uumamu kan hin beekamneedha. Fkn: Dhaabbatni humna Ibsaa hojjataan isaa hojii osoo hojjachaa jiru

electrikiidhaan qabamee du'uu akka danda'u ni beeka garuu, yoom akka ta'u hin beekamu. Dabalataanis, Warshaa keemikaalaa keessatti keemikaalli faalamee balaa geessuu akka danda'u ni beekama. Akkasumas, warshaan boba'aa tokko konkolaataan boba'aa deddeebisu dandii irratti garagaluudhaan balaan akka gahu ni beeka garuu, balaawwan kunneen yoom akka uumaman hin beekaman. Isaan kanneen irrattis karoorsuun barbaachisaadha.

3.4.2.4 Gaaga'ama uumamuun isaa hin beekamne (Unknown-unknown Crises)

Akaakuun gaagama kanaa namoonni ni uumaman jedhanii kan hin tilmaamneedha. Fkn: - Kirkira lafaa fi kkf.

Qorannoowwan garaa gara dhaabbilee garaa garaa irratti gaggeeffaman akka mul'isanitti gaaga'amaawwan mudatan keessaa dhibbeentaan **14** qofti gaaga'ama akka tasaatti uumamuudha. Dhibbeentaan **86** hafe immoo gaaga'ama dhaabbatichi hawaasa dursee akka uumamu fi uumamaa jiru beekuudha. Kan keessayis dhibbeentaan **78** sababa rakkoo hoggansaatiin kan uumamuudha.

Akka qorannoo gaggeeffame kanatti, Dhaabbileen hedduu karoora gaaga'ama tasaa too'achhuf baafatan haa qabaatanii malee, karoora gaaga'ama hoggansaa sirrii hin taanen mudatu too'achuudhaaf baafatan hin qaban. Qorannoo kanaan biyya U.S Ameerikaa keessatti Kubbaaniyoota 500 keessaa kan karoora gaaga'ama too'achuu qaban harka walakkaa qofaadha.

3.4.3 Sadarkaalee gaaga'ama

Dhaabbanni erga gaaga'amni isa mudatee guutumaan guututti akka duraatti hin deebi'u. sababni isaas gaaga'amni uumame sun miidhama hamma ta'e irraan gahee darba waan ta'eef. Kanaafuu, dhaabbani tokko gaaga'amni tokko isa mudatee of bayyanachiisuuf yaaluu caalaa gaaga'ama isa mudachuu danda'u sana dursee ittisuudhaaf carraaquu qabu. Kana gochuufis waantoota gaaga'amni akka dhaabbata sanarra gahu fiduu danda'an xiinxaluu fi tilmaamuun barbaachisaadha. Sadarkaaleen armaan gadiis haala/Adeemsa gaaga'amni tokko itti mudatu kan mul'isaaniidha.

3.4.3.1 Sadarkaa akeekkachiisaa (Warning Stage)

Gaaga'amni baay'een hojii waaqaatiin ala uumamaman hennasuma kan uumamanii miti. Jechuunis mul'istoonni gaaga'amaa garaa garaa erga mul'tanii booda kan uumamaniidha. Sadarkaa akeekkachiisaa kana keessatti mul'istoonni gaaga'amaa garaa garaa kan mul'ataniidha. Mul'istoota kanneen irratti hundaaa'uudhaanis akkaataa gaaga'ama muudachuu malu hambisuu danda'amuun irrattis hojjachuun barbaachisaadha.

Fakkeenyaaf, namni tokko gaaf duumessi cimaan jiru bokkaan cimaan roobuu waan danda'uuf wayta karaa deemu Gaaddiseessituu /Dibaabee/ harkatti qabaachuu akka qabu fi balaa lolaatiifis saaxilamuu akka danda'u tilmaamuu qaba. Kanaafuu, dhaabbanni tokkos mallattoolee/mul'istoota gaaga'amaa erga mul'atanii gaaga'amni sun daraan akka hin babal'anne dafee too'annaa jala oolchuu qaba.

3.4.3.2 Sadarka irraa hin baraaramne (Point of no Return)

Erga mul'istoonni gaaga'amaa garaa garaa mul'atanii booda, tarkaanfiiwwan gaaga'amicha too'achuuf oolan garaa garaa yoo hojii irra hin oolle gaaga'amichi battalumatti uumamuu danda'a. kunis sadarkaa irra baraaramuu hin danda'amneetti cee'a. Wayta kanatti dhaabbatiichi gaaga'amichaa irraa baraaramuuf yaalu osoo hin taane haala bayyanachuun danda'amurratti hojjata.

Gaaga'amni tokko sadarkaa irraa baraaramuu hin danda'amnerra yoo gahe hawaasnis haala dhaabbatiichi sun gaaga'ama sana irraa bayyanachuuf carraaqu dhiyeenyaan waan hordofuuf dhaabbatiichi qormaata keessa gala. Kanaaf, dhaabbanni tokko gaaga'amni sadarkaa kana irra osoo hin geenye dursee xiinxalaa fi tilmaama garaa garaa gaggeessuudhaan gaaga'ama mudachuu danda'u qolachuu qaba.

3.4.3.3 Sadarkaa bayyanachuu (Recovery/Clean up Stage)


Sadarkaan gaaga'ama irraa baraaramuu hin danda'amne guutumatti gaaga'amicharraa bayyanachuun hin danda'amu jechuu miti. Dhaabbanni tokko gaaga'ama isaa mudate irraa bayaanachuuf kan murteessu haala hoggansa keessa isaa fi haala haawaasa isaa wajjiin qunnamtii sirrii gaggeessuuti. Kana jechuunis haalli hoggansa keessa isaa irraa jalaan qindaa'aa yoo hin ta'in gaaga'amicha irraa bayyanachuuf hojiileen hojjataman qindoomina yoo hin qabaannee fi qunnamtiin sirriin hawaasa keessaa fi alaa murteessaa ta'e wajjiin yoo hin gaggeeffamne dhaabbatichi gaaga'ama isa mudate irraa bayyanachuu dadhabuun kufuu daada'a.

Kanaafuu, sadarkaa bayyanachuu kanarratti dhaabbanni tokko rakkoowwan sababa gaaga'amichaatiin mudatanii fi miidhaa rakkoowwan sun geessuu danda'an adda baasuun gaaga'amicharraa bayyanachuuf yaaluu qaba.

3.4.3.4 Sadarkaa tasgabbaa'uu (return to normal)

Erga gaaga'amni isa mudateen booda dhaabbanni tokko guutumatti akka duraatti deebi'a jechuun hin danda'amu. Sabani isaas, gaaga'amichi mudate dhaabaticha keessatti jijjiirama wayii fidee darba waan ta'eef.

Miidhaan qabeenyaa/kisaaraan qaqaabuu, Hoggantoonni jijjiiramuu, imaammatni dhaabatichaa fooyya'uu/jijjiiramuu fi namoonni/hoojjattonni dhaabatichaas jijjiiramuu fi kkf mul'achuu waan danda'uuf dhaabbatichi akka gaaga'ama dura turetti deebuu dhabuu danda'a. Sadarkaa tasgabbaa'uu kana keessatti namoonni gara hojiitti deebanii hojii isaa kan hojjataniidha.



Fakkii 4: Sadarkaalee uumama gaaga'amaa

3.4.4 Sadarkaalee gaaga'ama too'achuu (Steps in crisis communication/management)

3.4.4.1 Gaaga'amnan dura (before crisis)

Gaaga'amani tokko osoo hin uumaman dura kutaan Hariiroo Hawaasa dhaabbata tokko hojjiilee armaan gadi hojjachuun barbaachisaadha:-

- Mul'istoota gaaga'amaa garaa garaa xiinxalaa deemuu.
- Hojjataan waytii gaaga'amaa odeeffannoowwan rakkoolee graa garaa funaanuu. Odeeffannoowwan funaanamanis qaaceessuudhaan rakkoolee mul'atan irratti murtee fi furmaata sirrii kaa'aa deemuu
- Ergaawwan waytii balaa hawaasaaf darbuu qabu fi miidiyaalee darbuu ittiin qabu karoora irratti baafachuu/ karoora keessa galchuu
- Gazexeessitoo/gabaastoota waytii balaa/gaaga'amni dhaabbata tokko mudate hatattamatti gabaasuu danda'an wajjiin hariiroo cimaa uumuu.

- Walitti dhufeenya sirrii fi gaarii ta'e miidiyaa wajjiin uumuu
- Hojjataa/hogganaa waytii gaaga'amaa ramaduu

3.4.4.2 Waytii gaaga'amaa (during crisis)

Gaaga'amni tokko dhaabbata tokko yoo mudate kutaan Hariiroo hawaasaa dhaabbatichaa hojiiilee armaan gadi hojjachuudhaan gaaga'ama too'achuuf yaaluu qabu:-

- Gaaga'amni akkuma mudateen miidiyaaleef odeeffannoo kennuuf.
- Odeeffannoo dhugaa fi sirrii ta'e akka miidiyaaleen gabaasaniif ibsa kennuudhaan haala gaaga'amni sun irra jiru hawaasatti beeksisuu
- Sababa uumama balaa ilaalchisee Wayta miidiyaadhaaf ibsi kennamu jette jettee namootaa osoo hin ta'in waan qabatamatti beekamu qofa dubbachuu.
- Qaama mootummaa fi dhaabbilee biroo iddoo gaaga'amni itti muudate sanatti affeeruun ilaalchisuudhaan haala too'annaa isaa irratti deeggarsa gaafachuu
- Hojiiilee karoofaman kan biraa dhaabuudhaan haala gaaga'amicha too'achuun danda'amurratti hojjachuun maloota gaaga'amicha too'chuuf itti fayyadamaa jiranis hawaasa alaa fi keessatti beeksisuu
- Dubbi himaan dhaabbatichaa odeeffannoo miidiyaaf kennu odeeffannoo sirrii fi waltajjiwwan murtee dhaabbatichaa sanarratti hirmaachuu isaa Mirkaneessuu.
- Gabaasaalee dhaabbatichaa ilaallatanii miidiyaalee garagaraatiin bahan irratti dogoggorri yoo jiraate hordofuudhaan hatattamatti sirreessuu.
- Rakkoowwan sababa gaaga'amichaa wal qabatanii gara fulduraa mudatan hambisuudhaaf garee qorattootaa hundeessuun qorannaa gaggeessuu.

3.4.4.3 Gaaga'amaan booda (After crisis)

Gaaga'amni tokko erga uumameen booda karoorichi gaaga'ama too'achuudhaaf qophaa'e haala barbaadameen hojii irra ooluu isaa xiinxaluun barbaachisaadha. Akkasumas, rakkoon wal fakkaataan deebi'ee akka hin uumamne ciminaan hojjachuudha.

3.4.5 Ga'ee Hariiroon Hawaasaa Gaaga'ama too'achuu keessatti qabu

(The Role of Public Relations in crisis management)

Gaaga'amni/balaan tokko yoo uumame duraan dursee ogeessi Hariiroo hawaasaa hojjattootaa, hawaasaa fi hoggantoota dhaabbata sanaa wajjiin ta'uudhaan haala gaaga'ama/balaa sana too'achuun danda'amurratti mala furmaataa barbaadu qaba. Kunis kan milkaa'u yaa'iinsa odeeffannoo garii kara miidiyaatiinis ta'e qaaamaan hawaasaa fi hoggantoota dhaabbatichaa wajjiin maal gochuu akka danda'amu fi akkamitti hojjachuun akka danda'amu irratti gorsa kennuudha.

Kanaafuu, ogeessi Hariiroo Hawaasa yeroo kamittuu balaan uumamuu akka danda'u xiyyeeffannaa keessaa galchuun akkaataa balaa/ gaaga'ama dhaabbaticha irra gahu too'achuun danda'amurratti yeroo maraa hojjattootaa fi hoggantoota dhaabbatichaatiif darbees hawaasa alaa dhaabbatichaatiif hubannoo kennuun barbaachisaadha.

Gaaffilee of madaallii

1. Gaaga'ama jechuun maal jechuudha?

2. Akaakuuwwan gaaga'amaa tarreessii fakkeenya isaanii wajjiin ibsi.

3. Sadarkaalee gaaga'ama too'chuu tarreessii hojiilee isaan keessatti hojjataman bal'inaan ibsi.

4. Mul'istoonni gaaga'amaa maal fa'a?

5. Gahee hojiin Hariiroo Hawaasa gaaga'ama too'achuu keessatti qabu ibsi.

6. Sadarkaalee gaaga'amaa tarreessii ibsi.

3.5 Faaydaa hojiin Hariiroo hawaasaa dhaabbilee mootummaa fi kanneen galii hin maddisiifne keessatti qabu

Dhaabbileen mootummaa federaalaa fi naannoo galii hin maddasiifne bu'aa tokkoon ala tajaajila hawaasaa qofaaf dhaabbatan hedduu jiru. dhaabbileen kunneenis kanneen akka Faayyaa, bishaan, too'annoo balaa ibiddaa, manneen kitaaba ummataa fi kkf. dha. Haa ta'uu malee, dhaabbileen kun hamma ta'e tajaajilichaaf ummatarraa mallaqa haa sassaaban malee mallaqni sassaabamu tajaajilichuma deebisanii ittiin gaggeessuuf kan oolu malee, bu'aa/galii addaa kan argamsiisanii miti. Dhaabbilee akkanaa keessatti hariiroon gaariin hawaasaa fi isaan gidduu akka jiraatu fi qabeenyi jiru haala barbaadamuun tajaajila akka kennuuf Hojiin hariiroo hawaasaa baay'ee barbaachisaadha. Kana keessattis hojiin hariiroo hawaasaa faaydaalee armaan gadii qaba:-

- ❖ Dhaabbatichi hawaasa biratti fudhatama akka argatuuf
- ❖ Dhaabbatichaa fi Hawaasaa dhaabbatichi tajaajilu sana gidduutti tooraawwan qunnamtii uumuuf/diriirsuuf
- ❖ Madda mallaqaa barbaaduuf haala mijeessuuf
- ❖ Namoonni fi tola ooltonni hedduun dhaabbilee akka deeggaranii kaka'uumsa uumuu fi mul'ata dhaabbatichaa hawaasatti beeksisuuf
- ❖ Imaammata hawaasaa bahe deeggaruu fi ergama dhaabbatichaa milkeessuuf fi kkf. .

Hojii hariiroo hawaasaa kana haala qindaa'aa fi sirrii ta'een hojjachuuf Ogeessi hariiroo hawaasaa Dhaabbilee galiin hin maddasiifne ykn bu'aaf hin hojjanne keessa hojjatu hojiilee armaan gadii hojjachuutu irraa eegama.

- ❖ ***Karoora gaarii qopheessuu.*** Karoorri gaariin bahe tokko hojiin akkamii hojjatamuu akka qabu ifatti waan kaa'uuf hojiileen dhaabbileen hojjatan qabeenya jiruu fi yeroo itti karoorfame keessatti raawwatamuu qabu.
- ❖ Kaayyoo dhugoomuu danda'u qabachuu. Kunis karoorri tokko wayta karoorfamu humnaa olitti waan hojjatamuu hin danda'ammerratti osoo hin taane qaabeenyuma

jirurratti hundaa'uun ta'uu qaba. Kanaaf, kaayyoon qabamus isa dhugaa fi dhugoomuu danda'u fi galmi yaaddames safaramuu fi bira gahuun kan danda'amu ta'uu qaba.

❖ *Hawaasa kallattiin hojichi irratti hojjatamu adda baasuu.* Ergaan tooraawwan qunnamtii garaa garaa fayyadamuun hawaasa hundaaf darbu qabeenya qisaasessuu ta'a. Kanaaf, Ogeessi Hariiroo hawaasaa dhaabbilee galii hin maddisiifne keessa hojjatu qabeenya muraasa jiru fayyadamuun hawaasa kallattiin waliin hojachuun barbaachiseef ergaa dabarsuu qaba. Yoo kana hin taane dhaabbileen galii hin maddisiifne qabeenyi isaanii osoo karoora qabatan bira hin geenye jala dhumuudhaan hojiin isaanii karaatti jalaa hafuu danda'a.

❖ *Ergaa darbuu barbaachise haalaan qindeessuu.* Ergaan darbuu barbaadame tokko haala hubachiisuu danda'amuun qindaa'ee hawaasa darbuufii barbaachise saniif Afaan sirri hawaasichi hubachuu danda'uun ta'uu qaba. Ergaan tokko hawaasa amansiisuuf sirrummaan fi cimmina qindoomina isaa gaafata. Kanaafuu, Ogeessi hariiroo hawaasaa ergaa tokko wayta qindeessu xiyyeeffannoodhaan bifa amansiisuu fi hubatamuu danda'uun qopheessee hawaasaaf dabarsuun dhaabbanni isaa deeggarsaa fi fudhatamummaan hawaasa keessatti akka argatu gochuu qaba.

3.6 Hariiroo hawaasaatiif barreessuu (Public Relations Writings)

Boqonnaa 1ffaa keessatti hariiroo hawaasaa fi Yaadrimeewwan wal fakkaato wayta ilaalatti ogummaan hariiriioon hawaasaa ogummaa gaazeexummaatiin kan wal fakkaatuudha. barreessuu gulaaluu fi hojiileen biroo ogummaawwan lameenuu keessatti waan hojjatamaniif wal isaan fakkeesseera. Kanaafuu, ogummaa hariiroo hawaasaa keessatti barreessuun hojiilee ijoo ogummaa Hariiroo Hawaasaa ta'an keessaa isa tokkoodha.

Barreessuun hojii hariiroo hawaasaa keessatti faaydaalee hedduu qaba. Isaan keessaa:-

- Hubannoo, ilaalchaaa ibsachuu fi muuxannoowwan gara garaa wal jijjiiruudhaaf.
- Hojiilee yeroo yerotti dhaabbata tokko keessatti hojjataman galmeessaa deemuudhaaf

- Odeeffannoo dhaabbata tokko karaa qindaa'aa ta'een hawaasaaf tamsaasuuf
- Qunnamtii gaarii hawaasa wajjiin gaggeessuuf fi kkf.

Dandeettii barreessuu horachuudhaaf obsaa fi cimina nama gaafata. Dandeettii kana horachuufis Ogeessi hariiroo hawaasaa yeroo yerotti barreessuu shaakaluu qaba.

Barreessuun caasaalee sadan armaan gadiitti qoodnee ilaalu dandeenya:-

- **Barreessuun dura (pre writing):-** caasaa kana keessatti yaada maddisiisuu, karoorsuu, wixinee baasuu, Kaayyoo fi galma barreeffamichaa adda baasuu fi kkf.
- **Barreessuu (writing):-** jechoota ergaa darbuu barbaadame ni dabarsu jedhamanii yaaddaman Walitti qindeessuun barreessuu. Kana keessattis jecha/hima/keeyyata hin barbaachifne keessaa baasuun/dhiisuu fi kanneen filataman fayyadamuun ergaa qindeessuudha.
- **Irra deebi'uun barreessuu (Rewriting):-** Caasaa kan keessatti barreeffama barraahe xumurame tokko keessa deebi'uun ilaaluun gulaallii gaggeessuun dogoggoroota jiran sirreessuun irra deebi'anii barreessuudha.

2.6.1 Adeemsota barreessuu (The Writing Process)

Adeemsi wanta Walitti fuufaadha. Akkasuma adeemsi barreessus Walitti fuufaa ta'uu qaba. Gaaffiin jalqabaa barreessaan tokko of gaafachuu qabu “dubbistoonni ykn dhaggeeffattoonni/hordoftoonni barreeffama kanaa eenyu?” kan jedhuudha. Kana keessattis dubbistootaa / dhaggeeffattootaa/hordoftootaa barreeffama sanaa haala armaan gadiitiin addan bahuu qaba:-

- Umrii (age)
- Sadarkaa qabeenyaa (economic status)
- Sadarkaa hawaasichaa (social status)

- Sanyii fi aadaa (race & culture)
- Amantaa (belief)
- Amantii (religion) fi kkf.

Adeemsi barreessuu hojii hariiroo hawaasaa hojiilee armaan gadii kan of keessatti dhuunfatuudha:-

3.6.1.1 Dhimma irratti barreeffamu filachuu (Selecting the Subject)

Barreeffamni hariiroo hawaasaa gaariin dhimma ykn mata duree gaarii irratti barreeffamuuf filatame irratti hundaa'a. Kunis dhimmi gaariin tokko yoo filatame yaada gaarii maddisiisuudhaan akka barreessaniif waan dandeessisuuf. Dhimmi gaariin tokko qabxiilee armaan gadii irratti hundaa'uudhaan kan filatamuudha:-

- ✧ **Dandeettii (Ability):-** Ogeessi hariiroo hawaasaa tokko dhimma barbaadu filatee irratti barreessuu danda'a. Haa ta'uu malee, dhimmichi filatame ykn mata dureen sun mata duree inni yaada irratti maddissuu danda'uu fi dandeettii gahaa itti qabu ta'uu qaba.
- ✧ **Fedhii (Interest):-** dhimma tokko irratti barreessuuf fedhiin jiraatee dandeettiin dhabamuu danda'a. Haa ta'uu malee, fedhii yoo jiraatu hamma danda'ame shaakaluun barreessuun barreeffama gaarii barreessuun ni danda'ama.
- ✧ **Ieccalloowwan (Resources):-** barreeffamni gaariin barreeffamu tokko sammuu ykn yaada nama tokko qofarratti kan hundaa'ee miti. Kanaafuu, namni barreessu sun dhimma ykn mata duree sana irratti namoonni biroo maaal akka barreessaniiran ilaaluun barbaachisaadha.

3.6.1.2 Dhimma irratti barreeffamu qorachuu (Researching the topic/generating ideas)

Kana jechuunis erga dhimmi irratti barreeffamu filatamee booda dhimmicha/mata duree irratti barreeffamu san odeeffannoowwan garaa garaa dhimmicha filatame sanarratti barraahe funaanuudhaan ragaa dhugaa ta'een deeggaruun barreessuun barbaachisaadha.

2.6.1.3 Kallattii/xiyyeeffannoo barreessaa (The Writer's Compass)

Barreessaan tokko wayta hojii Hariiroo hawaasaatiif barreessu kallattii ittiin barreessu qabaachuu qaba. Qabxiileen armaan gadii kallattii gaariitti kan barreesaa qajeelchaniidha:-

- **Dandeettii (capability):-** Barreessaan tokko dhimma ykn mata duree irratti barreessuu fedhe san irratti dandeettii akka qabu of gaafachuu qaba.
- **Omisha (product):-** Barreessaan tokko barreeffamni inni barreessu kanneen akka dhaadhessaa, oduu fi kkf Omisha isaati. Omishni/barreeffamni inni barreessu kunis kan isa bakka bu'uudha. Omishni qulqullina hin qabne tokko immoo namoota hedduun bitamuu ykn gabaa garii argachuu hin danda'u. Kanaafuu, barreeffamni hojii hariiroo hawaasaatiif barreeffamu tokko ququlluu fi kan nama hawatu ta'uu qaba.
- **Toora tamsaasaa (Medium):-** kunis barreessichi odeeffannoon inni barreessu miidiyaa kamiin darbuuf akka ta'e beekuu qaba. Haalli barreeffama odeeffannoo miidiyaalee garaa garaa garaagarummaa guddaa qaba.
- **Dhaabbata (organization):-** Dhaabbileen garaa garaa haala odeeffannoo ittiin qindeessan garaa gara qabu. Kanaafuu, barreessaan tokko odeeffannoo wayta barreessu haala (style) dhaabbata isaa hordofuun barreessuu qaba.
- **Jamaa (Audience):-** Barreessaan tokko hawaasa barreessuuf sana beekuu qaba. Kana jechuunis wayta barreessuu duudhaa, ilaalcha, aadaa fi dhimmoota biroo hawaasa barreessuuf sana xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha.
- **Akkaataa (style):-** Barreessaan tokko wayta hojii hariiroo hawaasaatiif barreessu haala (style) mata ofii gabbifachuu qaba. Kunis haalli (style) kana gabbisuun namoota biroottiin adda waan nama taasissuf haalli barreessuu dhuunfaa jiraachuu qaba.

3.6.1.4 Faaydaa barreeffamichaa beekuu (Determining the purpose)

Kaayyoon barreeffamichaa maal akka ta'e beekuu fi barreeffamicha keessattis maaltu akka uwwifamuu qabu.

2.6.1.5 Ergaa karoorsuu (Planning the message)

Hojii hariiroo hawaasaatiif barreeffamni barreeffamu kamuu kaayyoon isaa sirritti adda bahee beekkamuu qaba. Galmi barreeffamichaa erga beekamee galmicha qabame irratti hundaa'uudhaan ergaan darbuu barbaachise sirritti qindaa'ee darbuu qaba.

3.6.1.6 Ergaa qindeessuu (Organizing the message)

Hojii hariiroo hawaasaa keessatti ergaan darbuu barbaachise tokko karaa qindoomina qabuun dhiyaachuu qaba. Kunis ergaan darbuu barbaachise sanaaf wixinee baasuudhaan haala salphaa fi nama hawatuun akka hawaasa bira gahu gochuun barbaachisaadha. Kana keessattis odeeffannicha barreeffamu dubbistoota/dhaggeeffattoota/daawwattoota harkisuu qaba jechuudha.

3.6.1.7 Barreeffamoota barraahan madaaluu (Evaluating the piece)

Adeemsa hojii hariiroo hawaasaatiif barreessuu keessa inni dhumaa barreeffamoota madaaluudha. Kunis barreeffamoota ergaawwan garaa garaa qabataniif barraahan ergaawwan sunneen Kaayyoo fi galma barbaadame barrahaniif guutuu isaanii madaaluudha.

3.6.2 Qajeelfamoota barreessuu (Rules of Writing)

Hojii hariiroo hawaasaatiif barreessuu keessatti qajeelfama bu'uura kan jedhamu hin jiru. Haa ta'uu malee, qajeelfamoonni armaan gadii haala gaariidhaan barreessuuf isaan hordofamaniidha:-

- **Waan beektuu fi yaadde barreessi:** Kana jechuun namni hariiroo hawaasaatiif barreessuu tokko dhimmicha/mata duree irratti barreessuu barbaadu san hubannoo/beekumsa gahaa irratti kan qabu ta'uu isaa mmirkaneeffachuun barbaachisaadha. Barreessaan tokko Dhimma/mata duree hubannoo/beekumsa irratti hin qabne tokko irratti barreessuuf yoo yaale dogoggora uumuu qofa osoo hin taane

Maqaa of balleessuu ta'a waan ta'eef dhimma hubannoo irratti qabu filataa barreessuu qaba.

- **Fedhii hawaasaa irrati hundaa'uun barreessuu:** Barreessaan tokko odeeffannoo wayta barreessu ergaan odeeffannoo sanaa waan Hawaasni fedhu/fedhii hawaasaa kan of keessaa qabu ta'uu qaba.
- **Akka hubatamutti barreessuu:** kana jechuun ergaan barreeffamicha keessaa karaa ifaa fi salphaa ta'een dubbistoota akka galuufitti barreessuun barbaachisaadha.
- **Salphaa irraa gara ulfaatuutti deemuu:** Odeeffannoon salphaan dubbistoonni akka laayyotti hubachuu danda'an gara jalqabaa iraatti barreessuun isa hamma tokko ulfaachuu danda'a jedhame gara boodaa/dhumaa irratti barreeffamuu qaba.
- **Fakkeeniyota qabatamaa fayyadamuu:** barreeffamicha keessatti fakkeeniyota garaa garaa yoo fayyadamnu fakkeeniyota yaadaa salphumatti dubbistootaaf hubatamuu hin dandeenye osoo hin taane, fakkeeniyota qabatamaa dubbistoonni salphumatti hubachuun ergaa barreeffamichaa akka hubatan gargaraan fayyadamuun barbaachisaadha.
- **Dubbistoota kabajuu:** kana jechuun barreessaan tokko odeeffannoon inni barreessu hawaasa tokko biratti fudhatama akka argatuuf barreeffamichaan kabaja dubbistoota ykn hawaasichaaf qabu ibsuun barbaachisaadha.
- **Dhugaa dubbachuu:**Kana jechuun Ogeessi hariiroo hawaasaa tokko odeeffannoo tokko dhoksuuf jedhee soba fulduratti itti beekamee maqaa isaa fi dhaabbata isaa balleessuu danda'u caalaa odeeffannoo dhugaa miidhaas fiduu danda'u yoo ta'e dhugaarratti hundaa'ee barreessuu qaba.
- **Dhugaa jiru tokkos humna ol kaasuu dhiisuu:** dhugaa jiru haaluma jiruun ibsuu.
- **Qabxii ijoo gara jalqabarratti fiduu:-** odeeffannoon sun akka dubbistoota/dhaggeeffattoota/hordofoota harkisuuf qabxii ijoo gara keeyyata jalqabarratti barreessuu.

3.6.3 Odeeffannoo miidiyaaf ergamu (The Press Release)

‘Rashelle S. Karp’ (2002) akka armaan gadiitti odeeffannoo miidiyaaf ergamu ibsee jira.

A press release is a short written statement that is sent to the media for publication. Press releases are written to notify the public that something significant has just occurred or is about to occur.

Ibsa kana keessattis odeeffannoon miidiyaaf ergamu odeeffannoo gabaabaa miidiyaaleen haa tamsaasaniif dhaabbileen barreeffamaan gara miidiyaaletti erganiidha. Innis dhaabbanni tokko waan hojjate ykn hojjachuuf jedhu tokko hawaasni akka beekuuf kan gargaaruudha.

Odeeffannoon miidiyaaf ergamu hojii hariiroo keessatti iddoo guddaa qaba. Dhaabbanni tokko odeeffannoo isaa akka /haala barbaadeen barreessee miidiyaalee fayyadamee hawaasa bal’aa biraan gahachuuf odeeffannoon miidiyaaf ergamu shoorra olaanaa qaba.

Odeeffannoon miidiyaaf ergamu (press release) waa’ee dhaabbatichaa beeksisuuf waan barreeffamuuf akka dhaadhessaa itti kafalamee kan tamsa’u waan hin taaneef, odeeffannichi wayta barreeffamu haalduree oduun (news) miidiyaa tokko guutuu qabu guutee barreeffamuu qaba. Sababni isaas, dhaabbileen miidiyaa odeeffannicha san akka oduutti itti fayyadamu waan ta’eef.

Odeeffannoo miidiyaa ergamu gaarii barreessuuf qabxiileen armaan gadii barbaachisoodha:-

- ❖ Odeeffannoon barreeffaamuuf dura yaalii jalqabaa barreessuu, ammas yeroo lammataaaf irra deebi’anii barreessuu fi keessa deebi’anii ilaaluun mirkaneessuu.
- ❖ Wayta barreessuu jalqabnu gara jalqabaa irratti jechoota gaaffilleetiin eegaluu. Fkn: maaliif, eenyu, eessa fi kkf.
- ❖ Odeeffannichi wayta barraahu miidiyaa darbuunii barbaadame xiyyeeffannoo keessa galchuu. Kana jechuunis, haalli odeeffannoon miidiyaalee garaa garaatiif (Raadiyoo, TV, Barruu, Gaazexaa fi kkf) barraahuun garaa garummaa qaba.

3.6.3.1 Haaldureewwan odeeffannoon miidiyaaf ergamu tokko guutuu qabu:

- ❖ **Oduu ta’uu (newsworthy):-** Odeeffannoon miidiyaaf ergamu sun wanta oduun miidiyaan darbuu tokko guutuu qabu guutee argamuu qaba. Kana yoo hin taane,

dhaabbileen miidiyaa odeeffannicha akka oduutti hin gargaaraman waan ta'eef hafuu danda'a. Kanaafuu, Ogeessi hariiroo hawaasaa odeeffannoo miidiyaaf ergamu wayta barreessu akkaataa oduun miidiyaan darbuu itti barraahutti barreessuu qaba.

- ❖ **Dhugummaa (Facts):-** Odeeffannoon barreeffamu dhugummaa irratti kan xiyyeeffate ykn dhugaa ta'uu qaba.
- ❖ **Hawatummaa Mata duree (Attractive headline):-** Mata dureen odeeffannoo barreeffamuu gulaaltota miidiyaalee fi hawaasa odeeffannichi darbuuf kan harkisu ykn hawatu ta'uu qaba.
- ❖ **Seensa odeeffannicha haala odeeffannoo guutuu cuunfee hammatuun barreessuu (Summary introduction):-** Odeeffannicha wayta barreessinu seensa isaa irratti haala odeeffannoo barreeffamu san guutuu guduunfuu danda'uun barreessuudha. Kana yoo ta'e dubbistoonni/dhaggeeffattooni waa'ee odeeffannichaa salphumatti seensumarratti hubachuu danda'u.
- ❖ **Himoota gaggabaaboo (Short sentences):-** Odeeffannoon miidiyaaf ergamu jechoota gaggabaaboo fayyadamuudhaan barreeffamuu qaba. Odeeffannichi jechoota gaggabaaboon yoo barreeffame salphumatti hubatamuu akka danda'uuf gargaara.
- ❖ **Walqabannaa/qindoomina keeyyata (Coherent paragraphs):-** Odeeffannoon wayta barreeffamu keeyyattoonni haala qindaa'een walduraa duuba isaanii akkaataa barbaachisummaa odeeffannoowwan barreeffamaniin yoo dhiyaatan haala salphaadhaan odeeffannicha akka hubatamu taasisa.
- ❖ **Ergaa gabaabaa (Short message):-** odeeffannoon miidiyaaf ergamuu haala bal'ina qabuun ergaa bal'aa dabarsuuf yoo barreeffame iddoo fi yeroo qilleensaa bal'aa fudhata waan ta'eef dhaabbilee miidiyaa biratti fudhatamummaan isaa gadi bu'uu danda'a. kanaaf gabaabsanii barreessuun barbaachisaadha.

3.6.3.2 Caasaalee odeeffannoo miidiyaaf ergamuu (Structure of press release)

Odeeffannoon miidiyaaf ergamuu gaariin tokko caasaalee armaan gadii qaba:-

- **Dhimma (Subject):-** odeeffannicha waa'ee maal akka ta'e

- **Maqaa dhaabbatichaa:-** Maqaa dhaabbata odeeffannoo baasee
- **Argama:-** iddoo dhaabbatichi itti argamu
- **Faaydaa:** - Ergaa odeeffannoon sun hawaasaaf dabarse sana irratti hundaa'uun Hawaasni faaydaa maal akka argatu ibsu.
- **Ragaa bu'uuraa:-**odeeffannicha keessatti ragaalee bu'uuraa kanneen akka: gatii, bifa, hammeentaan (size) Omisha tokko fi kkf dhiyeessuu.
- **Madda odeeffannoo:** - odeeffannicha dhaabbatumatu baase moo qaama birooti?

3.6.3.3 Akaakuu odeeffannoo miidiyaaf ergamuu (Types of Press Release)

✧ **Beeksisa (Announcements)**

Dhaabbata tokko keessatti taateewwan haaraan akka:- qacarrii Hoggantoota olaano, omishia/tajaajila haaraa, jijjiiraa immaammata dhaabbatichaa, carraa hojii banaa, badhaasaawwaan, qophiilee addaa garaa garaa fi kkf yoo jiraatan gara miidiyaatti ergamuudhaan beeksifamu. Haa ta'uu malee, odeeffannoowwan ergaman kunneen miidiyaadhaan darbuu kan danda'an ykn dhaabbileen miidiyaa akka oduuttii kan itti fayyadaman odeeffannicha hawaasaa ni fayyadu ykn hawaasichaaf barbaachisaa yoo ta'eedha.

✧ **Beeksisa taatee battalaa (Spot Announcement)**

Dhaabbanni tokko hojii isaa osoma haala gaariin hojjatu gaga'amni ykn balaan isa mudachuudhaan hojii isaa dhaabuu danda'a. kuni immoo hojii isaa akka dhaabuuf dirqamsiisa. Wayta kanatti hatattamaan dafee odeeffannoo waa'ee gaaga'ama/balaa sanaa qindeessee miidiyaaf erguun hawaasa beeksisuu qaba. Kana yoo hin goone, Gabaastonni (rippoorteroonni) miidiyaa oduu san haala salphaatti ilaalanii ykn saphisanii gabaasuu danda'u. Kanaaf, dhaabbatichi gaaga'amni/balaan kun mudate haala gaaga'amichi dhiibbaa irraan gahee fi haala gaaga'amicha too'annoo jala oolchuun danda'amurratti odeeffannoo san guutumatti qindeessee miidiyaaf erguu qaba. Fkn: Balaa lolaa, ibiddaa fi cufamuu daandiin geejjibaa fi kkf.

❖ **Oduu gaddisiisaa (Bad News)**

Dhaabbanni tokko yeroo hundaa milkaa'ina agarsiisuu dhabuu danda'a. Kana jechuunis, hojiiileen inni hojjatu haala inni barbaaduun galma inni qabate bira gahuufii dhabuun kufuu danda'u.

Haa ta'uu malee, Dhaabbileen tokko tokko odeeffannoo waa'ee kufaattii ofii hawaasa wayta dhoksantu jira. Garuu odeeffannicha hamma tokko yoo dhagahamee Gaazexxeessitoonni qoratanii baasuun hawaasa biraan gahuu danda'u. Kanaafuu, dhaabbileen odeeffannoo waa'ee milkaa'ina isaanii qofa osoo hin taane odeeffannoo kufaattii isaanii qindeessanii dhugaa jiru hawaasatti himuu qabu.

Qajeelfamoota odeeffannoo miidiyaaf ergamu (press release) barreessuu:-

- ❖ Mata duricha bifa gocha raawwataatiin (active voice) barreessuu
- ❖ Keeyyanni jalqabaaa gabaabaa, ifaa fi hawataa ta'uu
- ❖ Keyyattoota gabaabsanii barreessuu
- ❖ Jechoota baratamoo hin taane fayyadamuu dhiisuu
- ❖ Jechoota nuffisiisoo fayyadamuu dhiisuu
- ❖ Barreeffamni qubee maqaa namootaa fi iddoo sirrii akka ta'e Mirkaneessuu
- ❖ Odeeffannicha fuula tokko qofarratti barreessuu fi fixeen barreeffama bitaa fi mirgaa walqixa gochuu.
- ❖ odeeffannicha haala/boca barreeffamaa hawataa ta'een barreessuu
- ❖ Guyyaa fi yeroo odeeffannicha itti barreeffame Maqaa, teessoo fi lakkoofsa bilbilaa qaama odeeffannicha barreessuu kaa'uu. Kunis Dhaabbileen miidiyaa odeeffannoo sanarratti odeeffannoo dabalataa yoo barbaadan kan gargaaruudha.

Akkasumas wayta odeeffannichi barreeffamu gaaffileen armaan gadii barbaachisoodha:-

- Waa'ee maal ibsuudhaaf?
- Taateen sun maaliif ibama?
- Taateen sun yoom uumame?
- Eesatti?
- Haala kamiin?

NEWS D/EE

Department for
Education and Employment
21 May 1997

111/97

BLUNKETT CUTS RED TAPE

Education and Employment Secretary David Blunkett today promised teachers the new Government would work with them to cut red tape and make more time to raise standards.

At a summit meeting today with representatives from all six teacher unions Mr Blunkett said:

'Whenever I meet teachers I hear cries to cut the bureaucracy to let us do our jobs. Today I am announcing a working group with the task of cutting the bureaucratic mountain and freeing teacher time to pursue our crusade to raise standards.'

Press Enquiries: Charlotte Redman 0171 925 5105

Public Enquiries: 0171 925 5555

Fakkii 5: odeeffannoo miidiyaaf ergamu (press release)

3.7. Haasawa Hariiroo hawaasaa (Speaking in Public Relations)

Hojii hariiroo hawaasaa keessatti dandeettiin haasawa taasisuu iddoo olaanaa qaba. Sababni isaas, dhaabbilee mootummaa fi dhuunfaa/daladala keessatti imaammannii fi tarsiimoon tokko gara hawaasaatti kan diriirfamuun haasawa taasisuudhaan.

3.7.1 Dhimmoota Haasofni Hariiroo Hawaasaa irratti taasifamu

3.7.1.1 Wal gahii walii gala Waggaa (Annual General Meetings)

Wal gahii walii gala Waggaa irratti bakka hirmaattonni akka qooda fudhattoota dhaabatichaa, qaamolee mootummaa, hawaasa dhaabbatichaa keessaa fi alaa fi dhaabileen miidiyaa argamanitti kan gaggeeffamuudha. Wal gahii kanarrattis, hojiilee dhaabbatchi Waggaa tokko guutuudhaaf hojjataa ture fi karoorri haaraan bara itti aanuu kan ibsamani fi gara fulduraatiifis hawaasni hojii dhaabbatichi hojjatu cinaa akka dhaabbatu kan gaafatamuudha. Kun immoo dandeettii haasawa taasisuu cimaa barbaada.

3.7.1.2 Omisha haaraa beeksisuu (Product Launch and Re-launch)

Dhaabbatni tokko Omisha haaraa yoo jalqabe ykn Omisha duraa isa haaraan yoo bakka busuu barbaade hawaasatti beeksisu. Omishini haarofni beeksifamu kun maaliif akka omishamee fi garaagarummaan inni isa duraatiin qabu maal akka ta'e haalaan ibsamu qaba. Kanaafuu, Ogeessi Hariiroo hawaasaa haasawa gaarii hawaasa hubachiisuu fi amansiisu danda'u taasissudhaan omishichi maqaa gaarii akka qabaatu gochuu qaba.

3.7.1.3 Agarsiisa (exhibition)

Dhaabbanni tokko hojiileen inni hojjatu isaan biroo wajjiin dorgomaa ta'ee akka deemuuf agarsiisaawwan gara garaa qopheessuun hawaasatti beeksisuu qaba. Hojiilee kanneenis beeksisuudhaaf sirna agarsiisa kanarratti haasawa cimaa taasissuunis barbaachisaadha.

3.7.1.4 Ibsa Gaazexeessummaa (press conference)

Dhimma tokko irratti Ogeessi Hariiroo hawaasaa miidiyaalee garaa garaa affeeruudhaan odeeffannoo dhaabbatichaa kennuun miidiyaaleen hojii dhaabbatichi hojjataa jiru ykn taatee dhaabbata sana keessa jiru (fkn: gaaga'ama/balaa) hawaasatti akka beeksisan gochuu qaba. Kana gochuufis dandeettiin haasawa taasisuu gaarii qabaachuun barbaachisaadha.

Ibsa Gaazexeessummaa qopheessuun faaydaalee armaan gadiis qaba:-

- ❖ Odeeffannoon tamsa'u uwwisa bal'aa akka argatuuf
- ❖ Miidiyaaleen hedduun al-tokkotti odeeffannoo akka argataniif
- ❖ Gaazexeessitoonni gaaffilee garaagraa gaaffilee irraa maddan akka gaafataniif

Gama biraatiin qabxiileen armaan gadii dhimmoota ibsi Gaazexeessummaa irratti kennuun barbaachisuudha:-

- ❖ Odeeffannoo barbaachisaa Hawaasni bal'aan barbaadu fi Hawaasni xiyyeeffannaa itti kenne.
- ❖ Nama dhuunfaa Dhaabbileen miidiyaa af-gaaffii waliin gaggeessuuf barbaadan.
- ❖ Omisha ykn kalaqa haaraa eegalame ykn argamee Hawaasni bal'aan beekuu qabu.
- ❖ Dhimma wal xaxaa ykn ifa hin taane kan Hawaasni akka ifoomsamu barbaadu fi miidiyaaleen garaa garaas ibsi akka itti kennamu barbaadan.

3.7.1.5 Deeggarsa maallaqaa gaafachuuf (Appeal for funds)

Deeggarsa maallaqaa gaafachuun dhaabbilee keessatti hojii beekkamaadha. Qaamota garaa garaa deeggarsa gaafachuuf dandeettiin haasawa taasisuu cimaan jiraachuu qaba. Ogeessi Hariiroo Hawaasaa haasawa cimaa amansiisuu danda'u haasa'uun deeggarsa garaa garaa Dhaabbata Ofiif argamsiisuu danda'a.

Haasawa tokko taasisuufis qabxiilee armaan gadii irratti xiyyeefachuun barbaachisaadha:-

- ❖ Akka dubbisuutti osoo hin taane akka dhaggeeffatamutti qinda'uu
- ❖ Jecha ifa galeessa ta'een qophaa'uu
- ❖ Yaad-deebii gaarii kan fidu ta'uu
- ❖ Kaayyoo ifaa fi murtaa'aa ta'e qabaachuu
- ❖ Hawaasa /dhaggeeffattoota murtaa'eef qophaa'uu

3.7.2 Adeemsa haasawa hariiroo hawaasaa

3.7.2.1 Haasawa qorachuu (Researching the speech)

Dhiyeessa (presentation) tokko taasisuuf qorannoon bu'uura. Kanaafuu, hojii Hariiroo hawaasaa keessattis haasawa taasissuf qorannoon duraa gaggeeffamuun barbaachisaadha. Kunis kan fayyaduuf haasofni taasifamu sun eenyuuf akka ta'ee fi haasawni taasifamu hammam dheerachuu akka qabu fi fedhiin namoota haasofni taasifamuuf sun maal akka ta'e beekuuf. Dabalataanis namoota/dhaggeeffattoota (Audience) keessaa namoota keessumaan dhaamsi itti dhaamamu addaan baasanii beekuu haasawa qorachuun barbaachisaadha. Kunis galma gahiinsa karoora qabameef namoota shoorra olaanaa taphachuu danda'anirratti xiyyeeffachuudhan ta'uu qaba. Fkn: namoota akka jaarsota biyya, namoota hawaasa keessatti fudhatama qaabaniif fi kkf.

3.7.2.2 Haasawa Karoorsuu (plan the speech)

Yoo irratti karoorsan haasawa taasisuun ni salphata. Kana jechuun Ogeessi Hariiroo hawaasaa haasawa taasisuuf jedhu san haala fedhii dhaggeeffattoota egeen akka ta'u irratti karoorsuu qaba. Kana gochuufis ergaa murteessaa ta'ee fi haasowni isaa yeroo meeqa fudhachuu akka danda'uu fi haala fedhii hirmaattotaa irratti hundaa'een karoorsuun barbaachisaadha. Gama biraatiin, haasawa taasifamuu barbaadame haala sirriidhaan taasisuuf shaakaluun barbaachisaadha. Kunis ofitti amanamummaan akka horatamuuf gargara.

Sadarkaa karoorsuu kana keessatti gaaffileen eenyu? eessa?, yoom? Fi maal? jedhan irratti xiyyeeffachuun karoorsuun barbaachisaadha. Gaaffileen kunneenis:-

- Namni haasawa taasisuu fi haasofni taasifamuuf eenyu akka ta'e beekkamuu qaba.
- Gaaffiin inni “maal?” jedhu mata duree dhimma haasawni irratti gaggeeffamuu kan ilaallatuudha. Kana jechuun mata dureen tokko adda bahee yoo beekkame qoratamee haasawni akka irratti gaggeeffamuuf ni gargaara.
- Eessa kan jedhu immoo iddoo haasawni itti gaggeeffamuudha. Kunis haasawni sun galma guddaa moo teessoo muraasa irratti kan gaggeeffamu ta'uun isaa addaan bahee beekkamuu qaba.
- Yoom kan jedhu guyyaa fi bara haasawichi itti gaggeeffamuuf karoorfameedha.

3.7.2.3 Haasawa taasisuu (Delivering the speech)


Milkaa'inni haasawa gaarii taasisuu Sadarkaalee armaan olii lamaan keessatti qophii taasifame irratti hundaa'a.

Wayta haasawa taasisanitti qabxiilee armaan gadii hordofuun barbaachisaadha:-

- Nama gara wal tajiitti si affeere erga galateeffatee booda yeroo muraasaaf tasgabbaa'ii fuula gammachuutiin ummata ija keessa ilaali.
- Ofitti amanamuummaa kee dhaggeeffattottatti agarsiisuudhaan odeeffannoo kee haala tasgabbaa'een dhaggeeffattootaaf qooduu/duubbachuu.
- Hordoffii dhaggeeffattoota/hirmaattota waltajjichaa too'achuudhaan ija keessa ilaalaa dubbachuu.
- Haasofni taasifamu bifa mariitiin yoo ta'e hirmattotaaf carraa kennuun gaaffilee isaanii irraa fuudhuu.
- Haasawa sirritti taasisuu (Be eloquent)
- Haala gabaabaa, ciminafi ifa ta'een dhiyeessuu
- Qabxiileen ijoon haasawichaa akkaataa hordoftoota harkisuun dhiyeessuu

- Miira sirrii fi mallattoolee miti jechaa haasawicha deeggaruu danda'an sirriitti fayyadamuu
- Jechoota duraan dubbatame yaadachaa deemuu
- Hasawichi hirmaattota yoo nuffisiisee/jibbisiise hirmaattota qaanessuu osoo hin taane haala isaan tasgabbeessuun danda'uun haasawuu.

Suuraan armaan gadii haala hojii hariiroo hawaasaa keessatti haasawa gaarii taasisuu kan ibsuudha.



3.7.2.4 Haasawa madaaluu (Evaluating the speech)

Haasowni gaariin yoo taasifame dhaggeeffattoota/hirmaattota irraa hamileen gaariin ni argama. Garuu, kana qofatti of dagachuu osoo hin taane haasawa erga taasifteen booda gaaffilee armaan gadii of gaafachuun barbaachisaadha:-

- Waan gaarii maalin hojjadhe? What worked well?
- Waan hamaa maal hojjadhe? (What did not work exactly well?)
- Meeshaalee teknoolojii haalaan fayyadamee? How did the technology perform?
- Haala gaariin jalqabee? (Did I start right?)
- Hordordoffii dhaggeeffattoota/hirmaattotaa argadhee? (Did I get the audience's attention?)
- Haala gaariin xumuree (Did I end well?)

Gaaffilee kanneenii fi kanneen biroo of gaafachuudhaan Haasawa yeroo itti aanuu fooyyessaa deemuun ni danda'ama.

'Black, Sam' (1989) faaydaa haasawa gaarii taasisuun hojii Hariiroo hawaasaa keessatti qabu akka armaan gadiitti ibseera.

A good speech can have a more lasting effect than any other medium of public relations. It is therefore worth a considerable amount of effort to ensure that it is the right speech for the right occasion delivered by the most able orator in his or her best manner and under the most propitious circumstances.

Akka ibsa kanatti, haasofni cimaan/gaariin hojii hariiroo hawaasaa keessatti taasifamu tooraawwan qunnamtii kamiinuu caalaa shoora olaanaa kan qabuudha.

3.7.3 Toorii mirkaneeffannoo Haasawa gaarii (Speech Preparation Checklist)

- ✧ Hirmaattonni eenyu fa'a?
- ✧ Odeeffannoo waa'ee hirmaattotaa akkamiin argadha?

- ✧ Iddoon haasofni itti taasifamuuf jedhu haasawicharratti dhiibbaa akkamii geessuu danda'a?
- ✧ Dhimmoonni addaa xiyyeeffannoo keessa galuu qaban maal fa'a?
- ✧ Kaayyoon haasofni taasifamuuf maali?
 - Odeeffannoo kennuuf?
 - Bashannansiisuuf?
 - Amansiisuuf?
- ✧ Ergaan darbuu wal duraa duubaan akkamitti qindaa'uu qaba?
- ✧ Yeroo haasawa taasisu haala (style) dhuunfaa koo akkamitti fayyadama?
- ✧ Seensa (introduction) gaariin qophaa'eeraa?
- ✧ Qaama haasawichaa ragaalee ykn odeeffannoowwan gara garaatiin deeggareeraa?
 - Wal bira qabuudhaan (comparing and contrast)
 - Fakkeenyota (examples)
 - Dhugaa walii galaa (facts)
 - Lakkoofsoota (satitics)
- ✧ Goolabni haasawichaa haala guduunfuu danda'uun qindaa'ee?
- ✧ Haasawa koo irra deebi'ee ilaalee gulaalee jira?
- ✧ Mata durichi haasofni irratti taasifamuuf jedhu hawataa fi gaariidha?
- ✧ Yeroo haasawa gaggeesse miira koo sirritti fayyadamee jiraa?

3.7.4 Haasawa Amansiisaa (Persuasion)

Haasofni amansiisaan qunnamtii guyyaa guyyaa namootaa keessaa waan hin hafneedha. Innis hojii guyyatti hojjachaa oollu keessatti ofii keenyarraa jalqabnee hanaga namoota biroo amansiisuutti kan fayyadamaa oolluudha. Fakkeenyaaf, Daa'imti tokko meeshaan akkamii bitamuufii akka qaburratti maatii ofii amansiifatti. Hayyoonni garaa garaas haasawa amansiisaa akka armaan gadiitti hiikaniiru.

Persuasion is a “communication to influence choice. And also it is a process that changes attitudes, beliefs, opinions or behaviours.”

Hiika armaan olii keessattis haasawa amansiisaa (persuasion) jechuun, qunnamtii filannoof dhiibbaa uumuudhaaf gaggeeffamuudha. Akkasumas Adeemsa ilaalcha, yaada, amala, bartee tokko jijjiiruuti.

Haasawni amansiisaan kunis faaydaa armaan gadii qaba:-

- Yaada tasgabbeessuuf/jijjiiruuf.
- Yaada duubatti hafa hambisuun ilaalcha sirrii dagaagsuuf
- Yaadota mijaa'oo ta'an itti fuufsisuuf.

Namoota haala fi ilaalcha garagraa qaban amansiisuun waan salphaa miti. Keessumattuu namoonni amansiisuudhaaf itti haasa'amu miira keessa galanii yoo jiraatan haasawa tasgabbeessuu fi amansiisuun baayyee ulfaataadha. Kanaafuu, Ogeessi Hariiroo hawaasaa haasaa isaa keessatti qunnamtii (communication) akkamii gochuu akka qaburratti hubannoo gahaa qabaachuu qaba.

3.7.5 Qunnamtii Haasawa Amansiisuudhaaf gaggeeffamu keessatti dhimmoota irratti xiyyeeffatamuu qaban.

1. Jamaa xiinxaluu (Audience analysis)

Hawaasni ykn namni dhuunfaa kamuu haala fi amala mata ofii qaba. Kunis ilaalchaa, hubannoo, aadaa, duudhaa fi kkf garaa garaa qabaachuu danda'a. Hawaasa Garaagarummaa akkanaa qabu kana gara tokkotti fidanii amansiisuuf ergaan isaan hundaa giddu galeessa

godhate qophaa'uu qaba. Ergaa kana qopheessuufis dursanii hawaasa sana xiinxaluun ykn beekuun barbaachisaadha.

2. Amanamummaa madda odeeffannoo (source credibility)

Ergaan hawaasa amansiisuuf darbuu tokko qaama amanamaa irraa bahuu qaba. Ogummaa hariiroo hawaasaa keessattis ergaan/odeeffannoon hawaasa amansiisuuf darbu dhaabbata tokko keessatti garee muraasa ykn nama dhuunfaa dhimma san itti gaafatamummaa qabu fi odeeffannoon bahu sun kallattiidhaan kan isa ilaallatu ta'uu qaba. Kana yoo ta'e odeeffannichi caalatti amanamaa ta'uudhaan hawaasas amansiisuu danda'a.

3. Fedhii dhuunfaa namootaa (Appeal to Self-Interest)

Namoonni odeeffannoo tokko wayta hordofan fedhii dhuunfaa dhimmoota akka diinagdee isaani fi kanneen biroo ergaa odeeffannicha sana keessa jiruun Walitti hidhuun ilaalu. Wayta hawaasa amansiisuudhaaf ergaa tokko dabarsan fedhiin dhuunfaa namootaa fi akka walii galaatti hawaasicha sanii xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha.

4. Ifa galeessumma Ergaa (Clarity of the Message)

Ergaan hawaasaaf darbuu barbaadame tokko ifa galeessa ta'uu qaba. Yoo kana ta'e salphumatti hubatamuu fi hawaasas amansiisuu danda'a. Ergaa tokko Ifa galeessummaa isa mirkanessuuf gaaffileen armaan gadii murteessoodha:-

- *Ergaan kun namoota ergaan darbuufii haalaan hubatamaa?*
- *Ergaa kana erga hubatanii namoota ergaan kun darbeef irraa maalin barbabaada?*

Walumaagalatti, ergaan hawaasa amansiisuudhaaf darbu kan burjaajessu osoo hin taane, haalaan kan hubatamuu fi galma barbaadame san kan milkeessu ta'uu qaba.

5. Hirmaannaa jamaa (Audience Participation)

Hawaasa tokko ergaa garaa garaa dabarsuudhaan wayta amansiisuuf yaalamutti, hawaasuma sana keessaa namoota dursanii dhimma sana hubatan hirmaachisuudhaan qaama amansiisuudhaaf yaalu cinaa dhaabbachuun akka hirmaatan gochuun barbaachisaadha. Kunis Hawaasni bal'aan namoonni sun isaanuma keessaa bahan waan ta'eef isaan ilaalanii akka hubataniif ykn ergaa sana hubachuudhaan akka ilaalcha ykn yaada isaanii gara barbaadame sanatti jijjiirrataniif gargaara.

6. Qabiyyee fi caasaa ergaa (Content and Structure of Messages)

Ergaan hawaasa tokko amansiisuudhaaf darbu qabiyyee fi haalli inni ittiin qindaa’u murteessaadha. Fakkenyaaf, Ibsaa bal’aa fi Fakkeeniyota garaa garaa fayyadamuu fi qabiyyeen isaa ergaa yaaddame san hundaa qabaachuu isaa mirkaneessuun barbaachisaadha. Kanaafuu, namoonni ergaa hawaasa amansiisuuf darbuu barbaadame barreessaan haala gaariin qindeessuun qabiyyee isaas xiinxaluun barreessuu qabu.

7. Haala amanisiisuun dubbachuu (persuasive speaking)

Hawaasa tokko amansiisuudhaaf wayta fuulleen fuulletti dubbatamu, akkaataan dubbiin ittiin dubbatamus murteessaadha. Akka qorannoowwan garaa garaa mul’isanitti, hawaasa ergaa darbaa jiru sana fudhatee dhaggeeffachutti jiru qaamni amansiisuudhaaf dubbii dubbachaa jiru sun kara kal-tokkee (one sided) ta’een ofuma isaatii yoo itti dubbate bu’a qabeessa kan ta’uudha. Gama biraatiin, Hawaasni sun ergaa san yoo morme, kara dubbiin taasifamu kal-lamee (two-way) ta’uudhaan yaadni hirmaattotaas irraa fuudhamaa yoo deemame dubbichi amansiisuudhaaf gaggeeffamu bu’a qabeessa ta’uu danda’a.

3.7.6 Qajeelfamoota haasawa amansiisaa

Wayta amansiisuudhaaf dubbiin taasifamu sobuu, ragaa qabatama hin taane fi fakkeessuu dhiisuu.

- ✧ Yaada fudhatamaa fi sirrii hin taane qabatuun mormii gaggeessuu dhiisuu.
- ✧ Waan barbaachisummaa hin qabnerratti yaada amansiisaa dhiyeessuuf tattaaffii gochuu dhiisuu.
- ✧ Wan wali hin fakkaannee tokko hordofoonni akka Walitti firoomsanii ilaalaniif gaafachuu dhiisuu.
- ✧ Fedhii dhuunfaa ofii qofa ilaaluun hawaasa burjaajessuuf yaaluu dhiisuu.
- ✧ Haala qindoomina waan tokko dhoksuu fi wal keessa dhahuun hawaasa dogonggorsuuf yaaluu dhiisuu.
- ✧ Dhimma baayyee ulfaataa ta’e tokko salphisani ilaalu dhiisuu.
- ✧ Waan uumamuuf carraan isaa bal’aa ta’e tokko tilmaamuu
- ✧ Waan ofii itti hin amanne tokko qaama biroo amansiisuuf yaaluu dhiisuu.

3.8 Ilaalcha Hawaasaa (public opinion)

Saayinsii hawaasaa keessatti yaadrimeen ilaalcha hawaasaa jedhu isa bal'aa fi hayyoonni garaa garaa hiika garaa garaa kan itti kennaniidha. Isaan armaan gadii Hiikkaawwan ilaalcha Hawaasaa hayyoota garaa garaatiin kennamaniidha.

¹“Public opinion represents the thoughts of any given group of people in a society at any given time towards a given object.”

²It may also be defined as “the collective expression of opinion of many individuals’ opinions on an issue affecting those individuals.”

³ “Public opinion is what most people in a particular public think. It is a collective opinion of what a segment of public think about a specific issue.’ And also “public opinion is a collection of views by persons interested in the subject.”

Akka Hiikkaawwan armaan oliitti, ilaalcha hawaasa (public opinion) jechuun, hubannoo ykn yaada gareen namootaa hawaasa tokko keessatti yeroo murtaa’eef dhimma ta’erratti qabaniidha. Akkasumas, ilaalchi hawaasa Dhimma ta’e irratti walitti qabaa yaada namoota hedduu fi namoota sanarraatti dhiibbaa geessuu danda’urratti yaada kennamuudha.

Gama biraatiin, ilaalcha hawaasaa jechuun, akkaataa Hawaasni murtaa’e tokko dhimma ta’erretti yaaduudha.

Ogeessi Hariiroo hawaasaa ilaalcha hawaasaa irratti hubannoo gadi fageenyaa qabaachuu qaba. Yaada hawaasarratti hubannoo gahaa qabaachuun namoota ilaalcha hawaasaa dursan kanneen akka jaarsota biyyaa fi namoota hawaasa keessatti duree ta’an waliin Walitti dhufeenya gaarii uumuudhaan ergaa dabarsuu fi waan barbaadan yaadas funaanuuf namoota kana fayyadamuudhaan hawaasa qunnamuudhaaf kan gargaaruudha.

Kanaafuu, Ogeessi Hariiroo hawaasaa yaada hawaasaa fayyadamuudhaan karooroowwan qabate keessatti ummata hirmaachisuudhaan karoorichi qabame galma akka gahuuf yeroo hundumaa yaada hawaasaa xiinxalaa deemuun barbaachisaadha.

Qabxiileen armaan gadii qajeelfamoota dhaabbanni tokko haala gaariidhaan ilaalcha hawaasaa xiyyeeffannoo keessa galchaa akka deemuuf gargaaraniidha:-

- Murtee hawaasarraan dhiibbaa gahuu danda'urratti Hawaasni mirga odeeffannoo sirrii argachuutti akka fayyadamu taasisuu.
- Hoggansi dhaabbata hawaasa keessaa fi alaatiif yaad-deebii (feed-back) sirrii fi waaqtawaa kennaa deemu.
- Teknolojiiwwan ammayyaatti fayyadamuudhaan hawaasa bal'aa qunnamuuf yaaluu.
- Haalli tasgabpii fi diinagdee dhaabbata tokkoo ilaalcha hawaasaa irratti waan hundaa'uuf, dhaabbatichi naannawa hojii itti gaggeessutti yaadaa hawaasaa beekuu.

3.8.1 Karaalee ykn malootailaalchi/yaadni ummataa/hawaasa funaanamuun

■ Qaamaan hawaasaa wajjiin wal qunnamuu (Personal contact)

Kunis namoota qaamaan argachuu danda'amu wajjiin wal beellamamee qaamaan wal biratti argamuudhaan ykn wal qunnamuudhaan ilaalcha/yaada Hawaasni waan tokkorratti qabu funaanuudha.

■ Gabaasa dirree (Field reports)

Gabaasa/odeeffannoo dirree kan jedhamu odeeffannoowwan ummata irraa kara komii, qeeqaa, yaadaa, fi kanneen birootiin hawaasa irraa dhufudha.

■ Gabaasa Miidiyaalee (Media reports)

Yaada, yaad-deebii fi kkf hawaasni miidiyaadhaaf kenne miidiyaan yoo gabaase gabaasaalee miidiyaa irraa yaadni/ilaalchi hawaasaa funaanamuu ni danda'ama.

■ **Xalayootaa fi waamicha bilbilaa (letters and telephone calls)**

Odeeffannoowwan garaa garaa fi yaada hawaasaa funaanuudhaaf xalayootaa fi bilbilaan hawaasa qunnamuun ni danda'ama.

■ **Walgahii Hojjattootaa (Staff meeting)**

Wal gahiiwwaan hojjattoota dhaabbata tokko yeroo yerotti gaggeessan irraa yaadni hawaasaa funaanamuu ni danda'a.

■ **Qorannoo (research)**

Kunis qoraannoo itti karoorfamee raawwatamu yoo ta'u, bargaaaffiiwwan garaa garaa qopheessuudhaan namoota hedduuf rabsuun ilaalcha Hawaasni waan tokkorratti qabu beekuun ni danda'ama.

Guduunfaa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti ruqoolee fi caacculeen hariiroo hawaasaa ibsamani jiru. akka hayyoonni garaa garaa hiika kennanitti, Hawaasa jechuun garee namootaa dhimma waliinii ta'e tokkoof fulleen fuulletti wal gahanii yaada isaanii dhiyeessuudhaan dhimmicharratti marii gaggeessaniidha.. Gahee dhaabbata tokko keessatti qaban irratti hundaa'uun Hawaasni Walitti hidhamiinsa (Linkage) Afur qaba. Isaanis:Hidhata dandeessiftuu (Enabling linkage), Hidhata fayyadduu (Functional linkage), Hidhata jaarmiyaa (Normative linkage) fi Hidhata faffaca'aa (Diffused linkages) dha.

Kana malees, haala hubannoo isaanii irratti hundaa'uun hawaasa Hariiroo Hawaasa barfataa (latent public), Hawaasa hubate (Aware public), Miti hawaasa (Non public), Hawaasa si'aawaa (Active public) jennee bakka Afuriiti qoodnee ilaaltee jira. Akkasumas ruqooleen gurguddoon hojii hariiroo hawaasaa kanneen akka:-Hariiroo Miidiyaa, Hariiroo hojjattoota, Hariiroo hawaasaa, Dhimma hawaasaa fi hariiroo Mootummaa, Hariiroo fayyadamtoota fi dhiyeessitootaa, Omisha beeksisuu, Maddaa galii guddisuu, Gorsuu, Qorannoo fi kanneen biroo bal'inaan ibsamani jiru.

Gaaga'ama jechuun waytii ykn yeroo rakkoon tokko uumamee tasgabbiin itti dhabamuudha. Gaaga'amni taatee dhaabbata, ummataa fi Maqaa gaarii Omisha tokko balleessuu fi Dhiibbaa hammaataa geessuu danda'uudha. Gaaga'amni tokko yoo uumamus Sadarkaalee akeekkachiisaa, Sadarka irraa baraaramuu hin danda'amne, Sadarkaa bayyanachuu, Sadarkaa tasgabbaa'uu keessa kan darbuu yoo ta'u innis akaakuuwwan garaa garaa kan qabuudha.

Barreessuun fi haasawa taasisuun hojii hariiroo hawaasaa isaan ijoodha. Odeeffannoon miidiyaaf ergamu (press release) odeeffannoo gabaabaa miidiyaaleen haa tamsaasaniif dhaabbilee irraa barreeffamaan gara miidiyaaletti ergamuudha.

Ogeessi Hariiroo hawaasaa tokko yaada hawaasaa funaanuudhaaf karaalee/maloota akka:- Qaamaan hawaasaa wajjiin wal qunnamuu, Gabaasa dirree, Gabaasa Miidiyaalee, Xalayootaa fi waamicha bilbilaa, Walgahii Hojjattoota, Qorannoo, fi kkf fayadamuu danda'a.

Gaaffilee of madaallii

1. Hojiin Hariiroo Hawaasaa dhaabbilee bu'aaf hin hojjanne keessatti faaydaa akkamii qaba?

2. Faaydaa hojii hariiroo hawaasaatiif barreessuun qabu tarreessi.

3. Odeeffannoon miidiyaaf ergamu haal-dureewwan akkamii guutuu qaba? Bal'inaan ibsi.

4. Hojii hariiroo hawaasaa keessatti Adeemsaalee haasawa gaarii taasisuuf hordofaman walduraa duuba isaaniitiin tarreessii ibsi.

5. Dhimmoota gurguddoo hojii hariiroo hawaasaa keessatti haasofni irratti taasifamu tarreessii ibsi.

Boqonnaa 4

Ogeessoota, Kutaa hojii fi Jaarmiyaalee Hariiroo hawaasaa (Individuals, Departments and Firms in Public Relations)

Seensa

Boqonnaa kana keessatti amala hojii fi dandeettiiwwan garaa garaa ogeessoonni hariiroo hawaasaa qabaachuu qabaniif fi dhimmoota adda addaa irratti gaheen isaan qaban kan baratamaniidha. Akkasumas, haalli caaseffama kutaa Hariiroo Hawaasaa (PR department) dhaabbata tokko maal akka fakkaatuu fi faaydaawwanii fi miidhaawwan kutaa Hariiroo Hawaasaa fi dhaabbilee keessa hojjachuu kan baratamaniidha. Dabalataanis, jaarmiyaaleen hariiroo hawaasaa bebeekkamoo fi tajaajiloonni jaarmiyaaleen kunneen kennan kan ibsamuudha.

Kaayyoo Boqonnaa

Xumura Boqonnaa kanatti barattoonni:-

- Gahoomina ogummaa, dandeettii, ilaalchaa ogeeyyonni hariiroo hawaasaa qabaachuu qaban irratti hubannoo ni argatu.
- Gahee kutaan Hariiroo hawaasaa Dhaabbata tokko keessatti qabu ni hubatu.
- Adeemsa hoggansa keessatti Wantoota kutaa Hariiroo hawaasaarraan dhiibbaa gahuu danda'an ni beeku.
- Akaakuu hojii Hariiroo hawaasaa garaa garaa addaan baasanii ni ibsu.
- Faaydaa fi miidhaawwan garaa garaa kutaa hariiroo hawaasaa Dhaabbata tokko keessa hojjachuun qabu ni hubatu.

4.1 Ogeessota Hariiroo hawaasaa (individuals in PR)

Dur wayta ogummaan Hariiroo hawaasaa baayyee hin baba'anne, namoonni hojii Hariiroo hawaasaa hojjachaa turan namoota dandeettii barreessuu fi hubannoo miidiyaa qaban kanneen akka gabaastotatti hojjachuudhaan muuxannoo qaban ogummicha keessatti akka fooyyeetti ilaalamaa turan. Kanaaf, namoonni baay'een ogummaa gaazexaa fi tamsaasaa Raadiyoo fi TV irratti muuxannoo qaban hojicha hojjachaa turan. Haa ta'uu malee, sababoota armaan gadiitiif ogummaa fi muuxannoo miidiyaa qabaachuun qofti hojii Hariiroo hawaasaa hojjachuuf gahaa miti.

Sababani tokkoffaan, hojii Hariiroo hawaasaa hojjachuuf miidiyaaleen qofti gahaa miti. Dandeettiiwwan barreessuu gabaasuu fi waa'ee miidiyaalee irratti akkuma Gaazexeessitootaa hubannoo qabaachuun ogummaa Hariiroo hawaasaatiif baay'ee barbaachisaa ta'uuyyuu hojjichi hojjatamu miidiyaalee qofa fayyadamuun kan galma gahu waan hin taaneef, Ogeessi hariiroo hawaasaa dandeettii hoggansaa, karoora tarsiima'aa baasuun fi haala Walitti dhufeenya ykn hariiroo qaamota lamaan giddutti cimsuu irratti hubannoo cimaa qabaachuu qaba.

Sababni inni lammaffaan, hojiin miidiyaalee keessatti hojjatamu hojii Hariiroo hawaasaa caalaa muraasa. Kana jechuun namni dhuunfaa/Gaazexeessaan tokko miidiyaa keessatti hojii adda itti ramadamu qofa kan hojjatuudha. Faallaa kanaatiin, Ogeessi hariiroo hawaasaa tokko immoo dhimma dhaabbata sana ilaallatu hundaa fi hawaasa bal'aa keessatti qunnamtiin sirriin akka jiraatuuf yeroo kamuu kan carraaquudha.

4.1.1 Iddoowwan hojiin Hariiroo hawaasaa itti hojjatamu

Hojiin hariiroo hawaasaa iddoowwan garaa garaatti kan barbaachisuudha. Dhaabbileen gurguddoon hojiin isaanii hawaasa wajjiin hojjatan haala gaaridhaan akka deemuuf kutaan Hariiroo hawaasaa (PR department) hojicha kophaatti hojjatu qabaachuu qabu. Isaan armaan gadii iddoowwan gurguddoo hojiin Hariiroo barbaachisuudha.

I. Dhaabbilee gurguddoo (corporation/company)

Kutaan Hariiroo hawaasaa dhaabilee gurguddoo/kubbaniyoota abbootii qabeenyaa hawaasa, xiinxaltoota diingdee dhaabbatichaatiif odeeffannoo sirrii kennuun maqaa gaarii Dhaabbata sanaa ijaaruuf keessatti gahee guddaa taphatu.

II. Dhaabilee bu'aaf/galiif hin hojjanne (Nonprofit organizations)

Dhaabilee bu'aa/galiif hin hojjanne keessatti madda maallaqaa barbaaduuf Qaamolee garaa garaa wajjiin hariiroo gaarii uumuun maallaqa dhaabbanni sun ittiin socho'u maddisisuuf kutaan hojiin Hariiroo hawaasaa gahee guddaa qaba.

III. Mootummaa fi humna waraanaa (Government and the Military)

Hojiin hariiroo hawaasaa mootummaa dhimmoota siyaasaa irratti Aango'oota siyaasaa qunnamuun beeksisaawwan garaa gara mootummaa hojjachuu fi odeeffannoowwan mootummaa fi humna waraanaa hawaasatti himuu fi kkf hojjachuudha.

IV. Dhaabilee barnootaa (education institutions)

Dhaabilee barnootaa gurguddoo keessumattuu kanneen akka Kolleejjii fi Yuniversiitii keessatti caasaalee garaa garaa sadarkaa sadarkaan jiran wajjiin hojiin hariiroo hawaasaa gaariin yoo hojjatame sirni baruu fi barsiisuu, akkasumas haalli walii gala dhaabilee haala si'ataadhaan akka gaggeeffamuuf hojjichi gahee guddaa qaba.

4.2 Dandeettii dhuunfaa ogeessa Hariiroo hawaasaa

Dhaabilee keessatti ogeessoni Hariiroo hawaasaa hojiiileen kophaa garaa garaa itti kennamee hojjatu. Isaan tokko maamiltoota qunnamu, isaan kaan qorannoo akka gaggeessaniif fi isaan biroo immoo Biiroo keessatti hojii akka hojjataniif ramadamu. Hojii kamiinuu akka hojjataniif yoo ramadamanis ogeessoni hariiroo hawaasaa dandeettiiwwan bu'uuraa **AFRAN** armaan gadii qabaachuu qabu:-

4.2.1 Dandeettii barreessuu

Dandeettiin odeeffannoowwan qindeessanii barreessuu hojicha keessatti baay'ee barbaadamaadha. Gama biraatiin, odeeffannoowwan wayta barreeffaman seerlugaa sirrii fi harcaatii qubee malee yoo qindaa'aan ergaa dabarsuu barbaachise san waan haala gaariin dabarsaniif xiyyeeffannoodhaan barreessuun barbaachisaadha. Ergaan tokko yoo bifa burjaajessaa (confusion) uumuun qindaa'ee waan barbaadameef san osoo hin guunne kufa. Kanaafuu, Ogeessi Hariiroo hawaasaa dandeettii barreessuu cimaa qabaachuu qaba.

1. Dandeettii qorannoo gaggeessuu (Research Ability)

Murteewwan hojii Hariiroo hawaasaa keessatti fudhataman hunduu ragaa walii galaa hin mirkanoofneen osoo hin taane, ragaa qulqullaa'aa adda bahee beekamurratti kan hundaa'e ta'uu qaba. Yeroo baay'ee sagantaaleen Hariiroo hawaasaa Dhaabbileen qabatan kan kufaniif, dhaabbatiichi hubannoo fi ilaalcha hawaasa isaa irratti qorannoo/sakatta'a tokko osoo hin gaggeessin waan saganticha hojii irra oolchuuf deemaniif. Kanaafuu, Ogeessi hariiroo hawaasaa tokko dandeettii odeeffannoowwan garaa garaa qaama hawaasaa garaa garaa irraa funaanuudhaan qorannoo isa dhugaa fi qabatama ta'e gaggeessuu qabaachuu qaba.

2. Dandeettii karoora baasuun (planning skill)

Hojii hariiroo hawaasaa keessatti qunnamtiiwwan garaa garaa meeshaalee qunnamtii garaa garaa fayyadamuudhaan kan gaggeeffamaniidha. Meeshaaleen qunnamtii kunneen akkaataa barbaadamanii fi yeroo barbaadamanitti hawaasa bira akka gahan karoorrii sirriin jiraachuu qaba. Namoonni/ kutaan hariiroo hawaasaa Dhaabbata tokkoo yeroo hundumaa qophii ta'uun taateewwan uumamanii fi uumamuu dand'an addaan baasanii irratti karoora sirrii hojitti hiikamuu danda'u karoorsuun hojii milkaa'ina qabu hojjachuu qabu.

3. Dandeettii rakkoo furuu (Problem-Solving Ability)

Maloota ciccimoo fi haaraa uumuun rakkoolee hojii guyyaa guyyaa keessatti mudatan furaa deemuun dandeetti ogeessa Hariiroo hawaasaa irraa barbaadamuudha. Ogeessi Hariiroo hawaasaa rakkoolee mul'atan akkamitti akka furamuu qaban hoggantoota olaano dhaabbata tokkoof kallattii agarsiisuun gahee hojii isarraa eegamu bahaa deemu qaba.

4.3 Gaheewwan hojii ogeessota hariiroo hawaasaa (Hierarchy of Roles in Public Relations Practice)

❖ Ogeessota teknikaa qunnamtii (Communication technicians)

Ogeessota garee kanaa irraa dandeettiin cimaan kan eeggamuu fi hojiilee akka:- odeeffannoo miidiyaaf ergamu (news release) qopheessuu, suuraawwan garaa garaa qindeessuu, waraaqalee odeeffannoo qopheessuu, Marsariitii (website) dhaabbatichaa hojjachuu, barruulee dhaabbatichaan maxxanfaman gulaaluu fi kkf hojjatu. Ogeessonni kun imaammata dhaabbatichaa baasuu keessatti hin hirmaatan.

❖ Ogeessota Hariiroo miidiyaa (Media relations specialists)

Ogeessonni hariiroo miidiyaa ergaawwan dhaabbatichaa ilaalchisanii miidiyaadhan bahan kan hordofanii fi ergaa qindaa'es gara miidiyaa warra erganiidha.

❖ Haala mijeessitoota qunnamtii (Communication facilitator)

Ogeessonni hojii kanarratti bobba'an qunnamtiin kal-lameen hawaasaa fi dhaabbata gidduu akka jiraatu gochuudhaan wal hubannoo waliinii uumuudhaaf kan carraaqaniidha. Wayta dhaabbanni walgahii hawaasa isaa wajjiin gaggeessu hoggantoonni olaanoon dhaabbatichaa yaada hawaasa murteessaa ta'e akka ilaalanii fi rakkoowwan mul'ataniif furmaatawwan garaa garaa kan barbaadaniidha.

❖ Hoggantoota Qunnamtii (Communication managers)

Hoggantoonni qunnamtii kunneen imaammata qunnamtii dhaabbatichaa kan baasanii fi galma gahiinsaa fi kufaatii sagantaa qunnamtii dhaabbatichaatiif itti gaafatamummaa guddaa kan qabaniidha.

Gaafflee ofmadaallii

1. Iddoowwan gurguddoo hojiin hariiroo hawaasaa keessatti hojjatamu tarreessii ibsi.

2. Dandeettiiwwan bu'uuraa Ogeessi Hariiroo hawaasaa qabaachuu qabu ibsi.

3. Gaheewwan hojii ogeessota hariiroo hawaasaa maal fa'a? ttreessii ibsi.

4.4 Kutaa Hariiroo Hawaasaa (Public Relations Departments)

Kutaan Hariiroo hawaasaa kubbaaniyootaa fi Dhaabbilee keessatti gahee fi hojii guddaa kan qabuudha. Yeroo ammaa akkuma dhaabbileen garaa garaa guddachaa jiraniin, hojiin hariiroo hawaasaas kan durii caalaa daran guddachaa jira. Sababni isaas bu'aan hojii kanaa baay'een waan mul'achaa jiruuf. Hoggantoonni dhaabbilee hojii hariiroo hawaasaa irratti hubannoo waan argataniif hojichi karaa kal-lamee ta'een hawaasa dhaabbatichaa isa murteessaa ta'e wajjiin qunnamtiin sirriin akka gaggeeffamuuf deeggaraa jiru. Kun immoo hojichi hamman faaydaa akka qabu kan mul'isuudha.

4.4.1 Dhimmoota gahee kutaa hariiroo hawaasaarratti dhiibbaa geessuu danda'an (Factors Affecting the Role of Public Relations Department)

Hojiin Hariiroo hawaasaa akkaataa dhaabbataa dhaabbataatti garaagarummaa qaba. Haa ta'uu malee, qorannoowwan garaa garaa akka mul'isanitti hojiin Hariiroo hawaasaa dhaabbilee keessatti hojjatamu haala guddinaa fi xiqqeenya (size) fi Akaakuu (type) dhaabailee irratti kan hundaa'u ta'us, hubannoo ogeessota Hariiroo hawaasaa fi hoggantoota dhaabbilee hojii hariiroo hawaasaa irraan dhiibbaa geessuu danda'u. Isaan armaan gadii wantoota hojii kutaa Hariiroo hawaasaarratti dhiibbaa geessuu danda'aniidha.

4.4.1.1 Akaakuu dhaabbatichaa (type of organization)

Dhaabbata haalaan qindaa'ee tasgabbaa'e keessatti karoora tarsoota itti fuufiinsa qabu baasuu fi hojiilee hariiroo hawaasaa biroo hojjachuun isa dhaabbata haaraa gara fulduraatti guddina irra jiru caalaa saalphaadha. Dhaabbanni haaraan reeffu dhaabbate tokko hawaasa wajjiin wal barsiisani hariiroo gaarii gidduu isaa fi hawaasaatti uumuun ni ulfaata. Kanaaf, inni kun immo hojii hariiroo hawaasaa irratti dhiibbaa uumuu danda'a.

Dhaabbilee akaakuu garaa garaa keessatti hojii hariiroo hawaasaa hojjachuun xiyyeeffannoo garaa garaa gaafata. Fakkeenyaaf, hojiin Hariiroo hawaasaa dhaabbilee galii/bu'aaf hin hojjanne keessatti hojjatamu xiyyeeffannoon guddaan kan kennamu amaanaa ykn itti gaafatamummaa hawaasaa bahuuf yoo ta'u, kan dhaabbilee dhuunfaa bu'aaf hojjatan keessatti hojjatamu garuu xiyyeeffannoon guddaan galii/bu'aa maddisiisuuf /argamsiisuuf kennama.

4.4.1.2 Hama dhaabbataa (size of the organization)

Dhaabbilee gurguddoo fi xaxamoo (complex) ta'an keessatti hojiilee hariiroo hawaasaa kanneen akka ibsa Gaazexeessummaa qopheessuu, miidiyaalee qunnamuu, tarsiimoo qunnamtii hawaasaa, dubbii hoggantoonni olaanoon dhiyeessan barreessuu fi kanneen biroo hojjachuun kutaa hariiroo hawaasaatti ni ulfaata.

Faallaa kanaatiin, Dhaabbilee xixiqqaa keessatti hojiilee Hariiroo hawaasaa kanneen akka odeeffannoo miidiyaaf ergamu qopheessuu fi waraqaalee odeeffannoo xixiqqoo garaa garaa qopheessuun salphaadha.

4.4.1.3 Hubannoo hoggantoota olaano (Perceptions of Top Management)

Dhaabbilee hedduu keessatti hoggantoonni olaanoon hojiin hariiroo hawaasaa bal'aa akka ta'e osoo hin hubatin kutaan Hariiroo hawaasaa hojiilee gaazexeessitoonni hojjatan akka hojjatanii fi hariiroo miidiyaa wajjin qabaachuu fi beeksisuu hojjachuu akka qaban qofatti ilaalu. Gama biraatiin, kutaan hariiroo hawaasaa murteewwan dhaabbatichaa garaa garaa keessatti osoo hin hirmaachisin ergaawwan garaa garaa qofa akka qindeessan godhu. Kun immoo kutaan Hariiroo hawaasaa hojii bal'aa osoo hojjachuu qabuu hojiilee muraasa akka hojjatan daangessa.

4.4.1.4 Barnootaa fi dandeetti miseensota kutaa (The Background and Capabilities of Staff)

Dhaabbata tokko keessatti hogganaan olaanaan (Chief Executive Officers (CEOs)) hoggannaa qunnamtii dandeettii qabu ni barbaada. Haa ta'uu malee, hoggantoonni hariiroo hawaasaa baay'een gara ogummichaatti kan dhufan ogummaa Gaazexeessummaa kan barataniin fi muuxannoowwan dhuunfaan argataniin. Isaan kun immoo hubannoo gadi fageenyaa ogummichaa waan hin qabneef hojicha akka hojii kal-tokkeetti jechuunis Walitti dhufeenya miidiyaa wajjiin qofa qabaachuun odeeffannoo hawaasaaf tamsaasuu qofatti ilaalu. Kun immoo kutaan hariiroo hawaasaa hojii isaanii haala barbaadamuun akka hin hojjatamnee dhiibbaa itti uuma.

4.4.1.4 Sadarkaa guddinaa (Development stage)

Hojiin Hariiroo hawaasaa dhaabbata tokkoo haala guddina dhaabbatichi sun irra jirurratti hundaa'uu danda'a. Akka fakkeenyaatti, dhaabbanni daldalaa tokko refuu yoo hundeeffame xiyyeeffannoon jalqabaa dhaabbatichaa guddisuu fi Daldala sana beeksisuudha. Guddini dhaabbatichaa daraan dabalaa yoo dhufe hawaasni bal'aan kanneen akka:- Hojjattootaa, maamiltootaa, dhiyeessitootaa fi kanneen biroo hedduun waan horatamaniif hawaasa kana giddutti Walitti dhufeenyi gaariin jiraatee galmi dhaabbatichi qabate akka milkaa'uuf hojiin hariiroo hawaasaa cimaan hojjatamuu qaba. Akkasumas, dhaabbatichi sadarkaa gahoomuu (maturity stage) irra yoo gahe hojiin hariiroo hawaasaa hedduun kan babal'ataniidha.

Gama biraatiin, dhaabbanni sun osoo hojii isaa hojjachuutti jiru dhimmoota garaa garaatiif guutummaan guututti ykn yeroodhaaf kufuu/hojii dhaabuu danda'a. kufaatis ta'ee hojii wayta dhaabutti dhaabbatichi maqaa garii isaa qabatee akka hojii keessa bahu hojiin hariiroo hawaasaa baay'ee barbaachisaadha.

4.5 Caaseffama kutaa hariiroo hawaasaa dhaabbilee keessatti (Organizational Structure of Public Relations Department)

Kutaan Hariiroo hawaasaa Dhaabbata tokkoo akkaatuma dhaabbata sanaatiin caaseffama garaa garaa qaba. Isaan armaan gadii qoqqoodiinsa gareen hariiroo hawaasaa Dhaabbata tokko keessatti qabuudha:-

- Hariiroo miidiyaa
- Hariiroo investerootaa (dhaabbilee daldalaa fi dhuunfaa keessatti)
- Garee dhimma fayyadamtootaa
- Hariiroo mootummaa
- Garee qunnamtii Daldala beeksisuu (dhaabbilee daldalaa fi dhuunfaa keessatti)
- Hariiroo Hojjattootaa

4.6 Miidhaa fi faaydaa kutaa hariiroo hawaasaa dhaabbata tokko keessa hojjachuu (Advantages and Disadvantages of Working in a Department)

4.6.1 Faaydaa (Advantage)

Namni dhuunfaa tokko wayta miseensa kutaa/garee hariiroo hawaasaa Dhaabbilee gurguddoo tokko ta'ee hojjatu faaydaawwan armaan gadii argachuu danda'a.

- Mindaa gaarii argachuu.
- Tajaajila yaalaa Walitti fuufaa fi Insuraansii fayyaa.
- Garee ogeeyyotaa miiltoo ofii wajjin muuxannoo gaarii horachuu.
- Qabeenya gahaa dhaabbatichaatti haala barbaadamuun fayyadamuu.

4.6.2 Miidhaa (disadvantage)

Miseensa garee/kutaa Hariiroo hawaasaa Dhaabbata tokko ta'anii hojjachuun akkuma faaydaa qabu miidhaawwanis qaba. Isaanis:-

- ❖ Odeeffannoo tokko tamsaasuun duratti qindeessuu fi gulaaluu humna guddaa gaafachuu.
- ❖ Hoggantoonni hojii Hariirroo hawaasaa irratti hubannoo gahaa dhabuu.
- ❖ Garee/kutaa hariiroo hawaasaa xiqqaa karaa ittiin fooyyessniin dhabuu.
- ❖ Hojiilee barbaachisummaan isaanii gadi bu'aa ta'an hojjachuu.

Gaafflee ofmadaallii

1. Barbaachisummaa kutaan hariiroo hawaasaa dhaabbilee keessatti qabu ibsi.

2. Wantootaa hojii kutaa hariiroo hawaasaarran Dhiibbaa geessuu danda'an tarreessii ibsi.

3. Kutaa hariiroo hawaasa caaseffama akkamii qaba? ibsi

4.7 Jaarmiyaa Hariiroo Hawaasaa (Public Relations Firm)

Akkuma jaarmiyaalee biroo jaarmiyaaleen Hariiroo hawaasaas hundaa'anii hojii hariiroo hawaasaa hojjachaa jiru. Jaarmiyaaleen kunneenis dhaabbilee waliin walii galuudhaa

Garee/kutaa hariiroo hawaasaa dhaabbilee wajjiin qindoominaan hojjatu. Dhaabbileen kutaa/garee hariiroo hawaasaa hin qabneefis hojii hariiroo hawaasaa guutuu hojjatu.

Akka fakkeenyaatti, babal'achuu fi beekamtiin dhaabbaileen gurguddoon Ameerikaa Addunyaa kanarratti horachaa dhufan biyya Ameerikaa keessatti jaar-miyaaleen hariiroo hawaasaa hedduun akka hundaa'anii hojii qunnamtii sirrii hojjataniif sababa ta'ee jira. Wantoota jaar-miyaaleen hariiroo hawaasaa hedduun akka hundaa'aniif sababa ta'an keessaa isaan armaan gadii muraasa:-

- Babal'achuu magaalotaa
- Dambiin ittiin bulmaataa baay'een mootummootaan waan bahaniif
- Miidiyaaleen ammaayyaa waan kalaqamaniif
- Daldalli Idila Addunyaa waan babal'ateef
- Fedhiin odeeffannoo argachuu waan dabaleef.

Sababoota kanneenii fi kan birootiif jaar-miyaaleen hedduun hundeeffamanii jiru. Jarmiyaaleen armaan gadii isaan keessaa muraasa:-

4.7.1 Inistitiyuutii Hariiroo Hawaasaa (The Institute of Public Relations)

Inistitiyuutiin kun bara 1948tti biyya Ingliizi keessatti ogeessota Hariiroo hawaasaa dhaabbilee daldalaa dhuunfaa, warshaalee fi mootummaa irraa Walitti babbahaniin hundeeffame. Inistitiyuutiin kun babal'achuu hojii Hariiroo hawaasaa Ingliizi keessatti gahee guddaan kan taphateedha. Kaayyoon Inistitiyuutii kanaas:-

- ✓ Hojiin Hariiroo hawaasaa dhaabbilee daldaalaa, warshaalee, manneen hojii mootummaa, dhaabbilee galii/bu'aaf hin hojjanee kan tajaajila hawaasaa fi kanneen biroo keessatti hojiin Hariiroo hawaasa daran akka cimu gochuu.
- ✓ Miseensonni isaa dandeettii ogummaa cimaa ogummichaaf barbaachisu akka horataniif.

- ✓ Koonfiraansii, wal gahii, mariiwwaan garaa garaa fi kanneen biroo qindeessuun Hawaasni dhimma waliinii irratti akka waliin dubbatu gochuu fi kkf,

4.7.2 Waldaa gorsitoota Hariiroo Hawaasaa (The Public Relations Consultants Association)

Waldaan akka kun waldaa daldalaatti bara 1969tti hundeeffame. Kaayyoon guddaan waldaa kaanaatis:-

- Tajaajila gorsaa hariiroo hawaasaa babal'isuuf
- Haale keenniinsa tajaajila gorsa fooyyessuuf
- Hojii hariiroo hawaasaa irratti namoonni dhuunfaa fi dhaabbilee tajaajila gorsa akka argataniif haala mijeessuuf.

4.7.3 Waldaa Hariiroo Hawaasaa Idila Addunyaa (International Public Relations Association)

Yaadni hojii hariiroo hawaasaa akka addunyaatti hojjachuu kan burqe bara 1949 wayta ogeeyyonni Hariiroo hawaasaa biyya Hoolaandii fi Ingliizi London keessatti wal gahanii haala ogummaa isaanii guddisuu fi guutuu addunyaatti babal'isuu irratti mari'ataniidha. Booda, bara 1950tti biyyaaleen akka U.S Ameerikaa, Noorweey fi Faransaay waldaa kanatti makamuun waldichi koree akka addunyaatti waldaa kana sochoosu hudeesse. Erga waldaan kun akka addunyaatti beekamtii argachaa dhufee bakka buutonni biyyaalee hedduun miseensa ta'uun waldaan kun cime. Imaammatnii fi kaayyoon waldaa kanaas:-

- Ogeessonni hojii hariiroo hawaasaa irratti bobba'an akka addunyaatti jiran ogummaa isaanii irratti muuxannoo wal jijjiiruu.
- Hojiin hariiroo hawaasaa biyyoota hunda keessatti haala si'ataan akka hojjatamuuf hojichi hojjatamu akka idila addunyaatti hundee tokko akka qabaatuuf/wal haa fakkaatuuf.

- Dhimmoota hojii hariiroo hawaasaa gufachiisan irratti mala furmaataa barbaaduuf.
- Hariiroo hawaasaa ilaalchisee maxxansaalee idila adunyaa garaa garaa maxxansiisuuf.
- Hojiin hariiroo hawaasaa akka fooyya'aa deemuuf ogeessonni ogummicharratti bobba'an shoora isaanii akka bahaniif.

4.7.4 Giddu gala Hariiroo Hawaasaa Awurooppaa (European Public Relations Center)

Giddugalli Hariiroo hawaasaa Awurooppaa hojii isaatiin dhaabbta milkaa'aa turee fi biyyoonni Awurooppaa hedduunis miseensa isaati. Innis koree dhaabbii gurguddoo sadi qaba.

Koreen inni tokkoffaan, koree Koonfiransii biyyoolessa waldaa Hariiroo Hawaasaa Awurooppaa (European Conference of National Public Relations Associations (CEDAN) ti. Gaheen koree kanaas hojiilee mirkaneessa miseensummaa fi walii galteewwan naamusa ogummichaa kan hojjatuudha.

Koreen dhaabbii inni lammataa, koree garee qo'attoota hariiroo hawaasaa fi maloota qunnamtii Awurooppaa (European Study Group for Public Relations and Communication Techniques (CEDET) ti. Gaheen koree kanaas, rakkoowwan leenjii fi barnoota ogummaa hariiroo hawaasaa irratti qunnaman qorachuudha.

Koreen dhaabbii inni sadaffaan, koree guddinaa hariiroo hawaasaa (European Committee for the Application and Development of Public Relations (CEDAP)) ti. Koreen kunis dagaanina hojii hariiroo hawaasaa Awurooppaa irratti kan xiyyeeffataudha.

4.8 Tajaajilaawwan jaarmiyaalee Hariiroo Hawaasaa (Public Relations Firms' Services)

Yeroo amma jaarmiyaaleen Hariiroo Hawaasaa tajaajilaawwan armaan gadii kennaa jiru.

- ❖ Qunnamtii Daldala beeksisuu: omishootaa fi tajaajiloota beeksisuu.
- ❖ Leenjii haasawa taasisuu hoggantoota olaanoof kennuu.

- ❖ Qorannoo fi madaallii: ilaalchaa fi hubannoo hawaasaa safaruu/madaaluu.
- ❖ Xiinxala miidiyaa gaggeessuu
- ❖ Hariiroo ummataa
- ❖ Taateewwan garaagraa uumaman hoogganuu
- ❖ Hariiroo mallaqaa
- ❖ Dhimma ummataa fi kkf.

Goolaba Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti hojiin hariiroo hawaasaa iddoowwan garaa garaa keessatti akka hojjatamu fi namni hojii hariiroo hawaasaa hojjatu tokko dandeettiwwan gurguddoo akka: - Barreessuu, qorannoo gaggeessuu, karoora baasuun fi rakkoo furuu qabaachuu akka qabu

ilaallee jirra. Akkasumas, gaheewwan hojii hariiroo hawaasaa keessaa kanneen akka:- Ogeessota teknikaa qunnamtii (Communication technicians) Hoggantoota Qunnamtii (Communication managers) Haala mijeessitoota qunnamtii (Communication facilitator) Ogeessota Hariiroo miidiyaa (Media relations specialists) fi kkf ni jiru.

Gama biraatiin, Dhimmootni garaa garaa gahee Kutaa hariiroo hawaasaa dhaabbata tokko irratti dhiibbaa geessuu danda’anii fi caaseffama kutaan Hariiroo hawaasaa Dhaabbata tokko keessatti qabu fi faaydaa fi miidhaa kutaa Hariiroo hawaasaa Dhaabbata tokko keessa hojjachuun qabus ilaalamee jira.

Dhumarrattis, jaar-miyaalee hariiroo hawaasaa akka Addunyaatti hundeeffaman kanneen akka:- Inistitiyuutii Hariiroo Hawaasaa (The Institute of Public Relations) Waldaa Hariiroo Hawaasaa Idila Addunyaa (International Public Relations Association) Waldaa gorsitoota Hariiroo Hawaasaa (The Public Relations Consultants Association) Giddu gala Hariiroo Hawaasaa Awurooppaa (European Public Relations Center) fa’a Kaayyoo fi hojiin isaanii maal akka ta’ee fi akka walii galaatti tajaajilaawwan jaar-miyaaleen Hariiroo hawaasaa kennan ilaallee jirra.

Gaafflee ofmadaallii

1. Faaydaan jaar-miyaalee Hariiroo hawaasaa maali.

2. Tajaajilaawwan Jaarmiyaaleen Hariiroo hawaasaa kennan maal fa'a.

3. Jaarmiyaalee/dhaabbilee hariiroo hawaasaa hojii hariiroo hawaasaa hojjachuuf hundeeffaman tarreessii hojiilee gurguddoo isaan hojjatanis ibsi.

Boqonnaa 5

Naamusa fi Seera Hariiroo Hawaasaa

(Public Relation Law and Ethics)

Seensa

Ogummaa hundaa haala milkaa'ina qabuun hojjachuuf seeraa fi namuusa isaa kabajuun barbaachisaadha. Ogummaa Hariiroo Hawaasaa haala fooyyee fi milkaa'aa ta'een hojjachuuf namusaa fi Seera ogummicha ilaalchisee hubannoo gahaa qabaachuun dirqama.

Ogummaa Hariiroo hawaasaa keessatti too'annoon karaa lamaan gaggeeffama. Too'annoon inni tokkoffaan isa idileeti. Kunis seera mootummaan ummata isaa tikfachuuf baasu yoo ta'u, inni lammataa isa Al-idilee fi naamusa Ogeessi ykn namni dhuunfaa tokko ogummaa hariiroo hawaasaa hojjachuuf hordofuu qabuudha. Boqonnaa kana keessatti Isaan kunneenii fi kan biroo bal'inaan kan baratamanidha.

Kaayyoo boqonnichaa

Xumura Boqonnaa kanatti barattoonni qabaxiilee armaan gadii ni hubatu:-

- Gahee seerri hojii qunnamtii hawaasaa keessaati ni beeku.
- Namuusa ogummaa hojii hariiroo hawaasaa ni qabaatu.
- Duudhaalee naamusaa hojii hariiroo hawaasaa ni tarreessu.
- Dirqamoota naamusaa ogeessa Hariiroo Hawaasaa irraa eegamu ni bahu.

5.1 Gahee seerri hojii hariiroo hawaasaa keessatti qabu

Hojii hariiroo hawaasaa keessatti seerri gahee akkamii qaba?

Gaaffii kana deebisuuf duraan dursinee dhalli namaa akka maashinii ykn meeshaa waan ajajame qofa hojjachuu akka hin dandeenye hubachuu qabna. Kana jechuunis dhalli namaa Addunyaa yeroo yerotti jijjiiramaa deemu kana keessatti hojii hojjatu keessatti dogoggoroota

garaa garaa osoo hin beekinis ta'ee beekke kan hojjatuudha. Dogoggoroota uumaman kanaanis qaamni biroo miidhamuu danda'a. Ogeessi Hariiroo hawaasaas hojjiilee hojjatu garaa garaatiin hawaasaa fi namoota dhuunfaa miidhuu danda'a. Miidhaa kana hambisuufis haalli too'annoo ykn seerri hojjiin kun hogganamuun jiraachuu qaba.

Ogummaa hariiroo hawaasaa kana hogganuu keessatti seerri gahee armaan gadii qaba:-

- Mirg nama dhuunfaafi hawaasaa tokko ogummaa kanaan akka hin miidhamne eegsisuuf.
- Ogummichi haala ogummaa isaatiin akka hojjatamuuf. Kana jechuunis namoonni tokko tokko hubannoo ogummichaa osoo hin qabne ogummicha wayta hojjatan dogoggoroota garaa garaa uumu. Kana hambisuudhaaf immoo seerri shoora ol'aanaa qaba.
- Mirgi namoota eeggamuun walitti dhufeenyi gaariin akka jiraatuu fi yaadni nama kamiyyuu qixatti akka keessummeeffamu gochuu ta'a. Kanas yoo jedhamu yaadni namoota dhiibbaa tokko malee qixatti yoo keessummeeffame wal hubannoon waliinii akka jiraatuuf gahee guddaa qaba.
- Qajeelfamoota garaa garaa baasuun Ogummichi haalaan babal'ataa akka deemuuf ni gargaara.

5.1.1 Seera Hariiroo Hawaasaa (Public relation law)

Yeroo har'aa ogummaa Haariiroo Hawaasaa keessatti qajeelfamootaa fi dambiiwwan hedduutu jiru. Haa ta'uu malee, qajeelfamoota kana guutumaan guututti osoo hin cabsin hojjachuun baay'ee ulfaataa ta'us qajeelfamoota ogummichaa beekuun barbaachisaadha.

Yaad rimeewwan armaan gadii hanqinaalee hojii Hariiroo Hawaasaa keessattii mul'ataniifi iddoo seerrii fi ogummaan Hariiroo Hawaasaa itti wal agataniidha:-

1.1.1.1 Maqa balleessaa (Defamation)

Maqa balleessaa jechuun wayita odeeffannoowwan sadarkaa nama dhuunfaa ykn dhaabbata tokkoo gadi buusuu danda'an maxxanfaman ykn tamsa'aniidha. Gama biraatiin, maqa balleessaan odeeffannoo fudhatamummaa ykn dhageettii namni tokko hawaasa keessatai qabu gadi buusuudha. Innis karaalee armaan gadiitiin raawwatamuu danda'a:-

A. Maqa balleessaa maxxansaa ykn tamsaasaa (Libel)

Kunis kan uumamu wayita odeeffannoowwan sadarkaa abbaa dhuunfaa ykn Dhaabbata tokko gadi buusan/maqaa gurraachessan maxxanfaman ykn tamsa'aniidha. Ogeessi Hariiroo Hawaasaa tokko ibsa ijannoo, gabaasa waggaa, maxxansaa yeroo yerotti maxxanfaman fi kkf dhugummaan isaanii hin mirkanoofne yoo maxxansiisee odeeffannichi maqa balleessaa of keessaa qaba taanaan mana murtii irratti seeraan gaafatama. Fakkeenyyaaf: Nama tokko suuraa isaa fayyadamtee ibsituun suuraa (caption) yoo waa'ee isaa dhiisee nama biraa kan ibsu ta'e/ Maqaa fi gaheen hojii nama sanii dabsamee yoo barraahee jiraate maqa balleessaadha.

Wantoota maqa balleessaa Maxxansaa /tamsaasaa uumamuu mirkaneessan:-

- Odeeffannoon soba ta'e tokko kara maxxansaa, tamsaasaa fi miidiyaalee elektirooniksii gara garaatiin hawaasaaf yoo tamsa'ee jiraatu.
- Qaamni miidhame/maqa balleessaan irratti raawwatame adda bahuu/beekamuu.
- Sababa maqa balleessa sanaan miidhaan qabatamaa kanneen akka kisaaraa maallaqaa fi kanneen biroo yoo mul'atan.
- Qaamni Maqaa balleesseera jedhamee himatame ragaa ittisaa qabatamaa yoo dhiyeeffachuu baate.

B. Maqaa balleessaa Afaanii (slander)

Akaakuun maqa balleessaa kanaa maqa balleessa karaa Afaaniitiin (oral) ykn jechoota Afaaniitiin raawwatamuudha. Ogeessi Hariiroo Hawaasaa tokko wayta dhimmoota garaa garaa

irratti haasawa taasisu itti yaadees haa ta'uu osoo itti hin yaadne jechoota maqa balleessoo ta'an dubbachuu danda'a. Jechoonni afaan isaatii bahan kun maqa balleessaa ta'anii yoo argaman ogeessichi yakka dalage jechuudha. Kanaafuu, hanqinaalee akkanaa kanneen furuudhaaf Ogeessi Hariiroo Hawaasaa Sadarkaalee haasawa gaarii taasisuuf hordofaman irratti hundaa'ee xiyyeeffannoodhaan hojjachuu qaba.

Karaalee Qaamni maqa balleessaadhaan himatame tokko ittiin himata ofirraa ittisuun:-

- ❖ **Dhugummaa:** Kunis Qaamni miidhamaan/maqaa ana balleessaniiran jedhu ragaa dhugaa ta'e dhiyeeffachuu qaba. Himatni dhiyaate dhugaa yoo hin taane kan kufu ta'a.
- ❖ Maqa balleessummaan jechoota mana murtiitti dhiyaatanii mirkanaa'uu. Yoo jechoota maqa balleessoo hin taane fudhatama hin qaban.

1.1.1.2 Iccitii dhuunfaa baasuu (Invasion of privacy)

Ogeessi Hariiroo Hawaasaa hojiilee hojjatu keessatti fedhii/faayidaa dhuunfaa dhaabbata ofii qofaa eegsisuuf/guutuuf karaalee garaa garaatiin wayita iccitii qaamota biroo baasutu mul'ata. Kun immoo seeraan kan gaafachiisuudha. Karaaleen kunneenis:-

C. Seeraan ala odeeffannoo nama dhuunfaa funaanuu (Intrusion)

Kana jechuunis eeyyama abbichaatiin ala odeeffannoo /iccitii nama dhuunfaa funaanuudha. Innis kan raawwatamu yeroo baay'ee wayta meeshaalee elektirooniksii kanneen akka kaameraafi waraabduu sagalee dhoksaa fayyadamuudhaan odeeffannoo nama dhuunfaa funaanamuudha. Namni dhuunfaa iccitiinsaa eeyyama isaatiin ala/ seeraan ala jalaa bahe/funaaname qaama iccitii isaa baase san himachuudhaan adabsiisuu danda'a.

D. Iccitii nama dhuunfaa hojii daldalaatiif oolchuu (appropriation)

Kunis kan raawwatamu maqaa ykn suuraa nama dhuunfaa eeyyama abbichaatiin ala galii irraa argachuuf dhaadhessa garaa garaatiif hojii irra oolchuudha. Namni dhuunfaa ykn dhaabbanni tokko suuraan ykn maqaan isaa hojii daladala irra akka oolu barbaadu walii galtee qaaama hojii daldalaa san hojjatu wajjiin taasisuu qaba.

E. Mirga abbummaa fi mallattoo daldalaa (copyright and trade mark)

Ogeessonni Hariiroo hawaasaa eeyyama qaama abbummaatiin ala suuraa, barreeffamootaa fi mallattoolee daladalaara garaa garaa fayyadamu. Kun immoo qaama abbummaa irraa qabu wajjiin walii galtee ykn eeyyama yoo hin qabaanne seeraan kan gaafachiisuudha. Kanaafuu, wanta beeksisaa fi dhaadheessaf itti fayyadamuun barbaachise yoo abbummaan isaa kan qaama biroo ta'e eeyyamsiisuun ykn waliigalteedhaan fayyadamuun barbaachisaadha.

Gaaffilee of madaallii

1. Gahee seerri hojii hariiroo hawaasaa keessatti qabu ibsi?

2. Hanqinaalee naamusaa hojii Hariiroo Hawaasaa keessatti mul'atan tarreessii ibsi.

3. Karaaleen iccitiin dhuunfaa bahuun 3 barreessii ibsi.

4. Akaakuu maqa balleessaa hojii Hariiroo hawaasaa keessatti raawwatamu barreessi ibsi.

1.2 Naamusa Hariiroo Hawaasaa (Ethics in public relations)

Ogummaa kamiinuu hojjachuudhaaf akkasumas milkaa'ina hojii ogummicha saniitiif naamusni barbaachisaadha. Hayyoonni hedduun hiika naamusaa (ethics) garaa garaa barreessaniiru.

Hiikni armaan gadiis isa keessaa tokko:-

“Ethics is the branch of philosophy that deals with issues of right and wrong in human affairs. And also it can be described as standard or conduct and behaviour based on moral duties and virtues derived from principles of right and wrong”.

Akka hiika kanaatti, Naamusni damee falaasamaa kan halaa jiruu namootaa keessatti Dhimma tokko sirrii fi dogongora ta'uu isaa kan keessatti ittiin ilaalamuu fi haala ykn amala nama tokkoo wanta dogoggoraa fi sirrii ta'e tokko hojjachuu fi dhiisuu irraa madduudha.

Akkasumas, Hayyoonni garaa garaa barbaachisummaa namusa ogummaa Hariiroo hawaasaa akkanatti ibsanii jiru:-

“Ethical harmony is essential for social stability and social stability is the mission and product of public relations in otherwords strict adherence to ethical principles is key to harmony in human relations.”

Ibsa kana keessattis Ergamni guddaan hojii Hariiroo hawaasaa tasgabbii hawaasaa uumuu waan ta'eef, naamusni gaariin tasgabbii hawaasaa uumuudhaaf daraan barbaachisaadha. Akkasumas, naamusni gaariin yoo jiraate Walitti dhufeenyi/hariiroon gaariin dhala namaa gidduu kan jiraatuudha. Kanaafuu, naamusni hojii hariiroo hawaasaa keessatti baay'ee barbaachisaadha.

Hojiin Hariiroo hawaasaa hawaasa bal'aa gidduutti waan adeemsifamuuf, hojichi hawaasa biratti fudhatamummaa akka qabaatuuf naamusa ogummichaa eeguudhaan xiyyeeffannoodhaan hojjachuun barbaachisaadha. Haa ta'uu malee, ogeeyyoonni Hariiroo Hawaasaa wayta naamusaan ala hojjatantu mul'ata. Hanqinoonni naamusaa armaan gadii ogeessota Hariiroo hawaasaa biratti ni mul'atu:-

- Hogganaa sobuu
- Kennaawwanii fi malaammaltummaa maallaqaa garaagraa fudhachuu
- Dogogorsuudhaaf odeeffannoowwan garaa garaa barreessuu
- Odeeffannoo dhoksuu
- Taateewwan gaaga'ama/balaa/miidhaa geessisan dhoksuu fi kkf

Olusegun (2006) namoota Philip and Fitzpatrick jedhaman waabeffachuudhaan akka ibsutti qabxiileen shanan armaan gadii dirqamoota namusaa ogeessa Hariiroo Hawaasaati:-

A. Ofiif amanamaa ta'u

“Nama feetes sobuuf yoo yaalte, hiriyyaa kee dhugaa/hunda caalchifattu sobuuf hin yaalin/amanamaa ta’iif”. Hiriyyaan kee dhugaa hunda caalchifattu si’uma mata kee waan ta’eef dursa ofii keetiif ofiif amanamaa ta’i”. Kana jechuun, ogeessa Hariiroo Hawaasaa dirqamni isaa duraa ofii isaatiif ofii amanamaa ta’uudha. Kana yoo ta’e hojii itti kenname Itti gaafatamummaa fi amanammuudhaan hojjata.

B. Maamiltootaaf amanamaa ta’uu

Maamiltoonni/hawaasni Hariiroo hawaasaa deeggarsa barbaachisaa ogeessa Hariiroo Hawaasaa irraa argachuu qaba. Kunis deggarsa gorsaa, odeeffannoo fi kanneen biroo ta’uu danda’a. Kanaafuu, Ogeessi Hariiroo Hawaasaa wayita hawaasni deeggarsa isa irraa barbaadu haala namusa qabuun hawwasa hundaa qixatti kessummeessuun fedhiifi yaada isaanii sassaabuun qaama dhimmi ilaalu wajjiin irratti mari’achuun barbaachisaadha.

C. Qaama isa qacareef amanamaa ta’uu

Ogeessi Hariiroo Hawaasaa hojii isaa wayta hojjatu dhaabbata isa qacarateef amanamaa ta’uu qaba. Akkasumas, hoggantoota olaano dhaabata sanaatiif odeeffannoo dhugaa fi sirrii ta’e karaa naamusa eeggateen kennuufiin barbaachisaadha.

D. Ogummichaaf amanamaa ta’uu


Hojjataan tokko ogummaa kamuu haa qabaatuu, ogummaa isaatiif amanamaa ta’uu akka qabu waan wal nama mormisiisuu miti. Ogeessi Hariiroo hawaasaas Ogummaa isaatiif amanamaa ta’uudhaan naamusoota ogummaan isaa barbaadu guutuun yeroo yerotti fooyya’iisa gaarii ogummicha keessatti agarsiisaa demuuf dirqama qaba.

E. Miidiyaadhaaf amanamaa ta’uu


Ogeessi Hariiroo Hawaasaa hariiroo cimaa miidiyaa waliin qabaachuu qaba. Hojiin Hariiroo hawaasa hojii hawaasa bal’aa gidduutti adeemsifamu waan ta’eef miidiyaan ala guutumatti galma gahuu hin danda’u. Kana jechuun Miidiyaan hojii Hariiroo Hawaasaa guutumatti sochoosaa osoo hin taane odeeffannoowwan kara Hariiroo hawaasaatiin ummata bira gahan

yoo miidiyaadhaan ta'e hawaasa bal'aa bira gahuu danda'u waan ta'eef miidiyaan wantoota milkaa'ina hojii Hariiroo hawaasaatiif shoora guddaa taphatan keessaa isa tokkoodha.

Kanaafuu, Ogeessi Hariiroo Hawaasaa odeeffannoowwan dhugaa fi sirrii ta'an miidiyaaleef erguun hawaasa bira akka gahu gochuuf dirqama qaba. Kana keessaati odeeffannoo dhugummaan isaa hin mirkanoofne/soba/sirrii hin taane miidiyaadhaan yoo darbe awaasni miidiyaa sana akka jibbu taasisa waan ta'eef, odeeffannoowwan miidiyaadhaaf kennaman dhugummaa fi sirruummaa isaa sirritti xiinxalamuu qaba.



Miidiyaaf amanamuu



Fakkii: 5. Dirqamoota naamusaa ogeessaa
Hariiroo Hawaasaa

Gaaffilee of madaallii

1. Naamusa jechuun maal akka ta'e ibsi?

2. Gahee naamusni hojii Hariiroo hawaasaa keessatti qabu ibsi.

3. Dirqamoota naamusaa ogeessa hariiroo hawaasaa tarreessii ibsi.

5.3 Bu’uuraalee Naamusa Hariiroo hawaasaa (the pillars of public relations ethics)

5.3.1 Dhugaa dubbachuu (To tell the truth)

Namni guutummaan guututti sobee hin beekne Addunyaa kana irra ni jira jechuun rakkisaadha. Sababni isaas yeroo tokko dhugaa dubbachaa, yeroo biraa sobaa jiraachuun haaluma jiruu fi jireenya dhala namaa waan ta'eef. Kanaaf, namni tokko guutummaan guututti jiruu koo keessatti sobee hin beeku jechuu hin danda'u. Haa ta'uu malee, sadarkaan sobuu kanaas akkaatuma miidhaa xiqqaa fi guddaa geessuu danda'uun garaagarummaa qaba. Fakkeenyaaf, sobni namni dhuunfaa tokko hiriya isaa dhimma salphaa tokkorratti sobee bira darbuu fi sobni Ogeessi/namni ogummaa isaatiin hawaasa tajaajilu tokko hawaasa sobu miidhaan inni geessuu fi ulfaatinni isaa garaagara.

Qunnamtiin hojii Hariiroo Hawaasaa keessatti gaggeeffamu hawaasa bal'aa qunnamuudhaaf tooraawwan garaa garaa kan fayyadamnuudha. Tooraawwan kannneen fayyadamnee odeeffannoon hawaasa sobuudhaaf baasnu tokko hawaasa bal'aa bira waan gahuuf miidhaa guddaan geessuu danda'a. Kanaafuu, hojii hariiroo hawaasaa keessatti dhugaa dubbachuun odeeffannoo dhugummaa qabu hawaasaaf dabarsuun dirqama. Dhugummaan/dhugaa dubbachuu wantoota amala gaarii dagaagsan/guddisan keessaa isa tokkoodha.

5.3.2 Miidhaa dhaqqabsiisuu dhiisuu (To do no harm)

Miidhaa dhaqqabsiisuu dhiisuun bu'uuraalee naamusaa Hojii Hariiroo hawaasaa keessaa baay'ee barbaachisaa fi isa tokko. Kutaan/Ogeessi hariiroo hawaasaa tokko murtee tokko murteessuun duratti miidhaa inni geessuu danda'u xiinxaluun barbaachisaadha. Kana keessatti gaaffii murteen murtaa'uuf jedhu kun eenyu miidhuu danda'a? jedhu akka ilaalamuuf fayyada. Wanti miidhaa geessu murtee yeroo tokko qofatti murtaa'u qofaa waan hin taaneef, Kutaan ykn Ogeessi hariiroo hawaasaa hojii Hariiroo hawaasa hojjatu guutuu keessatti waan miidhaa geessu hojjachuu hin qaban.

Murtee naamusa eeggate murteessuudhaaf gaaffilee armaan gadii of gaafachuun barbaachisaadha:-

- Murteen kun dhugaa irratti kan hundaa'ee?

- Haqa qabeessaa fi qaamota dhimmi ilaallatu hundaa xiyyeeffannoo keessa kan galchee?
- Gaarummaa kan qabuu fi Walitti dhufeenya gaarii fiduu danda'aa?
- Qaamota dhimmi ilaallatu hundaa fayyadamoo taasisuu danda'aa?

Gama biraatiin Ogeessi Hariiroo hawaasaa murtee tokko fudhachuuf dhimmoonni armaan gadii yeroo baayyee kan isa rakkisaniidha:-

- Fedha hawaasaa
- Fedhii Hojjattootaa
- Dambii ittiin bulmaata dhaabbatichaa
- Duudhaa dhuunfaa isaa

Hojii Hariiroo hawaasaa hojjatamu keessatti miidhaan beekaas ta'ee osoo hin beekin waan raawwatamuuf, miidhaan gahu kun akka hanqina naamusaatti waan ilaalamuuf hojicha xiyyeeffannaadhaan hojjachuun barbaachisaadha

5.3.3 Aaga hojjachuu (to do Good)

Waan gaarii hojjachuu jechuun gama biraatiin miidhaa hambisuudha. Waanti gaariin akka hojjatamuuf wantoota nu dandeessisan hordofuun barbaachisaadha. Waan gaarii/Aaga hojjachuunis murtee sirrii akka fudhannuuf waan gargaaruuf Kutaan/Ogeessi Hariiroo hawaasaa hamma danda'ameen miidhaa hambisuudhaan waan gaarii/Aaga hojjachuu qaba.

5.3.4 Iccitii eeguu (to respect privacy)

Qunnamtii hojii Hariiroo hawaasaa gaggeeffamu keessatti odeeffannoo iccitiin isaa eegamu qabu eeguun barbaachisaadha. Haa ta'uu malee, dhimmi kun akka salphaatti ilaalamuun yeroo tokko tokko mirga hawaasani tokko odeeffannoo barbaadu argachuuf qaburratti xiyyeeffatamee gaazexeessitoonni ogeessa hariiroo hawaasaa irraa wayta odeeffannoo iccitiin

isaa eegamu qabu funaantu mul'ata. Kun immoo kallattiinis ta'ee, al kallattiin qaama/nama iccitiin isaa jalaa bahe san miidhuu danda'a.

Adeemsa qunnamtii hawaasa bal'aa keessatti yeroo hundumaa dhugaa dubbachuu fi icciti dhuunfaa eeguurratti wal dhabdeen ni mul'ata. Kanaafuu, Ogeessi hariiroo hawaasaa murtee naamusa eeggate fudhachuudhaan yaadato lamaan kana Walitti araarsuun karaa madaalawaa ta'een odeeffannoo hawaasaaf ifoomsamuu qabu fi kan iccitiin isaa eeggamuu qabu addaan baasee dhiyeessuu qaba.

5.3.5 Haqummaafi Itti gaafatamummaa hawaasaa (fairness and social responsibility)

Hojii hariiroo hawaasaa keessatti wayita murtee tokko murteessinu namootaa fi hawaasa akka walii galatti kabajuun hojichi haala haqa qabeessaan akka hojjatamuuf gargaara. Sababa kanaaf murteen hojii hariiroo hawaasaa keessatti gaggeeffamu haala namootaa fi hawaasa hundaa ilaalcha keessa galcheen karaa haqa qabeessaa fi itti gaafatamummaa qabuun ta'uu qaba.

5.4 Duudhaalee naamusaa Hariiroo Hawaasaa (Ethical values of Public Relations)

Duudhaaleen garaagraa kanneen akka duudhaa ogummaa, hawaasaa, nama dhuunfaa, biyya fi kanneen biroo hedduutu jiru. Haa ta'uu malee, isaan armaan gadii duudhaalee naamusaa hojii Hariiroo hawaasaa keessatti barbaachisanii fi namni kamuu hordofuu qabuudha:-

- ❖ **Amanamummaa (honesty):** yeroo hundumaa dhugaa dubbachuudhaan namoota, hawaasaa, maamiltootaaaf fi kanneen birootiif amanamaa ta'uun hariiroon gaariin akka jiraatu gochuu.
- ❖ **Dhugaaf dhaabachuu (Integrity):** yeroo hundumaa dhugaaf dhaabachuudhaan miidhaa hambisuu.
- ❖ **Waadaa guutuu (Promise-keeping):** waadaa hawaasaaf galame tokko guutuudhaan wal amantummaan hawaasaaf dhaabbata gidduu akka jiraatu gochuu.

- ✧ **Haqummaa (Fairness):** Hawaasa keessatti qaama isa tokko fayyadaa isa biraa miidhaa ykn fedhii dhaabbataa qofarratti xiyyeeffachuudhaan hawaasa akka walii galatti miidhuu osoo hin taane dhaabbanni tokko hojii hojjatu karaa haqa qabeessa isaa fi hawaasaa fayyadamaa taasisuun deemuu qaba.
- ✧ **Qaama birootiif dhimmamuu(Caring for others):** faaydaa ofii qofa ilaalu osoo hin taane namoota dhuunfaas ta'ee hawaasa ofitiif dhaabbanni tokko dhimmamuu qaba.
- ✧ **Qaama biroo kabajuu (Respect for others):** Hawaasa keessatti fudhatamummaan fi hariiroo ykn Walitti dhufeenya gaarii uumuuf Ogeessi hariiroo hawaasaa hojjataa dhuunfaa fi hawaasaa dhaabbata isaa akka walii galatti haala kabajaa qabuun keessummeessuun waliin hojjachuu qaba.
- ✧ **Ittigaafatamummaa lammummaa (Responsible citizenship):** Ogeessi Hariiroo Hawaasaadirqama lammummaa biyya guutuu fi seeraa fi dambii ittiin bulmaata biyya kabajuun hawaasa wajjiin jiruu gaarii dabarsuu. Lammawwan dirqama lammummaa baahuu danda'an horachuu.
- ✧ **Itti gaafatamummaa (Responsibility):** iddoo hojiitti seerri fi dambiiin ittiin bulmaata yoo cabe sodaa malee qaama seera cabse sanatti dubbachuun akka qajeelu gochuu.

5.5. Naamusa Hariiroo Hawaasaafi ogummaa (public relation ethics and Professional code of conduct)

Dhaabbileen Hariiroo hawaasaa garaa garaa hundeeffaman dagaaginaa fi milkaa'ina ogummichaatiif namusaa fi dambii ittiin bulmaata ogummichaa baasanii ogeessonnii hariiroo hawaasa fi miseensonni isaanii akka ittiin hogganaman godhanii jiru. Isaan keessaa muraasni armaan gadiitti tarreeffamaniiru:-

5.5.1. Hawaasa Hariiroo Hawaasaa Ameerikaa (public relation society of America)

Hawaasni Hariiroo hawaasa Ameerikaa miseensonni isaa hojii Hariiroo hawaasaa haala si'ataa fi bifa naamusa qabuun akka hojjataniif dambiiwwan ittiin bulmaataa armaan gadii baasee jira:-

- Miseensi isaa hunduu ogummicha wayta hojjatan haala fedha hawaasaa irratti hundaa'een ta'uu qaba.
- Miseensi hunduu hojii isaanii keessatti dhugummaa fi miira itti gaafatamummaa gaariidhaan maamiltoota fi qaama isaan qacareef hojii itti ramadaman hojjachuun dirqama itti kenname bahuun sirna bulchiinsa gaarii diriirsuu qabu.
- Miseensi isaa bifa haqa qabeessa ta'een maamiltoota duraaniis ta'ee kan ammaa fi kan gara fulduraa horataman karaa wal qixa ta'een yaada isaanii keessummeessuu qabu.
- Miseensonni isaa hundi hojii hariiroo hawaasaa hojjatan keessatti loogii malee dhugummaa fi sirrummaa cimsuun qeeqaa fi komiiwwan garaa garaa hawaasa irraa ka'an hambisuu qabu.
- Miseensi isaa odeeffannoowwan hawaasa dogoggorsuu danda'an tamsaasuu hin qaban. Odeeffannoowwan dogoggora qaban sirreessuudhaaf itti gaafatamummaa qabu.

Qunnamtii fi odeeffannoowwan tamsaasuu ilaalchisee:

- Ogeessonni qunnamtii wayta hojicha hojjatan ogummaa isaaniitiif kabaja kennuun qunnamtii dhugummaa qabu fi waytii isaa eeggate gaggeessuu qabu.
- Ogeessonni qunnamtii odeeffannoo itti fayyadaman tokko yoo kan isaanii hin taane qaama ykn nama dhuunfaa odeeffannoo san baase wabeeffachuu qabu.

Amala ilaalchisee:-

- Ogeessonni hariiroo hawaasaa hojii qunnamtii wayta hojjatan amala gaarii qabaachuu kan qabani fi miira itti gaafatamummaatiin akkaataa dambii/labsii ittiin bulmaata ogummichaatiin hojjachuu qabu. Kana gochuufis seerota ogummichaa akka idila Adduyaatti, biyyattii fi naannawa isaan hojii itti hojjatan sanatti jiru ilaalu qabu. Keessumattuu seerota mallattoo daldalaa (trade mark), mirga abbummaa (copyright), fi maqa balleessaa maxxansaa ykn tamsaasaa (libel) ilaalchisee labsiiwwan akkamii akka bahanii jiran xiinxaluu qabu.
- Ogeessonni hariiroo hawaasaa hojii qunnamtii wayta hojjatan karaa naamusa hin qabnee fi seera qabeessa hin taaneen hojjachuu hin qaban. Kanaafuu, yeroo hundumaa hojii isaanii haala dhugummaa fi haqa qabeessa ta'een raawwachuun barbaachisaadha.

Iccitii eeguu/Ifoomsuu Ilaalchisee (Confidentiality/Disclosure):

- Ogeessonni hariiroo hawaasaa hojii isaanii keessatti odeeffannoo iccitii isaa eeguun barbaachise kan namoota dhuunfaa, maamiltootaa, dhaabbataa fi kanneen biroo eeguu qabu. Odeeffannoo Dhimma tokko Hawaasni beekuu barbaadu tokko qaama odeeffannoon sun jalaa bahu akka miidhu fi miidhuu hin dandeenye wajjiin mari'achuun odeeffannicha tamsaasuu ykn dhiisuudha. Jechunis qaamni tokko odeeffannoon isaa akka tamsa'u yoo eeyyame, odeeffannicha tamsaasuu, yoo miidhamuu danda'a jedhee dide odeeffannicha san akka iccitiitti qabuufin barbaachisaadha. Haa ta'uu malee, yeroo baay'ee odeeffannoo baay'ee barbaachisaa ta'ee Hawaasni beekuu barbaadu tokko akka iccitiitti qabuun ogeessota Hariiroo Hawaasaa ni rakkisa. Kun immoo Ogeessota Hariiroo hawaasaa dhimma akkanaa kana Walitti araarsuu irratti dandeettii ofitti amanuu fi murtee muerteessuu cimaa kan isaan gaafatuudha.
- Ogeessonni Hariiroo hawaasaa faaydaa dhuunfaa isaaniitiif ykn namoota birootiif jecha odeeffannoo ifoomsamuu qabu tokko akka iccitiitti qabuu hin qaban.

5.1.2 Institiyuutii Hariiroo Hawaasaa Biriitish (British Institute of Public Relations (BIPRS))

Institiyuutii Hariiroo Hawaasaa Biriitish dambii/labsii ittiin bulmaataa hojii hariiroo hawaasaa keeyyata heddu qabu baasee ogeessonni/miseensonni ogummichaa akka ittiin hogganaman godhee jira. Isaan keessaa keeyyattni muraasni armaan gaditti tarreeffamanii jiru.

Keeyyata 1^{ffaa}: Ogeessonni/miseensonni ogummichaa hojii isaanii fedha hawaasaa irratti hundaa’uun hojjachuu fi namummaa nama dhuunfaas kabajuu qabu. Ogeessi tokko dirqama ogummaa isaa kan bahu yoo namoota hundaa’ija tokkoon keessummeessee fi tajaajila wal fakkaataa haqa qabeessaa ta’e kenneefidha.

Keeyyata 2^{ffaa}: Ogeessonni/miseensonni ogummichaa osoo beekanii ykn xiyyeeffannoon ala hojjachuudhaan odeeffannoo sirrii hin taane tokko tamsaasuu hin qaban. Kanaafuu, odeeffannoo tokko tamsaasuun duratti dogoggoroota sirreessuu sirrummaan odeeffannicha sirreessuu qabu.

Keeyyata 3^{ffaa}: Ogeessonni/miseensonni ogummichaa wayta odeeffannoo tamsaasanitti wantoota toorota qunnamtii gufachiisuu/dabsuu danda’an irraa goruu qabu.

Keeyyata 5^{ffaa}: Ogeessonni/miseensonni ogummichaa odeeffannoo iccitiin isaa eeggamuu qabu tokko haala addaatiin yoo mana murtii irraa ajajni itti bahe malee ifoomsuu hin qaban.

Cuunfaa Boqonnaa

Boqonnaa kana keessatti gahee seerri hojii Hariiroo Hawaasaa keessatti qabuu fi hojicha hojjachuudhaaf naamusni akkamii hojjattoota hojii Hariiroo hawaasaa hojjatan irraa akka eegamus ilaaltee jirra. Mirgi namootaa kabajamuun yaadni nama hundaa qixatti akka keessummeeffamu gochuu, Mirgi nama dhuunfaa fi hawaasaa tokko ogummichaan akka hin miidhamne gochuu fi Qajeelfamoota garaa garaa baasuun Ogummichi haalaan babal’ataa akka deemuu gochuu keessatti seerri gahee guddaan taphatee jira. Akkasumas, hanqinaaleen

naamusaa kanneen akka:- Mirga abbummaa fi mallattoo daldalaa qaama biroo eeyyamaan ala fayydamuu, Iccitii dhuunfaa baasuun fi Maqa balleessaan iddoowwan seerrii fi hojiin Hariiroo hawaasaa itti wal argataniidha.

Ogeessi Hariiroo Hawaasaa tokko ogummicha haala naamusa qabuun hojjachuudhaaf Ofiif, qaama isa qacareef, maamiltootaaf, miidiyaaf, ogummaa ofiitiif amanamaa ta'uu qaba. Akkasumas bu'uuraaleen naamusaa kanneen akka Dhugaa dubbachuu, Miidhaa geessuu dhiisuu, Waan gaarii hojjachuu, Iccitii eeguu, Haqummaa fi Itti gaafatamummaa hawaasaa qabuun lafee dugdaa naamusa ogummichaati.

Gama biraatiin duudhaaleen naamusaa akka: Amanamummaa, Waadaa guutuu, Haqummaa, Qaama birootiif dhimmamuu, Qaama birootiif kabaja kennuuf, Itti gaafatamummaa lammummaa fi kkf isaan Ogeessoni Hariiroo hawaasaa hordofuu qabaniidha.

Dhaabbileen Hariiroo hawaasaa garaa garaa hundeeffaman dagaagina fi milkaa'ina ogummichaatiif namusaa fi dambii ittiin bulmaata ogummichaa baasanii ogeessonii hariiroo hawaasa fi miseensonni isaanii akka irttiin hogganaman godhanii jiru. Isaan keessaa dambii ittiin bulmaata Institiyuutii Hariiroo Hawaasaa Biriitish (British Institute of Public Relations (BIPRS) fi Hawaasa Hariiroo Hawaasaa Ameerikaa (public relation society of America) ilaallee jirra.

Gaaffilee of madaallii

1. Hanqinaalee naamusaa hojii Hariiroo Hawaasaa keessatti mul'atan tarreessii ibsi.

2. Bu'uuraalee Naamusa Hariiroo hawaasaa tarreessii ibsi.

3. Akaakuu maqa balleessaa hojii Hariiroo hawaasaa keessatti raawwatamu barreessi ibsi.

4. Duudhaaleen naamusa Hariiroo hawaasaa maal fa'a?

Wabiilee (References)

Alison Theaker. (2002). **Public Relation Hand book**. 2nd edition. Taylor & Francis e-Library

Anne Gregory (2010). **Planning and Managing Public Relations Campaigns. a strategic approach.**

(3rd)Kogan Page. Pentonville Road. London

Black, Sam (1989). **Introduction to Public Relations**. London: Modino Press Ltd.

Cutlip, S., Center, A., & Broom, G. (1985). **Effective Public Relations** (6th ed.). Englewood Cliffs, NJ: Prentice-Hall.

- Danny et al. (2000) **Perspectives on Public Relations Research** Routledge 11 New Fetter Lane, London
- Grunig, J.E., and Hunt, T. (1984). **Managing Public Relations**. Fort Worth: Holt, Rinehart and Winston.
- John Foster (2001). **Effective public relation writing**. (2nd ed.) Kogan Page Limited. Pentonville Road 22 Broad Street. London
- Kieran Knights (2001). **Strategic planning in public relations. A practical guide**. Thorogood. Rivington Street, London.
- Komisarjevsky et al. (2001). **The Art of Public Relations**. Aspatore Books, Inc.
- Merry Shelburne. (2003). **Effective public relation: A practical Approach**. 2nd edition. Dreamtech press. New Delhi, India
- Ojomo W. Olusegun. (2006). **Principles and practices of public relations**. Logos. National Open University of Nigeria, Victoria Island.
- Patricia J. Parsons (2008) **Ethics in Public Relations (2nd ed.)** Kogan Page Limited. London and Philadelphia.
- Robert L. Dilenschneider (2010) **The Ama handbook of public relations**. Library of Congress Cataloging. United States of America.
- Seitel, Fraser P. (2000). **The Practice of Public Relations**. 8th ed. Prentice Hall. University of Stirling, Stirling.
- Tom Watson and Paul Noble, (2005). **Evaluating public relation**. Kogan Page Limited. London.
- Thomas H. Bivins (2004). **Mixed media. Moral Distinctions in Advertising, Public Relation and Journalism**. New Jersey